# QAACCESSA SIRNA HAMMACHIISAA QAALLUU GIIFTII DINQITUUTIIN RAAWWATAMU

**ABABAA LAMMAA CARAANAA**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA SIRNA HAMMACHIISAA QAALLUU GIIFTII DINQITUUTIIN RAAWWATAMU

**ABABAA LAMMAA CARAANAA**

**GORSAAN: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIHAATE**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**YUUNVARSIITII FINFINNEN**

**SAGANTAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) **Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii** barsiisuutiin guuttachuuf **Ababa Lammaatiin**, mata-duree: **Qaaccessa Sirna Hammachiisaa Qaalluu Aanaa Ada'aa Giiftii Dinqituun Raawwatamu** irratti qophaa'ee sadarkaaYuunvarsiitiin kaa'een guutee kan dhiyaate**.**

## Koree Qormaataa

**Qoraa Alaa**____________________________ **Mallattoo**__________ **Guyyaa**____________

**Qoraa Keessaa**_________________________ **Mallattoo**__________ **Guyyaa** ___________

**Gorsaa** _______________________________ **Mallattoo** _________ **Guyyaa**____________

---

**Itti Gaafatamaa Muummee yookaan Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa(MA)**

# *Axereeraa*

*Qorannoon kuni, Qaaccessa Sirna Hammachiisaa Qaalluu Aanaa Ada'aa Giiftii Dinqituutiin Raawwatamu irratti kan xiyyeeffateedha.Ka'umsifi kaayyoon qorannoo kanaa mataduree kana jalatti maqaan Oromoofi Oromummaa ibsu, aadaan, seenaan, safuun waaqeffattootafi qaalluun Oromoo Nafxanyootafi kanneen birootiin dhiibbamee badaa waan turee qoratamee barreeffamaan qaaccessee olkaa'uufi dhaloonni akka irraa baratu taasisuudha.Qaalluun beekaafi riqicha uumaafi uummamaa ta'ee tajaajila hedduu qaba.Maqaan ibsituu eenyummaa saba tokkoo yoo ta'u,sirna hammuutiin kan kennamu Oromoofi Oromummaa darbees aadaafi seenaa waliin walqabatee falaasama saba Oromoo kan calaqqisiisu ta'uu isaa raagaa dhugaafi amansiisaa ta'een deeggaramee ibsameera. Odeeffannoon qorannoo kanaa madda ragaa 1[ffaa] maanguddoolii Oromoo naannoo sanaafi madda ragaa 2[ffaa] barruuwwan adda addaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, iddaattoon qorannoo kanaas mala akkayyoofi darbaa dabarsaa ta'uu isaa ibsameera.Akkasumas malleen funaansa ragaa qorannoo kanaa afgaaffii, daawwannaafi marii garee waan ta'eef, haalli sirni hammachiisaa itti raawwatamu tartiiban malleen qorannoo kanneenin qindeeffamee qoodamuun qaacceffamaniiru. Dabalataan sirni hammachiisaa yoomeessa mataa isaa kan qabuu yoo ta'u, miira bultee ayyaanaafi ayyaantuwwanii kan eegudha.Fakkoommifi fookiloorii sirna hammuu keessa jiran marti ibsamaniiru.Kunis falaasama hawaasa naannoo sanaan jaalatameefi labata waa barsiisudha. Nafxanyoonni amantaa, aadaa, safuufi sirna hammachisaa maqaa Oromoofi Oromummaa ibsu jibbanii dhiibuun masaraa Qaallichaa/Qaallitti gubanii bataskaanfi maskiidaa Oromiyaa keessatti ijaaraa turaniiru.Haalli kun dhala Oromoo Oromummaa himatuufi ibsatu irratti rakkoo cimaa ta'aa waan dhufeef falli isaa sirna Hammachiisaafi Gubbisaa fakkoomifi fookiloorii isaa waliin uummanni Oromoo jabeessee eeggachuufi dagaagsuu qabu.Qaalluun qulqulluu riqichaa uumaaafi uummamaati waan ta'ee jibbamuu hinqabu.Maqaalee dur abaabileen baasaa turan daa'ima ofiitif baasuufi kan amantii biraa keessa jiru ammoo baasufii dhiisuu qabu.Namni dhiigaan Oromoo ta'ee maqaa alagaatiin waammamu karaa seeratiin Bu'uura Seera Hariiroo Hawaasaa Keewwata 43 (afurtamii-sadi) tiin ofirraa galchuun kan ofiitiin waammamuu qaba yaanni jedhu qabatamaafi amansiisaa ta'ee mul'ateera.*

## Galata

Hunda dura mul’anniifi dhamaatiin koo akka fiixa bahuuf waraqaa qorannoo barnoota digirii $2^{ffaa}$ (MA) koo mata duree kana irratti akkan hojjadhuuf kan naaf mirkaneesse Muummee Afaan Oromoo Yuunvarsiitii Finfinneefi gorsaa koo kan ta’an Dr.Mulugeetaa Nagaasaa guddaa haa galatoomaan. Itti aansuun namoota waajjira adda addaa keessaafi baadiyaa keessa taa’anii osoo hinnuffin odeeffannoo qorannoo kanaaf naaf kennaa turan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.Dhumarrattis,maatiifi firoottan koo kanneen barnoota kana akkan baradhu nakakaasanii hamilee naaf keennaa turaniifi deeggarsa gama hundaan naaf taasisaa turan hundaaf galanni koo dachaadhan haa ta’uuf!

## Baafata

Qabiyyee Fuula

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Baafata ........ iii
Hiika Jechootaa/Jibsoo ........ vi
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1 Seen Duubee Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........ 7
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 12
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 12
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 12
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 12
1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 13
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 13
1.7 Odeeffannoo AanaaQorannichi Itti Adeemsifamuu ........ 14
1.7.1 Haala Teessuma Lafaafi QilleensaAanichaa ........ 14
1.7.2 Haala Diinagdee Aanichaa ........ 15
1.7.3 Baayyina Uummata Aanichaa ........ 15
1.7.4 Akaakuwwan Aadaa Aanicha Keessa Jiruu ........ 15
BOQONNAA LAMA : SAKATTA’A BARRUU ........ 21
2.1 Maqaa ........ 21
2.2 Qaama Maqaa Baasu ........ 24
2.2.1 Maatii Daa’immanii ........ 25
2.2.2 Torban Jilaa ........ 26
2.2.3 Qaalluu ........ 27
2.3 Akaakuu Haala Maqaa Baasuu ........ 30
2.3.1 Moggaasafi Gubbisa ........ 30

2.3.2 Maqaa Baasuu/Hammachiisaa ........ 31
2.4 Haala Maqaan Oromoo Maqaa Biraatti Jijjiirramee ........ 33
2.5 Miidhaa Maqaa Alagaan Waamamuun Qabu ........ 35
2.6 Akkaataa Maqaa Hambaa Hambisuu ........ 35
2.7 Ergaa Maqaa Hambaa Ofirraa Hambisuu ........ 36
2.8 Faayidaa Aadaa Maqaa Baasu Dagaagsuun Qabu ........ 37
2.9 Dhiibbaa Amantiifi Siyaasni Aadaa Maqaa Baasu Irratti Qabu ........ 37
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO ........ 39
3.1. Mala Qorannichaa ........ 39
3.2. Filannaa Iddoo Qorannoo ........ 39
3.3. Mala Filannoo Iddattoo Qorannichaa ........ 40
3.4. Maloota Odeeffannoo Funaanuu ........ 41
3.4.1. Daawwannaa ........ 42
3.4.2. Af-gaaffii ........ 43
3.4.3. Marii Garee ........ 44
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 44
3.6. Muuxxannoo Dirree Aloolaa ........ 45
BOQONNAA AFUR: XINXALA RAGAALEE ........ 47
4.1 Hiikaafi Haala Dhufaatii Qaalluu Giiftii Dinqituu ........ 47
4.2 Haala Ijaarsa (Boca) Masaraa Qaalluu Giiftii Dinqituu ........ 48
4.3 Sirna Kabaja Ayyaana Giiftii Dinqituu ........ 50
4.4 Tajaajila Qaalluun Hawaasaaf Kennu ........ 51
4.4.1 Wareega ........ 52
4.4.2 Hammachiisaa ........ 54
4.5 Guyyaa Hammachiisaan Itti Adeemsifamu ........ 55
4.6 Qaama Sirna Hammuu Raawwatu ........ 55
4.7 Haalduree Warri Daa’imaa Hammachiisaaf Guutuu Qaban ........ 56
4.8 Cubbuurraa Bilisa Ta’uu ........ 59
4.9 Adeemsa Sirna Hammachiisaa ........ 61

4.9.1 Bara Gadaa Keessa Kan Dhalataniif: .......... 72
4.9.2 Bara Waraanni Injifannoo Gonfate Keessa Dhalataniif: .......... 73
4.9.3 Warra Osoo Daa'ima Hinhoratin Turanii Wareegan Da'aniif: .......... 73
4.9.4 Gaafa Ayyaanaa Kan Dhalataniif: .......... 74
4.9.5 Sanyiinisaanii Akka Dheeratuu Yommuu Hawwaniif: .......... 74
4.9.6 Yeroo Daa'imti Dhalattu Jireenya Dansaa Keessa Jiraataniif: .......... 75
4.9.7 Yaadaafi Abdii Isaanii Waaqa Bira Kaayachuu Agarsiisuuf: .......... 76
4.9.8 Abdiifi Yaadasaanii Irraa Godhachuu Agarsiisuuf: .......... 76
4.9.9 Yeroo Abbaan Manaafi Haati Manaa Waldhabaa Turanitti Kan Dhalataniif: .......... 77
4.9.10 Waktii Birraa Yeroo Jiidhifi Margi Jiru Daa'ima Dhalataniif Maqaan Ba'u: .......... 77
4.9.11 Carraa Yookiin Milkii Gaarii Ta'uu Ibsuuf: .......... 79
4.9.12 Waa Xiiqeffachuufi Dhiibbaa Jiru Agarsiisan: .......... 79
4.9.13 Kanneen Guddina Hawwanii Jireenyaa Isaanii Moo'achuu Tattaafatan: .......... 79
4.9.14 Namoota Seera Hammuu Cabsan: .......... 79
4.10 Haala Yeroo Ammaa Sirna Hammachiisaa .......... 82
BOQONNAA SHAN: YAADA GUDUUNFAAFI FURMAATAA .......... 83
5.1 Yaada Guduunfaa/Argannoo .......... 83
5.2. Yaada Furmaataa/Yaboo .......... 85
Wabiilee .......... 87
Dabalee A: Gabatee maqaa maanguddoolii qorattuuf odeeffannoo kennaa turan ibsu .......... 89
Dabalee B : Gaaffilee Afgaaffii dhunfaan Namoota Adda Addaaf Dhiyaatan .......... 90
Dabalee C: Gaaffilee Afgaaffii Marii Garee Maanguddootaaf Dhiyaatan .......... 92

**Hiika Jechootaa/Jibsoo**

Ayyaantuu- nama qaalluu baatu/ofirra qabu,baattooo ayyaanaa

Buqqula-farsoo geeshoo malee qophaa'u/naqamu

Caasaa – nama quxusuu, maandhaa, eegoo ta'e dhiiras ta'ee dhalaa

Dhibba nuuf taraari - adabbii nuuf hir'isi/xiqqeessi

Dhibba sikiise - yakkamaa ta'uu amanuu,dhiifama gaafachuu

Diroo- sanyii/dhala gaarii

Finna - daa'ima xiqqoo reefu dhalatte

Furda - utubaa,dashoo,baaxii manaa kan baatu

Galma – masaraa bal'aa kan bulteen qaalluu keessatti daa'ima hammachiifatan

Gululaata –faayya guutuu manaarratti argamu

Hammachiisaa – sirna qaalluun daa'imaaf maqaa Oromoo ta'e eebban baasu

Hanburuu - duubatti hambisuu

Irbaata Waaqaa - marqaa jaaloo

Jaarsa galoo - jaarsolii qe'ee ayyaanaatti tajaajilan

Jabboo - dubartii galmaa marqaa jaaloo qopheessituufi sirna muudaa raawwattu

Jamaa - ummata/warra sirnarratti argaman

Korma - nama hangafa ta'e dhiiras ta'ee dhalaa

Kudha arfii - torban lama/bultii kudha afur

Laguu - gachaa hin raawwatamne,kan irra ofabbooman

Marqaa Jaaloo - marqaa jaartiin galmaa gaafa ammuu qopheessitu

Mirrisuu – hurruubuu

Mutaa - sibiila deessuun rifeensatti suuqqattu

Noolee - namoota ayyaanatti bulaniifi akka ayyaanni ayyaanturra dhufu faarsan

Qaallicha - abbaa ayyaanaa

Qaallittii - haadha ayyaanaa

Qalaaxee - nama ayyaantuufi abbootii dhimmaa walquunnamsiisu

Qulqullummaa - seera ammuu kan eege

Qumbii - gosa mukaa urgaa'u

Sabbata - wayaa qallaa dubartiin/deessuun mudhiin hidhattu

Saqalaa - teessuma ayyaantuu

Shantamaan si jalaa ka'e - yakka raawwatameef dhiifama gaafachuu

Shantam bayeessa – daa'ima dhiiraa hammuuf geessan

Shantam bayeettii - daa'ima dubraa hammuuf geessan Shiggiree - qarabaa

Silliqii - daakuu deessuun gaafa ammuu warra qaalluun dhaqxu

Suga - eebba jedhamu

Torbii - furdatti / utubaatti torba naanna'uu

Ulumaa - yeroo ammuu keessa jiran

Wagii – ammuu

Warra Raasaa-warra gajafan/dalagan

Warra ujubaa - warra namni jalaa boqote

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seen Duubee Qorannichaa

Aadaan mallattoofi calaqqisiistuu eenyummaa saba tokkoo isa olaanaadha. Innis kan sabni tokko maalummaa isaa, amantaa isaa, akkaataa/haala jiruufi jireenyaa isaafi seenaa isaa ittiin calaqqisiisudha. Yaada kana Hundasaan (2013:15) yoo ibsu,“*Saboonni addunyaa kanarra jiran hunduu kan adda baasee maalummaa isaanii ibsu aadaafi afaan waan jajjabaa dhalootatti daddarbaa dhufeedha.”*Yaanni kun sabni hunduu aadaafi afaan kan qabaniifi eenyummaa ofii ittiin ibsatani akka hin banneef ammoo dhala ofii dhaalachisaa akka turan kan hubachiisudha.Kanaaf,taateewwan hawaasni tokko jireenya isaa keessatti adeemsisu: haalli nyaataa,haalli uffannaa,haalli gammachuu,haalli gaddaa,haalli fuudhafi heerumaa,haalli eebbaa,haalli araaraafi kan kana fakkaatan hundi isaa mallattoo aadaa saba tokkooti.Sababni isaas, aadaan haala jireenyaa,hambaa sochoo’ufi dhaabbatu kan labata irraa labatatti darbaa dhufe,calaqqisiisaa eenyummaa,sadarkaa dagaaginaafi teekinoolojii sabni tokko irra yookaan keessa jiruufi itti tajaajilamaa jiru kan calaqqisiisu isa guddaa dha.Yaada kana ilaachisee, Warquun, (2001:175) haalaan yoo ibsu, “*Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti.Akkasumas, maalummaa amantaa,maalummaa jireenyafi falaasama isaa kan ittiin ibsatuudha*.”jedha.Dabalataanis,haaluma walfakkaatuun maalummaa aadaa ilaalchisee, Fiixeen (2013:262) haala armaan gadii kanaan ibsee jira;

> *Sabni tokkos saboota biroorraa kan inni ittiin addaan ba’u: aadaa, seenaa, hooda, safuu ittiin beekkamu qabaachuu isaati. Namni tokko qomoon koo kana jechuu qofaan eenyummaa isaa hinmirkaneessu. Gumaacha inni aadaa sabichaa keessatti qabutu dhugoomuu qaba.Kanamalees, aadaan saba tokkoo haalajiruufi jireenya ummatichaa kan calaqqisiisuufi seenaasaa kan mul’isuudha.Wanti ilmi namaa lafa kanarratti akka dhuunfattis ta’ee gareen jiruufijireenyasaa keessatti dubbatuufi raawwatu eenyummaafi maalummaa isaa calaqqisiisa. Aadaan haala jireenyaafi gocha hawaasaa kan inni guyyyaa guyyaatti raawwatu kan calaqqisiisuudha.*

Yaanni kungabaabumatti taateen namni kamiyyuu dhuunfanis ta’ee gareedhan jiruufi jireenya isaa keessatti hawaasa keessa jiraatu san keessatti yeroo hunda raawwatu hundi eenyummaa nama sanaa kan ibsuufi aadaa ta’ee baramuu isaa kan nubachiisudha.

Uummanni Oromoo kan ittiin beekkamu keessaa aadaan isa tokko yoo ta'u, firiiwwan aadaa kan ta'an sirni waaqeffannaa sirni siinqee, gosoonni nyaataa, sirni aadaa maqaa baasuufi kan kana fakkaatan maalummaa isaa kan ibsaniidha.Yaada kana ilaalchisee Warquun (2001:175) haala kanaan ibsa. "*Aadaan uummata Oromoo baay'ee bal'aafi jireenya uummataa kan calaqqisiisu waan ta'eef eenyummaa isaati.Kanas, Willian D (1989:164) wabeeffachuun 'Calture is the total way of life of society*.*Therfore*,*any human activity is cultural."'*jedha. Kunis gochaan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa geggeessuu keessatti raawwatu hundi aadaa hawaasa yookaan uummata sanaa ta'ee too kan saba sana ibsu ta'uu isaa nuhubachiisa. Kanaaf,gochoonni aadaafi sirnoonni Oromoon raawwatanii kabajatanhundi eenyummaa Oromummaa kan ibsu ta'uun isaa nama kamiyyuu hinshakkisiisu.

Qorannoon kunis sirna maqaa baasuu/hammachiisaa irratti haalaan kan xiyyeeffateedha. Aadaawwan maqaa baasuu /hammachiisaa Oromoonni Oromummaa isaanii daran/sirriitti ittiin ibsatan: Moggaasa, Gubbisaafi Hammachiisadha.Moggaasni maqaa namaafi wantootaaf ba'u yoo ta'u,kunis maqaa dhalootaafi maqaalaguuti.Yaada kana ilaalchisee galaalchi Kallacha Oromiyaa (2006:5) lakkoofsi 27 haala armaan gadii kanaan ibsa;

> *Maqaan dhalootaa sirna daa'imman reefu dhalataniif maqaa baasuu yoo ta'u,maqaan laguu ammo namoota safuuf maqaa walii lagatanii kan biraa walii baasuun ittiin walwaamani. Fakkeenyaf,waarsaadhaaf Abbaa Ulfinaa,Abbaa ijoollee maqaa ilma hangafaatiin waamuu, abbaafi haati ilmaa maqaa niitii ilmaa waamuu dhiisuu faa'a.*jedha.

Kuni sabni Oromoo safuu guddaa kan qabuufi safuu isaanii kabajuudhan jiruufi jireenya isaanii keessatti jaalalaafi kabaja waliif qaban akkasumas,eenyummaa isaanii ittiin waliif ibsuuf walwaamaa turaniifi jiran ta'uu isaa nuhubachiisudha.

Gama biraatiin ammoo,Asafaan (2000:19) gubbaatti maalummaa moggaasaa ilaalchisee yoo ibsu,*Moggaasni sirna maqbaasa ilmaan maandhaa/quxusuufi dubraati*,*Gubbisni jila/sirna maqaa baasuu ilma hangafaati*.jechuun ibsa.Haaluma walfakkaatu maalummaa Gubbisaa ilaalchseeWaaqumaan (2002:12) yoo ibsu, *Gubbisni sirna maqaa baasa Boornaa kan turban jilaa namoota hangafummaa filatan: Diiggalu keessaa Nuurituu nama tokko ; Karrayyuu keessaa tokko,Maxaarrii gaadullaa,abbaa jilaa, haadha jilaafi qadadduu lameen (Qadaddichaafi Qadaddittii) dhan ilma hangafaaf maqaan ba'u*,

jechuudhan eera. Kunis aadaa maalummaa Oromoo ibsuun gabbisu keessaa isa tokko kan ta'eedha.

Maqaa baasuun/hammuun ammoo sirna qaalluun daa'imman reefu dhalataniif maqaa baasuudha.Kunis,jaatanii mataa isaa kan qabu yoo ta'u, namoonni bal'inaan kan itti tajaajilamaa turaniidha.Maalummaa hammuu qaalluun raawwatuu ilaalchisee Hundasaan (2013:16) gubbaatti haala armaan gadii kanaan ibsa;

> *Hammachiisaan sirna daa'ima Galma Gimbii Qaalluu gosaa bira geessanii maqaa baasisuu yookaan kennisiisuu yookaan maqaa ba'e eebbisiisuuti.Hammachiisaan sirna waaqeffannaa kan mucaa dhalate tokko gara abbaa ayyaanatti yookaan haadha ayyaantuutti geessanii eebbisiisaniidha.Kunis,luba(ayyaantuu)sanatti geessanii akka daa'ima sana haammatee eebbisu gochuudha*.jechuudhan ibsa.

Haala kanaan hammachiisaan sirna daa'ima dhalatte gara mana warra ayyaantutti yookoon masaraa qaallichaa yookaan qaallittii geessanii akka maqaa haaraa baasuuf/baastufi eebbisu/eebbistu taasisuun aadaa sanabaasiisuuti.Adeemsa kana keessatti qaalluun ammoo, ayyaana waaqni qaallichi yookaan qaallittiin akka riqichaatti namaafi waaqa akka walquunnamsiisaniif kennameedha.Icciitii uumaa uummamaa kan hiikaniidha.Yaada rimee kana ilaalchisee Waldaan Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006:278) haala armaan gadii kanaan ibsa;

> *Qaalluun yookaan Qaallittiin ammoo Waayyuu utubaa waaqeffannaa ta'an keessaa isa tokko.Qaalluun waayyuu dhiira uummamaan ayyaana waaqaa,isa waan waaqaa hiikee ibsu gonfateedha.Qaallittiin immoo waayyuu nadhoo yookaan dubartii uummamaan ayyaana waaqaa isa waan waaqaa hiiktee ibsitu gonfatteedha.Namoonni akkanaa kunneen uummamaan fedhiifi seera waaqaa hiikuufi ibsuuf waaqaan muudamanii dhalatan ayyaantuu dha.*

Yaadni kunis namni ayyaana/qaalluu qabu uumamaan uumaan icciitii akka hiikuuf namoota hedduu keessaa muraasaf beekumsa kana kan kenneef ta'uu isaa nuhubachiisa.Kana waan ta'eef, Qaalluun beekumsa beekamtummaa waaqaa kana karaa dhalootaa qofa kan argatuufi waliin kan dhalatu ta'a jechuudha.Kana jechuun qaallummaan kennaa ayyaana waaqaa kan labataa labatatti darbuudha.Carraan ayyantummaa kun abbaa irraa ilmattifi intalatti yookaan haadha irraa ilmatti yookaan intalatti kan darbuu danda'uudha.Kunis qaallicha yookaan qaalittii ta'uuf dirqama

maatiin ofii qaalluu qabaachuu qabu.Osoo abbaa yookaan haati ayyaana ofirraa qabanuu ayyaanni kun ilma yookaan intalarratti darbuu hindanda'u. Innis kan darbuu danda'u gaafa abbaafi haati lubbuudhan boqotan qofa. Wayyuun maatii yookaan fira aantee keessaa nama waan akka cubbuufi yakka irraa bilisaafi qulqulluu ta'eedha. Kanatu waaqaan ayyaantummaaf filatama. Akkasumas, qaallicha yookaan qaallittii ta'uuf dirqama hangafa ta'uun hinmurteessu.Kan filee muudu waaqa waan ta'eef qaallicha yookaan qaallitti ta'uuf sanyii warra qaalluu ta'uun garuu murteessadha.Yaada kana ilaalchisee Tarruun (2015/6409:60) yommuu ibsu akkas jedha;

> *Ayyaantummaan warra ayyaantuu hidda dhalootatiin daddarba malee guyyaa keessa akka tasaa kan argamuu miti. Dhaloota qulqullummaa ofii eeggatu keessatti dabaree dabareedhan dhaloota irraa dhalootatti kan darbu yoo ta'u,dhaloota qulqullummaa ofii hin eegganne keessatti ammoo ayyaanni diroo dabareen dabraa dhufe dhaabbachuu mala*.jechuudhan ibsa.

Akka amantii waaqeffannatti qaalluun afaan, beekumsa, mallattoo, falaasamaafi ogummaa dhuunfaa isaa kan qabuudha.Ogummaan kunis barumsaan kan argamuu miti.Kennaa waaqaati. Kennaan kun ayyaana waaqatiin kan nama gulummeeffatuudha. Kanaaf, kennaan waaqni qaalluuf kenne namni biraa akka laayyotti baruu hindanda'u.Icciitiin isaa qaalluu sanaafi qaalluu biraatiif yoo ta'e malee nama biraatiif hingalu.Nama biraatiif wanti hingalleefi hinhiikkamne ammoo qaalluudhaaf nigala/nihubatama.Qaalluun wiirtuu amantii waaqeffannaati. Qaalluun kennaa waaqni isaaf kenneen waan waaqaa namaaf hiikuu, nama hubachiisuufi namatti debbatee qajeelchudha.Kennaan kunis akka qaallichi/qaallittiin dubbii dhokataa waaqaa nama biraatiitti agarsiisan isaan godha.Sababa kanaaf,qaalluun beekaa amantii waaqeffannaati. Yaada kana ilaalchisee Gumiin Waaqeffannaa Addunyaa, (2018:60) irratti yoo ibsu,*Qaalluun kennaa afuura/ayyaana Waaqni isaaf kenneen,dubbii Waaqaa namaaf ibsuu,namaaf hiikuu fi namatti dubbachuu danda'a. Kanaaf,Qaalluun mataa Amantii Waaqeeffannati jechuudha*.jedhee kaa'a. Yaadni kunis raga dhugummaa qaalluun beekaafi qajeelchaa isa olaanaa waaqeffattootaa ta'uu isaa waan eeruuf dhugaan kan hubatamuudha.

Dabalataan akka amantii waaqeffannatti daa'imman dhalatan guddatanii abdii sabaafi biyyaa akka ta'an taasisuun hojii guddaa isa olaanaa jedhamee amanama.Dhimma kanaaf

xiyyeeffannaan hammana hinjedhamnne waan laattamuuf daa'imman erga dhalatanii akka seerafi aadaatti guddatanii waan mara akka arganiif jecha kan ayyantuu eebbisiisan. Akkasumas,daa'imti dhalattee hineebbifamne hinguddattu; guddattus ammoo hinoofkaltu yookaan mudoo godhatti jedhamee barame.Ayyaantunis dhimma kana dursee waan beekuuf ijoollee waaqeffattootaa haammatee, maqaabaasefii eebbisee gosaafi lammiitti akka makaman taasisa. Kana booda daa'imman sunnama gosaafi lammii ta'u.Waan kana ta'eef aadaan sabni Oromoo daa'imman isaatiif maqaa itti baasufi Oromummaa isaanii ittiin ibsatan xiyyeeffannaadhan beekuufi dhimma itti bahuun baayyee barbaachisaadha.Maqaan haala kanaanqaalluudhaanbahu aadaa keessaa hinbahu jedhamee kan beekkamuufi amanamuudha.

Maqaan ibsituu eenyummaa namaafi saba tokkoo waan ta'eef,sabni Oromoo akka aadaa isaatti dur maqaa eenyummaa isaanii ibsuufi namoota saba biraa ta'an irraa adda baaseeittiin wal beekufi beekkaman ibsu kan qabaniidha. Maqaan kun ammoo gama beekaafi qajeelchaa ganamaa kan ta'e qaalluu Oromootiin kan kennamuudha.Qaalluun Oromoo akkaataa duudhaafi amantaa Oromootiin maqaa eenyummaa sabichaa ibsu daa'imaaf laata.Yaada kana ilaalchisee Waaqumaan (2002:10) haala armaan gadii kanaan yoo ibsu;.

> *Namni kamiyyuu yeroo daa'ummaa irraa kaasee maqaa dhuunfaa isaa kan nama dhibii irraa ittiin adda bahee waammamu niqaba.Maqaan kunis eenyummaa nama sanaa kan ibsuudha.Keessattuu maqaan dur qaalluun dhala Oromootiif baasee Oromoonittiin wal-waamaa tureiddoo guddaakan qabuudha.Maqaan kun ammoo eenyummaa, aadaa, seenaa, safuu, qaroominaa,falaasamaa Oromootiin waan walqabatuuf haala naannoo isaanii keessaa osoo hinbahin maqaa Oromoo ta'e callaa daa'ima sanaaf kan kennamu yoo ta'u,waan jireenya isaanii keesssatti fedhaa turaniifi jiran, carraa isaan quunnamaa ture,haala jiruu keessa jiraachaa jiraniifi kkf kan calaqqisiisudha* jedha.

Yaadni kunis qaalluun dur yeroo yoomin isaa hin beekkamne kaasee daayima waaqeffattoota isaa ta'aniif maqaa Oromoo ta'e qofa kan eenyummaa isaanii ibsubaasafii kan tureefi maqichis sadarkaa qaroomina uummanni Oromoo irra ture kan ibsuufi jiruufi jireenya isaanii waliin kan walqabatu ta'uu isaa nuhubachiisa.

Haata'u malee,naannoo Oromiyaa keessatti waan armaan olitti ibsame kana kan faallessu, maqaan Oromummaa hinibsineOromoota hedduutti moggaafamee eenyummaa ofii ibsachuu irratti mamii cimaa keessa galchaa kan dhufe ta'ee mul'ata. Kunis, sababa ta'eef qaba.Akkuma eenyumtuu beeku eenyummaa Oromoo balleessuf dhibbaan siyaasaa darbeefi amantiin adda addaa hanga har'atti damee isaa Oromiyaa keesssatti yeroodhaa gara yerootti babal'achaa dhufuu irraa kan ka'esirni Oromoonni akka aadaa isaanitti daa'imman isaanitiif maqaa eenyummaa isaanii calaqqisiisu baasan kan akka Hammachiisaa aadaan yeroon irra darbe fakkaatee dhofkamaa jira.Kanarraa kan ka'e naannoo Oromiyaa keessatti maqaan adda addaa saba Oromoo hinibsine lafaafi namoota Oromoo tanitti maxxanfamanii jiru.Kun ammoo, eenyummaa ofii ibsachuu irratti rakkoo hamaa ta'ee jira.Kanaaf jecha namoonni Oromoo ta'an maqaa isaan hinibsine ofirraa qaban jibbanii kan abbaa, darbees kan akaakayyuu isaanii kan ibsatan nimul'atu. Yaada kana ilaalchisee Gumiin Waaqeffannaa Oromoo(6411:84) yoo ibsu,

> *Maqaan Oromummaa hinibsine sirna nafxanyaa keessa lafaafi namoota Oromoo ta'anitti maxxanfamaa turan yeroo ammaa kana keessa namoota eenyummaafi aadaa ofii baraniin qeeqqamee ofirraa deebisaatii kan jiran yoo ta'u,maqaan abbaa isaanii yoo maqaa alagaa san ta'e barreeffama keessatti gabaajeedhaan katabanii maqaa akaakayyuu isaanii Oromummaa ibsu guutanii katabachaa jiru.Kana gochuunis maalummaan maqaa maal akka ta'eefi aadaan sirna maqaa Oromoo baasu akka dagaaguu qabu dhaloota barsiisuu keessatti taliiga olaanaa qaba*.jechuudhan haalaan ibsa.

Yaanni kuni namoonni Oromoo ta'anii maqaa alagaa ofirraa qaban maqicha jibbuudhan ofirraa gataa jiraniifi isa eenyummaa isaanii ibsuun waammamuufi barreeffachuuf dirqaman aadaafi maqaan ofii eenyummaa ofii daran ibsuu akka danda'uu hubannoo akka qaban hubachiisa.Kanaafuu,kunuunsifi hubannoon aadaa maqaa baasuu cimsuufi tursiisuu yoo hintaasifamne dhaloonni boruu eenyummaa ofii ibsachuu irratti akka rakkataniifi fedhii malee kan alagaatiin dirqamanii akka turuu danda'an hubachuun rakkisaa miti.Aadaa maqaa baasuu Oromoo naannoo Oromiyaa keessatti baramaa ta'an keessaa sirni hammachiisaa warreen hubannoo hinqabneen akka waan tuffatamaatti kan ilaallamuudha.Kunis warreen aantummaan aadaafi duudhaa hawaasaa itti hindhagamneen kan sakaallamaa ture ta'uu isaati.Kanarraa kan ka'e aadaan maqaa baasuu naannoo Oromiyaa keessatti yeroodhaa gara yerootti hir'achaa deemudhaan har'a gahee

jira.Kanaaf,qorannoon kun gama biraatiin dhaloota haaraa quuqqama eenyummaa ofii ibsatan daran itti dhaga'amaa dhufeefi haguuggii cunqursaa yookaan dhiibbaa amantaa alagaa seeraan mulqachaa jiran kan cimsuudha.Akkasumas,warreen aadaafi eenyummaa isaanii dagatan ammoo barsiisuun dhala isaanii qeeqa kana jalaa akka baasan kantaasisuudha.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Woggoottan baayyee darban keessatti Oromoonni mirga aadaafi eenyummaa isaanii dagaagsuu jaarraa tokkoofi walakkaadhaa oliif gita bittaa warra nafxanyootaa yookaan Habashootatiin dhabanii akka turan sabni Oromoo hundi nibeeka.Afaan Oromootiin dubbachuun hafee, afaan gita bittootatiin/habashaatiin dubbachuu dirqamanii turan.Aadaa ofii guddisuun hafee aadaa nafxanyootaa guddisuun daran babal'atee ture.Maqaa eenyummaa/maalummaa Oromummaa kan ibsu sirni Hammachiisaafi Gubbisaa sirna siyaasa Habashootaa,sirna amanii Ortodoksii,sirna amantii Musiliimotaafi sirna amantii Perotestaantiitiin waggaa dheeraaf kan badeefi ammas badaa jiruudha.Hidda dhaloota Oromoofi Oromummaa jibbisiisuu,wallaalchisuufi hadheessun akka abidda saafa'aa babal'achaa tureedha.Kanarraa kan ka'e, aadaan waaqeffannaa sabni Oromoo ittiin walbarsiisufi walirraa baru,gosoonni fookiloorii sirna hammuu keessajiru dagatamuun, sirnoonni qaalluun adeemsifamu galmi sirni waaqeffannaan itti gaggeeffamuufi teessoo Qaallichaafi Qaallittii, gaaddisni Oromtichaafi Oromtittii ta'e gubatee, balfamee kan alagaa Oromiyaa guutuu walga'e. Maqaan Oromoofi Oromummaa ibsu hafee, kan alagaa abbootii amantaa kirstaanaafi mootiiwwan sirna nafxanyootaa ta'aniin namaafi lafa Oromootitti maxxanfame.Sirnoonni Oromoon ilmaan isaatiif maqaa eenyummaa isaanii ibsuufi qaccee isaa dheereffatu,Hammachiisaan hafee fedhii Oromootaa malee sirni cuuphaa amantii kiristaanaa akka malee babal'ifamuudhan Oromoota amaaromsuun mootiwwan sirna abbaa hirreetin raawwatamaa kan tureedha.Qaalluun dharaafi ilaalcha jallataadhan ilaallamee, namoota hubannoo waa'ee qaalluu hinbeeknefi of hinbariniin hadheeffamuu malee faayidaan isaa maal akka ta'e ifatti bahee beekkamuu dhiisuun rakkoo ta'ee mul'ateera.

Yaada kana ilaalchisee,Leellisaan (6413:243)yaada armaan gadii kana eerera. "*Maqaan Oromoo amantii Kiristaanaafi Islaamatiin balleeffamaa ture.Har'as balleessuun itti*

*fufee jira,"* jechuun maqaaleen Oromoo Oromummaa ibsan dhiibbaa amantiin irraan ga'een geeddaramuufi yeroo ammaa kanas maqaa Oromoo Oromummaa ibsu kan dhiibaa jiran itti fufee jiraachuu isaanii ibsa.Dabalataanis yaada kana ilaalchisee,Gumiin Waaqeffannaa Oromoo (6411:132) akka armaan gadii kanatti ibsa;

> *Maqaa Oromoo jijjiiruun warra Kiristaana Ortodoksii, Oromoo "Amahariazation Process"yoo ta'u, warri Islaamaa ammoo maqaa Oromoo balleessanii maqaa Arabaa kennuufiin"Arabazation Process" yoo ta'u,warri amantii Wangeelaa ammoo maqaa Oromoo jijjiiranii kan Yehudootaa kennuun "Jihudaism Process" akka ta'ettan hubadha. Akka qeesii walda'a wangeelatti kun dogoggora sirrachuu qabani.Anaaf uummanni Oromoon Kiristaanaas ta'ee,Musiliimas ta'uun isaan hinbarbaachisu.Ani maqaa Oromoo jijjiiruun aadaa Oromooballeessuu keessaa tokko ta'uu isaattaan hubadha.*jedha.

Yaanni kunis haalli maqaan Oromummaa ibsu hafee Oromoonni maqaa alagaa moggaafatanii ittiin waamaman jiraachuu ibsa.Bu'uuruma kanaan, dhiibbaa amantiin adda addaa sirna maqaa baasuurratti qabu dhaloonni hubannoo dhabuurraa kan ka'e akka waan gaarummaa qabuutti ilaaluufi fudhachuudhan maatii isaanii dhaalchisanii hanga har'aatti leellifamaaitti fufaa kan jiruudha.Kunis baddaafi gammoojjii keessatti babal'ifamaa deemuudhaan aadaa Oromoo balleessaa waan dhufeef sirni maqaa Oromoo ibsu baasuu iddoo hunddatti dagaaguu akka hindandeenye taasisee jira.Dabalataanis, yaada rimee kana kan qabu barruun maqaa haala moggaasa Oromoo Gujiirratti, Abbabaan (1996:1) haala armaan gadiitin kanaan eera;

> *Amantii musliimaa baayyinaan gara Gammoojjiitti babal'achaa jiruufiamantii kiristaanaa Baddaa gammoojjiitti tamsa'aa jirurraa kan ka'eaadaan maqbaasaa/moggaasaa qixa barbaadameen adeemsifamaa hinturre.Kanarraa kan ka'e, kutaalee Oromiyaa baay'ee keessatti maqaan eenyummaa saba Oromoo hinibsine lafaa fi namatti maxxaneera.* jechuudhan ibseera.

Haala kanaan sirni maqaa baasuu Oromoo ibsuu dhiibbamaa deemuun isaa ammoo, dhaloonni Oromoo eenyummaa,aadaa,amantaa ofiifi kan kana fakkaatan dagatanii kan alagaa akka baratan taasiseera.Yaada kana kan deeggaru Maammoon (2006:131) yoo ibsu*; "Amantii alagaa yoo fudhanne maqaa keenya kan isaaniititti jijjiirra.Seenaafi aadaa keenya dhiisnee kan isaanii baranna."*jechuun dhiibbaa amantiin maqaafi aadaa maqbaasaarratti qabu addeessa.Kanaaf, amantiin alagaa maqaa eenyummaa sabaa ibsu geeddaruun dhiibbaa guddaa geessiseera, geessisaas jira.Yaada kanas caalatti kan

deeggaruufi haala amantiin adda addaa maqaafi sirnamaqaa baasuu Oromoorratti dhiibbaa geessise ilaaluun ni danda'ama.Yaada kana ilaalchisee Leellisaan (6413:243) yoo ibsu;

> *Warri Ortodoksii yeroo Oromoota cuuphanii kiristaana taasisan , kirrii mormatti hidhanii, maqaa isaas jijjiiranii kan Habashaa itti moggaasuun/itti baasuun akka ittiin waamamman illee taasisaa turaniiru.Yeroo ammaa kanas taasisaa jiru.Biqilaa...Gabramasqal, Daraartuu...Walatatsaadiqi,Ayyaanaa…Waldagabri'eel,Ayyaantuudhaan... Walattagabri'eel,Sooressaan…Waldamaariyaam,Soorettiin…Walattasillaa see, Jiloodhaan…Waldayeesuus,Jifaareedhan…Walata giyoorgis jedhanii dhalootatti moggaasu.Har'as kanuma itti baasaa jiru.*jechuudhan haalaan ibsa.

Yaanni kunis,haala amantiin Ortodoksii durii kaasee yeroo dheeraaf maqaa Oromoo balleessuufi lammata dhalli Oromoo akka maqaa Oromoo ta'een hinwaammamne sirna maqaa baasuu Oromoo balleessanii maqaa Oromummaa ibsu jijjiiraa akka turan ibsa.Akkasumas,amantiin Musliimaas haaluma amantaa warra Ortodoksii sanaan Oromiyaa keessatti babal'achuun maqaafi sirna maqaa baasuu Oromoo irratti dhiibbaa guddaa akka geessiseefi har'as lachan isaanii maqaa Oromoo ibsu balleessuuf taateen raawwachaa jiran laayyoo akka hintaane bal'inaan kan ibsameedha.Kuni ammoo haala kanaan itti fufaa yoo deeme, maqaan eenyummaa saba Oromoo ibsuufi mirkaneessu baduudhaan maqaan alagaa Oromummaa ibsuu hindandeenyee saba Oromoo irratti maxxanuudhan dhala gara fuula duraatti dhalatan rakkisuu akka danda'u hubachuun nidanda'ama.Dabalataan, yaada kana ilaalchisee Leellisaan,(6413:243) haala armaan gadii kanaan ibsa;

> *Warri barsiisota amantii Islaamummaa ennaa Oromoo Musiliima taasisan, quba qabanii achumaan maqaa Oromoo jijjiiruun maqaa Arabaa itti moggaasu.Achumarraa ka'ee Oromtichi dhaloota itti aanus maqaa Arabaa kennaaf. Har'as baddaafi gammoojjii akkasumas magaalatti itti fufe. Fakkeenyaaf; Abdulsalam ,Faaxumaa,Ibiraahiim, kadijjaa, Muhaammad, Hawaliyaa, Abubakar, Zaaraa, Alii, Aliyyii, Hayishaa, Jamiilaa, Kadir,jedhanii moggaasuun Oromoo gara Arabaatti jijjiiru.*jedha.

Kunis namoonni amantiin Islaamaa hordofan maqaa Oromoo Oromummaa ibsu jibbuudhan gara maqaa Arabaatti jijjiiraa akka turaniifi adeemsa keessa Oromoonni amantaa kana fudhatan daa'ima isaanitiif maqaa Oromummaa hin ibsinee baasafii akka dhufan kan hubachiisudha. Hordoftoonni amantii kanaa maqaa Oromoo ta'e jibbanii

maqaa gandaa/hambaa daangaa ce'ee yookaan galaana qaxxaamuree dhufe iddoo hundatti yeroo ammaa kana daa'ima issanitiif akka baasaa jiran bal'inaan kan mul'atu isaa hubachiisa. Yaada kanas, Leellisaan (6413:243-244),itti dabalee yoo ibsu;

> *Warri Pirotestaantii akkuma Oromoota gara amantii Kiristaanatti galchaniin, maqaa isaanii isa haati, abbaafi lammiin beeku irraa jijjiiruun maqaa warra Yehudootaa kennaa turan.Ammas ittuma jiru. Fakkeenyaf Maqaa Yehudootaa Oromoota waldaa Wangeelaa yookaan Pirotestaantiif kenname Yohaannis , Abraham, Amaanu'eel , Pheexiroos, Phaawuloos, Saamu'eel, Eeliyaas, Iyyaasuu, Daawwit, Saaraa, Ribqaa, Raahel, Feebaan, Ruut,Maartaa,Yaabeez,Ebeen,Ezar,Diibooraa,Kaaleeb fa'aa jedhanii moggaasu* jechuudhan ibsa.

Yaanni kunis haala amantaan Pirotestaantiin maqaafi sirna maqaa baasuu Oromoo irrattidaran dhiibbaa qabuufi wantoota Oromummaa ibsaniifi cimsan irratti xiyyeeffatee akka balleessaa tureni addeessa.Haala kanaan, Oromoonni hedduunis maqaafi eenyummaasaanii dhabanii kan hambaan yaammamuuf dirqaman. Har'a sirni abashoomsuufi roorroon seenaa darbee qabsoo hadhooftuu Oromoonni taasisaniin mirgi afaan, aadaa, seenaafi eenyummaa ofii guddifachuufi hiree ofii murteeffachuu dhiigaan argamuyyuu, haalli Oromoonni baayyeen beekanii yookiin osoo hinbeekne maqaa eenyummaa isaanii hinibsine ilmaan isaaniif itti baasaa jiran bal'inaan nimul'ata.

Haata'u malee,ilmaan Oromoo beekumsa sabboonummaan ijaarramaa,seenduubee qaroominaafi bu'aa hammachiisaa qaalluu Oromoo qorachaafi qorachuuf kaka'umsa cimaa horachaa jiran baayyeen qorattuu dabalatee ilmaan Oromoo maqaa qabaachuufi moggaafamuufii malee hubannoo, faayidaafi miidhaa maqaa alagaatiin dhaallamuun qabu niqabu jechuun hindanda'amu. Kunis yeroo dheeraaf adeemsa walxaxaafi dirqiita'een waan raawwatamaa tureef maqaa alagaa ofirraa qaban galchuufi icciitii isaa baruun kan maatiin ofiifi hammuudhan kennameef kunuunfachaa dhala ofii dhaalchisuun ofta'uun adeemsafi beekumsa olaanaa kan gaafatuudha.Yaada kana ilaalchisee Dirribiin(2012:148) gubbatti, "*Nuti dhaloonni Oromoo ammaa kennaa abbootiin keenya sanyii ofiitii kennanii darban gabbisnee itti fayyadamuu dadhabnee jarreen karaa amantaa,aadaafi kan birootiin nu irraa adda ta'an jala hiriiraa jirra. Keenya yaa barru! Of yaa taanu!"* jechuudhan kaa'a.Yaanni kun namni saba Oromoo ta'ee amantaafi aadaa ofii dhiisee kan saba biraa hordofaa jiru kana booda isa dhiisee eenyu akka ta'e akka of baree kan saba isaa hordofee ofiin boonuu akka qabu haalaan kan ibsuudha.

Kanarraakan ka'e, Oromoonni barataniifi eenyummaa isaanii hubatan galmiifi sirni mana qaalluu akka aadaa waaqeffannaatti maqaan Oromummaa ibsu eebbaan itti kennamu haga dur jiraachuu baatus, maqaa ofiifi lafatti osoo hubannoo hin cimsanne sirna hambaan itti maxxane mulqatanii kan eenyummaa isaanii ibsutti yoo jijjiirratan bal'inaan mul'ata.

Gama biroonimmoo, Oromoonni maqaan isaanii kan hambaa ta'e ofibsuu qaana'anii Oromummaa isaanii ibsachuuf maqaa abbaa, yoo kan abbaas maqaa hambaa ta'e kan akaakayyuu himachuuf dirqaman karaa fooddaa miidiyaa argaa-dhageettiifi kitaaba adda addaa irratti baayyinaan argama yookiin mul'ata.Kana mulqachuufis, barattoonni dhaabbilee barnoota olaanoo fi kanneen caalatti ofbaran baayyeen gama seeraan maqaa hambaa galchanii dheebuu eenyummaa ofii caalaatti ibsachuu ba'aa jiraniifi ilmaan isaanii qeeqa eenyummaa jalaa baasuuf kutatanii injifannoo eenyummaa gonfatan baayyataa dhufaniiru.Kanaaf qorattuun tun rakkoowwan armaan olitti ibsaman bu'uureffattee karaa sirni maqaa baasuu qaalluu Oromoo/Hammachiisaan irra caalaatti beekkamuufi bu'aan isaa waan dansa ta'uu isaa xinxaluun akka kunuunfamuu hubannoo nan uuma jettee abdatti. Kana keessattis gaaffilee qorannichaa kanaa gaditti dhiyaatan hunda adeemsa qorannoo taasifamu kanakeessattitartiibaan xiyyeeffannoo kan argatan ta'u.

- ❖ Maqaa baasuun maali dha? Maqaan bahu eenyuudhan baafama? Maqaan yeroo bahu haala kamiin adeemsifama?
- ❖ Qaalluun Sirna Maqaa Baasuu raawwachiisuu keessatti qooda akkamii qabaa ture?

  Sirni maqaa baasuu yeroo ammaa kana maal fakkaata ?
- ❖ Sirni maqaa baasuu daran akka hinadeemsifamne dhiibbaa kan taasisu maaltu jira ?
- ❖ Maqaaleen sirna maqaa baasuun/hammuudhan kennaman kan akkamiiti? Akkaataan maqaa Oromoo maqaa alagaatti jijjiirramanii maal fa'a? Haalli akkanaa kun akka itti hin fufneef maaltu furmaata ta'a?

Yaada kana irratti xiyyeeffachuun deeggarsi ogummaafi hubannoo cimsuu godhamee, sirnoota maqaa baasuu Oromoo hamburaman bakkatti deebi'suuf, aadaan maqaa baasuu qoratamuufi gaaffiin qeeqa eenyummaa ibsu inni sirriin ganama deebi'ee sabboontonni Oromoo sabboonummaa dhaalanii akka dhaalchisan gochuuf qorannoodhan deeggaramuun barbaachisaadha.

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

- Kaayyoon gooroo qorannaa kanaa: Sirn Hammachiisaa Qaalluu Aanaa Ada'aa Giiftii Dinqituun adeemsifamu qaaccessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Yoomeessa sirni Hammachiisaan itti geggeeffamu ibsuu;
- Maqaalee sirna Hammachiisatiin baafaman addaan baasuu;
- Fakkoommiiwwan sirna Hammachiisaa waliin hariiroo qaban addeessuu;
- Akaakuuwwan fookiloorii sirna Hammachiisaa keessatti tajaajilan addeessuudha.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon sirna maqaa baasuu karaa waaqeffannaa Oromoo, qaalluudhaan adeemsifamuu hawaasa Oromootiif faayidaa guddaa qaba.Maqaa baasuun karaa kanaan taasifamu Oromummaa kan ibsuufi hawaasa Oromoo haala amala uummama naannoo kan yaadachiisuufi barsiisu taasisuun cinaatti, qeeqa eenyummaa ofii ibsachuu jalaa nibaasa. Hawaasni Oromoo miira tokkummaa akka qabaatan,beekaa isaanitiin akka too'ataman, ilmaan isaanii sabboonummaa horatanii Oromummaa isaanii daran akka ibsatan nigargaara.

Gama biraatin, qorannoon sirna maqaa baasuu/hammachiisaan kun baayyinaan kan hinadeemsifamin waan ta'eef, qorattoota quuqqama guddina sirna kanaa qabaniifi miirri eenyummaa ofii dheeressuu itti dhaga'amu daranakka qoratan nikakaasa,ka'umsas ta'ee ni tajaajila.Qorannoo kana taasisuun wantoota sirna maqaa baasuu/hammachiisaa irratti akka diroodhaa dirootti hindabarre dhiibbaa taasisan adda baasuun rakkichi furamee hawaasni Oromoo fayyadamaa akka ta'u gochuudha. Kun ammoo, ta'uu kan danda'u irra caalaatti yoo sirna barnootaa keessatti hammatamee ilmaan Oromoo madda

eenyummaa ofii ibsachuu godhatanii seexaa sabboonummaa ofii ibsachuu horataniidha. Kanaaf, qoronnoon kun yoo haalaan gaggeeffame hawaasa bal'aaf kallattii hedduun faayiidaa olaanaa niqabaata.Fakkeenyaaf:

- Dirree qorannoo ta'uun qorattoota haaraaf ka'umsa bu'uura ta'uun nifayyada.
- Sirna barnootaa keessa galuudhan dhaloonni haaraan salphumatti eenyummaa isaanii daran baruun qaamni sirna kana dhiibe yoo jiraate falmatanii akka ofirraa dhorkan nitaasisa.
- Maqaan eenyummaa saba tokkoo kanneen ibsan keessaa kun isa tokko ta'uun sirriitti akka beekkamu nitaasisa.
- Sirna maqaa baasuu kana Oromiyaa waliingahuufi Oromiyaa keessa iddoo sirni kun jiru hundatti akka kunuunfamu kaka'umsa uumuudha.
- Oromoota maqaa alagaan waammamuu qaana'anii, kaneenyummaa isaanii ibsu baafachuufyaadan,maqaa alagaa dhiisanii gara maqaa eenyummaa isaanii ibsuttiakka jijjiirratan dhaamsa Oromootaf dabarsuudha.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannichi kan gaggeeffamu, naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Ada'aa masaraa waaqeffannaa qaalluu Giiftii Dinqituutiin raawwatamu/geggeeffamu irratti xiyyeeffata.Sirni maqaa baasuu/hammachhiisan qaalluun raawwatamu tajaajila maqaa haaraa daa'imaaf  Oromummaa ibsu baasuu cinaatti maatii daa'imti irraa dhalatteefi bultee ayyaanichaa ta'an hunda ni eebbisa.Kanaaf,qorannoon kun sirna hammachiisaa qaalluudhaan naannoo Oromiyaa keessatti raawwataman/geggeeffaman keessaa tokko qofa irratti waan xiyyeeffateef, maqaa waaqeffattoota bultee ayyaanichaa ta'anii naannoo qaalluu kanaa jiran qaaccessaatii dhugaa jiru kan addeessudha.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana kutaalee Oromiyaa iddoo masaraawwan qaalluun Oromoo maqaa daa'immaniif itti baasu hundatti osoo adeemsifamee bu'aan isaa daran olaanaa ta'a.Haata'umalee, qorattuun dalagaa mootummaa, barsiisummaa irratti kan bobbaate waan taateef iddoo hedduutti qorannoo kana geggeessuuf yeroo gahaa ta'e dhabdee jirti.Gama biraanimmoo, maallaqni qorannoo kanaaf ramadame dhabamuun qorattuun maallaqa qabdu irratti hundaa'uun sirna maqaa baasuu/hammachiisaakutaa biyyaa aanaa

tokkoon daanga’e irratti xiyyeeffattee jirti.Akkasumas,qorattuun kanaan dura qorannoo waa’ee aadaa ibsu gaggeessitee kan hinbeeknefi muuxxannoo isaa kan hinqabne ta’uu qabatamaan hubatamee jira.Dhumarrattis, yeroo ayyaanni qaallicharra dhufee sirna hammuu raawwatu hundaqorattuun akka masaraa keessa seentee suura isaa kaastee qorannoo kana daran ibsituuf qaallichi eeyyamamaa ta’uu dhiisuun isaa danqaa ta’ee mul’ateera.

### 1.7 Odeeffannoo AanaaQorannichi Itti Adeemsifamuu

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aa keessatti kan ademsifamuudha..Akka odeeffannoon barruu Biiroo Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ada’aa (2010:6) ibsutti,Aanaan Ada’a magaalaa Adaamaa irraa km 52 Finfinnee irraa ammoo,km 45kan fagaatee gidduu isaanitti kan argamuufi aanota godina kana keessatti argaman keessaa afuriin daangeffamee argama. Isaanis: Kallattii Bahaan Aanaa Lumee, Kallattii Lixaan Aanaa Aqaaqii,Kallattii Kaabaan Aanaa Gimbichuufi Kallattii Kibbaan ammoo, Aanaa Liiban Cuqqaalaatiin daanga’ee kan argamuudha.Ummanni aanichaa harka caalaan amantaa Ortodoksii kan hordofan yoo ta’an,harka giddu galeessiamantaa Musliima kan hordofaniifi harki muraasni immoo amantaa Waaqeffataafi Poroteestaantii kan hordofaniidha.Aanaan kun gandoota baadiyaa digdamii lamafi bulchiinsa magaalaa afur kan qabu yoo ta’u,magaala Bishooftuu seena qabeessa akka naannoo Oromiyaatti bulchiinsa ofdanda’een kan bultuu ofkeessatti kan haammateedha. Walumaa galatti aanaan Ada’aa gandoota digdamii ja’aa(26) kan ofkeessaa qabu yoo ta’u,gandoota kanniin keessaa gandi Dhankaakaa jedhamubakka masaraan Qaalluun Giiftii Dinqituu itti argamuufi hawaasichaaf tajaajila adda addaa itti kennu yoo ta’u, gandi kun bakka sirni maqaa baasuu/hammuun itti gaggeeffamuudha.Gandi Dhankaakaa jedhamukunis magaala guddoo aanichaa Bishooftuu irraa gara kallattii Bahaatti kiiloo metira sagalii (9)fi magaala guddoo Finfinnee irraa kiiloo metira shantamii afur (54) fagaatee kan argamuudha.

#### 1.7.1 Haala Teessuma Lafaafi QilleensaAanichaa

Akka barruun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ada’aa (2010:8) irratti ibsametti haalli teessuma lafaa Aanaa Ada’aa dhibbeentaan lafti diriiraan% 60, bu’aa ba’iin yookaan giddu galeessi %20, gaarri %10 yoo ta’u, dhundhulaan ammoo %10 ta’a.Biyyoon isaa

irra caalaan kooticha yoo ta'u,giddu galeessi isaa gomboree kan ta'eefi muraasni isaa ammoo,cariidha.Haalli qilleensaa ammoo, baddaan % 6, badda dareen %94 yoo ta'u, ol ka'iinsi lafaa galaana irraa m 1540 – m 3100 gidduutti kan fagaatee argamuudha. Hoo'insi qilleensa aanichaa inni olaanaan digirii sentigireedii 28 yoo ta'u,gadi aanaan ammoo, digirii sentigireedii 12kan ta'eefi waggaatti giddu galeessan rooba mm 138 – mm 815kan ta'u al tokkoo kan argatuudha.

### 1.7.2 Haala Diinagdee Aanichaa

Haala odeeffannoon barruu Biiroo Bulchiinsa aanaa Ada'aa (2004:7)irratti eerametti diinagdeen uummata aanaaAada'aa irra caalaatti qonnarratti kan hundaa'e yoo ta'u,harki muraasni daldalaan jiraatu.Lafa baddaafibaddadareetti gosoonni midhaan nyaataa kan akka:Xaafii,Shumburaa,Qamadii,Garbuu,Baaqelaa,Boqqoolloo,Missira,Gaayyoo,Boloqq ee fi kan kana fakkaatan hundi isaanii bal'inaan kan oomishamaniidha. Kuduraafi fuduraan adda addaa kanneen akka Raafuu, Kaarotii, Timaatimaa, Qullubbii, Abukaadoo, Paapayaafi kan biroos lafa bishaanii baddaas ta'ee badda dareetti haalaan kan oomishamuudha.Haala horsiisa horii ilaalchisee baay'inaan kan argamu horii gaanfaa yoo ta'an, Hoolaafi Re'eenis ni horsiifamu.Kotteduudaan kan akka Fardaa, Harreefi Gaangees ni horsiifamu.

### 1.7.3 Baayyina Uummata Aanichaa

Haala odeeffannoon barruu Biiroo Bulchiinsaaanaa Ada'aa (2004:5) irratti barreeffame ibsutti,baayyinni uummataa aanaa Ada'aa 131162 yoo ta'an, isaan kana keessaa dhiirri 67239 yoo ta'an, dhalaan ammoo 63923 dha.Baayyinni uummataa kunis gandoota baadiyaafi bulchiinsa magaalaa arfan aanichi qabu hundi bakka tokkotti kan haammatuudha.

### 1.7.4 Akaakuwwan Aadaa Aanicha Keessa Jiruu

Ragaan barruu Biiroo Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Ada'aa (2010:12)irratti akka ibsutti,Aanaa Ada'aa keessatti aadaa sirna maqaa baasuun alattiaadaawwan garaa garaa baayyeenakka argamufi kabajamaa jiru ni eera.Aadawwan kanneen keessaa,aadaa sirna Gadaa,aadaa sirna Irreechaa,aadaa sirna Gumaa baasuu,aadaa sirna Ateetee,aadaa sirna Fuudhafi heerumaa,aadaa sirna Guddifachaa, aadaa sirna Walgargaaruu,aadaa

Jaarsummaafi kan kana fakkaatan gurguddoo kaasuun ni ibsamu.Kunis aanichi aadaa Oromoo hedduu akka qabu kan ragaa bahuudha.Dabalataanis,akka maanguddooliin naannoo sanaa daran ibsanitti hawaasni naannoo sanaa durii kaasee waan Oromummaa isaanii ittiin ibsatan keessaa aadaa heedduu jaatanii adda addaa ofkeessaa qaban qabaachuu isaanii eeraniiru. Isaanis,

**Sirna Gadaa**:Sirni Gadaa sirna Oromoonni jaarraa hedduuf ittiin walbulchaa turaniifi ammas ittiin walbulchaa jiraniidha. Oromoonni aanaa Ada'aas sirna Gadaa kanaan akka kan yeroo duriitti ittiin walbulchuu baatanis Sirni Gadaa akkuma seera isaatti waggaa saddeet saddeetiin akkuma walduraa duubummaa isaatti kan hordofamaa jiruufi kabajamuudha.Sirni kunis,sadarkaa Gadaashanan : Itti Makoo 0–8, Dabballee 8-16, Foollee 16-24, Dooroma 24-32, Luba 32-40 kan ofkeessaa qabuufi tartiibaa isaa kanaan hordofamaa kan jiruudha.

**Sirna Irreechaa:**Sirni Irreechaa sirna waaqeffannaa waggaatti yeroo lama waktii birraafi arfaasaa malkaa buhuufi tulluuttibahuun kan kabajamuu dha.Waktiin Birraa Ganna bacaqiifi dukkana limixii keessaa gara ifaatti ba'uu kan ibsu yoo ta'u,sabni Oromoo dhiirrifi dubartiin akkasumas,xiqqaafi jabaan gamtaadhan abaaboo/ililliifi marga jiidhaa qabachuunyeroo cinqiifi dukkana Gannaa keessaa gara ifaa Birratti gargaarsa Waaqatiin nagahaan bahuu isaanii miira gammachuun guuteefi eebban malkaarratti Waaqaf galata dhiheessaniidha. Waktiin Arfaasaan ammoo, waaqa Bona qaaqqee keessaa gara jiidhaafi qabbanaa'atti nagahaan namaa ceesise ibsuuf akkasumas akka waaqnirooba qulqulluu roobee midhaan gaarii magarsuufi qabeenya eegee tursiisuuf jecha tulluutti ba'uun kan kadhatamuudha.

**Gumaa Baasuu:**Sirni Gumaa baasuu sirna namoonni dhuunfaanis ta'ee gosaan yoo wal ajjeesan ittiin walitti araaramaniidha.Akka aadaa ummata aanichaatti, sirni gumaa baasuu kan adeemsifamaa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti gochaa hamaa yookaan suukaneessaa kanneen akkahubama qaamaa**,** qaama hir'isuufi ajjeechaa lubbuu namoonni walirratti raawwatanyakkaafi cubbuu ta'uu isaa kan agarsiisufi dhugaan mul'atee beenyaa kennuudhan namoonni walitti araaramuu kan agarsiisuudha.

**Sirna Araaraa:**Aadaansirna araaraa aadaa jiran keessaa isa tokko ta'ee osoo jiruu kan hawaasa keessatti namni tokko nama biraa waliin walitti buhanii/wal lolanii too

namoonni naannoo sanaa dhugaa barbaadanii jara lamaan haala umurii hangafaafi quxusuu akkasumas,gosaan walkiisuu danda'aniin araarri buhuudha.Aadaan kunis kutaa hawaasaa keessatti jaarsummaa jedhamee kan beekkamuudha.(Obbo Beekaa Dabalaa,Obbo Gadaa Toleeraafi Obbo Sanyii Abdii)

**Sirna Ateete**e: SirniAteetee ayyaana dubartootan kabajamuudha.Kan dubartoonni dhangaa nyaataafi dhugaatii qopheeffachuun uffata adiifi gurraacha makaa ta'eedibbiqqoo jedhamee waammamuuffachuun,callee mormatti kaawwatanii kabajaniidha. Sirni kun kan kabajamus, birraafi arfaasaa yoo ta'u,kanaafis, nyaata akka marqaafi dhugaatii buqqula jedhamu qopheessuun kan kabajamuudha.

**Sirna Fuudhafi Heerumaa:** Hawaasniaanaa Ada'aa sirni fuudhafi heerumaa aadaa fuudhaafi heerumaa adda addaa ta'an muraasa kan hawaasan baraman niqaba.Isaanis, Kaadhimannaa,Irradhaabafi Aseennaa jedhamanii kan beekkamaniidha.Kaadhimannaan sirnafuudhaf heerumaa keessatti kan maatiin/warri mucaa maatii intalaa waliin walbeellamanii mariidhan cidha godhatan/taasifataniidha.Irradhaabni ammoo,sirna warri gurbaa/ilmaa osoo warri intalaa hinbeekiin galgala maanguddoon loon/horii hoofanii karra isaanitti naquun achi bulanii ganama sana seera naannoo sanaa hunda guuttatanii waliigalteedhaan misirroo/micayyoo fuudhanii galaniidha.Aseennaa kan jedhamu immoo adeemsa intalli fedhii mucaa/gurbaa malee manasaa dhaqxee itti galuun booda adeemsa keessa cidha godhachuudhan warroomaniidha.

**Sirna Guddifachaa:** Sirni aadaa guddifachaa akkuma sirna Gadaafi sirna Irreechaa aadaa guddaa uummanni Oromoo qofti durii kaasee hanga har'atti addunyaarratti ittiin beekkaman keessaa isa guddaadha. Innis,adeemsa namni daa'ima hinqabne tokko nama fira isaa ta'e tokko irraa daa'ima isaa karaa aadaa Oromootiin seera hunda guutee fudhachuudhan ilma ofii taasisachuudhan qabeenya ofii dhaalchisuudha.Aanaan Ada'aa aadaa kanas kan qabu yoo ta'u, aadichis seerri isaa hordofamuudhan adeemsifamaa kan jiruufi kan kabajamuudha.

**Sirna Walgargaarsa:** Sirni aadaa walgargaarsaamiseensi hawaasaa tokko yeroo rakkoon tokko uummame deeggarsa adda addaa kan waliif taasisaniidha. Aadaan walgargaarsaa kun durii kaasee hanga ammaatti hawaasa keessatti barsiifata ta'ee akkuma aadaa biroo

dhaloota irraa dhalootatti darbaatii kan dhufeedha. Aadaa walgargaarsaa kanneen jedhamanis kan akka daboo, qaboo, jigii/kadhachiisa,afooshafi kkf dha.




Fakkii 1. KaartaaGodina Shawaa Bahaa Waaj.Bul.fi I.Fayyadama Lafa Baadiyyaa irraa argame.




Fakkii 2. Kaartaa Aanaa Ada’aafi ganda Dhankaakaa iddoo masaraan Qaalluu Giiftii Dinqituu itti argamu mul’isu,Waajjira Bulchiinsafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa Aanaa Ada’aatii fudhatame.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Qorannoo tokko geggeessuuf yaadotaafi odeeffannoowwan barruu adda addaarraa jiru kan qarannoo sana milkeessuu danda'u xinxaluun murteessadha. Boqonnaan kunis, Sirna Maqaa Baasuu/hammuufi waa'ee maqaa ilaalchisee kitaabolii adda addaa odeeffannoo deeggarsaaf ta'u ofirraa qaban hedduun kan itti sakatta'amanii ibsaman ta'a.Qorannoo kana fiixa baasuuf matadureewwan kanaa gaditti dhihaatan irratti hundaa'uun barruuwwan ragaa qorannicha waliin hariiroo qaban sakatta'amee walitti qindeeffamanii kan dhihaataniidha.

## 2.1 Maqaa

Maqaan eenyummaa nama tokkoo kan sabni tokko falaasama,muuxannoo,qaroomina, duudhaa,milkii,hawwii, mul'atahaala amala uumama naannoo isaafi kkf bu'uureffachuun akka aadaafi dhugeeffannaa isaatti waan ofii akka ibsuu danda'utti ilmaanisaaf moggaasee nama kaanirraa ittiin adda ba'ee akka waammamuufi beekkamtii uummamaa dirootti darbu kennuun eenyummaan isaa saba biroorraa adda ba'ee akka beekkamu taasisuudha.Kana jechuun ammoo, maqaan ibsaa eenyummaa dhala namaa kan saba tokko saba biraa irraa adda baasee beeksisuufi akka gulummeeffamu kan taasisuudha. Yaada kanas,Abbabaan (1996:20), "*Maqaan gargar baastuu eenyummaa nama tokkooti.Maqaan waan tokko waan biraa irraa adda baasnee kan ittiin beeknu qofa osoo hin taane, baataa eenyummaa ofiiti.Maqaan haalaaf amala nama tokkoo yookaan waan tokkoo calaqqisiisuuf akka danda'utti moggaasifama,"* jechuun ibsa.Yanni kun irra caalaatti kan qeeqee addeessu maqaan baataa eenyummaa waan ofii yoo ta'u, namniifi wanti ofii kun maqaa yeroo argatu yookaan keennamuuf seeraan itti yaaddamee akka eenyummaa isaa kan duraa osoo gadi hindhiisiniifi gara fuula duraatti itti fufuu danda'utti, kan eenyumtuu maal akka ta'e irraa hubachuu danda'utti moggaafamuu isaa ragaa baha.

Akkasumas, Abbabaan(1996:1),barreeffama isaa Maqaa baasuu Oromoo Gujiirratti xiyyeeffatu keessatti yoo addeessu; "*Maqaan moggaasa namni , iddoo fi wanti tokko ittiin waamamu ykn ittiin beekkamu*"jechuudhan haalaan ibsa.Gama biroon ammoo, kuusaa jechootaa,Combrige International Dictionary of English (1995:936), jedhu keessatti, "*Name (nem):n –What a person or a thing is called;the particular word (s)*

*regularly connected with aperson or thing so that you can recognize, refer to address them*." jechuun ibsa. Kunis, yaadarimee, maqaan waan namni yookaan wanti tokko ittiin waammamuufi eenyummaan walqabatu akkasumas, kan namni hunduu hubatuufi ittiin waamufi waammamu qabaachuu isaa ibsa.Kanaafuu,namni kamiyyuu maqaa dhuunfaa isaa kan nama biraa irra ittiin adda bahuufi eenyu akka ta'e kan calaqqisiisee mirkaneessu qabaachuu isaa nuhubachiisa.

Kanaan alattis,Joanna (1993:207) waa'ee maqaa ilaalchisee yoo ibsu, "*Name - every one has a name, unless some extra ordinary curcumstance are isoleted a person from all human contact . ..... All names have meanings, thoughpeople today may not be aware of them .Documents reveal that, early people gave some one a name with adefinite knowledge of the meaning of the name ."*Yaada rimee kanaanis, namni kamiyyuu hanga nama ta'etti maqaa mataa isaa akka qabaatuufi maqaanis hiikaa akka qabu eera.Abbootiin beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun haala adda addaan nama kamiifuu maqaa hiika qabu akka baasanis ni addeessa.Maqaan hiika qabaatee eenyummaa namaa ibsu kun ammoo haala namni sun keessa jiraatufi barsiifatu waliin kan walqabatee ibsu ta'uu isaa kan hubachiisudha.

Itti dabalees,Joanna (1993:214) mata-duree,Ethinicnames, jedhu keessatt maalummaa maqaa haalaa armaangadii kanaan ibseera.

> *Before the 1960s the names of black Americans resembles those of the White population.But after the rise of the civil rights movement in the 1960s some Black change names for religious reasons or to reflect their African heritage. Blacks changed their names from such African languages a Arabic, Ibo, Kukuyu ,Swahali, or Yuroba .Children have such African names as Aba (born on Thirsday), Aduke(much loved), Marjani(coral), or Dukeria (happiness).*

Kunis, maqaan gosa yookiin sanyiin kan walqabatuufi eenyummaan sabaa kan ittiin ibsamu akka ta'e ibsuun cinatti hafee, sababawwan adda addaan Afrikaanonni maqaa eenyummaa ofii ittiin ibsatan baafachuun kan hambaatiin waammamaa akka turaniifi walqixxummaa erga argatanii asitti, maqaa eenyummaa isaanii ibsutti akka jijjiirrataniifi ilmaan isaaniitiifi maqaa amantiifi sanyii isaanii ibsu akka moggaasan ibsa.Ragaan kun dhugaa biyya keenyaa kan Oromoonni sirnoota darbaniin dirqamanii maqaa eenyummaa isaanii hinibsineen waammamanii har'a mirga argataniin maqaa

eenyummaa isaanii ibsutti jijjiiratаa jiran kan ibsu ragaan adda addaa nimul'ata. Gama biraatiin maqaan ibsituu sanyii yookaan qomoo ofii yoo ta'u, haalli uummanni Oromoo safuu isaa eeguun maqaa ilmi qabuufi intalli qabduun akkasumas,waan daa'imni sun ta'uu danddeessuun eenyummaafi haala yeroo keessa dhalatanii ibsuu haatifi abbaan ittiin waaman niqabu.Yaada kanaaf  Leellisaan(6413:243) ,maalummaa maqaa ilaalchisee haala armaan gadii kanaan yoo ibsu;

> *Maqaan  mallattoo eenyummaa nama tokkooti.Maqaan Afrikoota biratti kan ittiin mirga dhalootummaa argatanifi fudhataniidha.Oromoonni Ilmaan namaa beeku jedhan.Maqaan ennaa baasu hiika isaa edateeti baasa.Haala keessa jiru,kan egeree isaa illee tilmaamuun maqaa ilma/intala isaaf baafata.Fakkeenyaaf, Abbaa Abdii, Haadha Kennaa,Abbaa Caaltuu,Haadha Caaltuu,Abbaa Dureessaa,Haadha Dureettii,Abbaa Seenaa,Haadha Seenaa,Abbaa Ayyaantuu,Haadha Ayyaantuu, Abbaa Fayyisaa, Haadha Boontuu, Abbaa Tolaa, Araarsoo,Lubee, Badhaasaa,Jiloo, Badhaatuu, Gaaddisee, Guddataa, Guddinaa, Sarbeesaa, Magarsaa,Caalchisaa,Lalisee, Jiituu, Badhaatuu,kkf Oromoon seenaa isaa fa'iin walqabsiisee moggaafata ykn itti baasa.Maqaa Oromoo gaggaarii kanatu amantii Kiristaanaafi Islaamatiin balleeffamaa ture.Har'as balleessuun itti fufee jira* jedha.

Yaanni kun, uummanni Oromoo durii kaasee falaasama cimaa akka qabuufi falaasama isaa kana bu'uureffatee dhalli isaa gara fuula duraatti waan ta'uu danda'u hawwiifi mul'ata qabuuf ifatti baasuun abdii taasifachaa maqaa sabboonummaa cimsuufi safuu hawaasaa eegu miidhaginaafi kabaja guddaa kan qabu dhala isaaf moggaasaa akka ture ciminaan kan nu hubachiisudha.Kunis sanyiin Oromoo gara fuula duraatti eenyummaa isaanii karaa adda addaatiin ibsuu akka danda'aniifi dagachuu akka hinqabne, maqaa eenyummaa isaanii ibsuu danda'u dhala isaanii dhaalchisuu akka qaban haalaan kan ibsame ta'uun isaa rakkisaa miti.Akkasumas,maqaalee Oromummaa ibsan mimmiidhagaa egeree sabichaa daran ilaallatu, falaasamaafi qabeenya cimaa Oromoota boonsufi raggaasisu haala adda addaatiin amantiin Kiristaanaafi Musiliimaa dhiibaa kan turaniifi yeroo har'aa kanas dhiibaa kan jiran ta'uu isaa daran calaqqisiisuun ragaa bahee jira.Dabalaataanis, maqaan ibsituueenyummaa saba Oromoo kun amantiiwwan kanaan badee maqaan alagaa dhala Oromootitti moggaafamuun eenyummaafi falaasamni saba Oromoo dagatamee akka  maqaan alagaa isaan irratti hafu carraaqqin taasifamaa akka jiru yaadicharraa nihubatama.Adeemsi maqaa Oromummaa balleessuu kun ammoo falaasama dadhabaafi garboonfataa  ta'uu isaa hubachuun nama hinrakkisu.

Dabalataan,Gumiin Waaqeffannaa Oromoo(6411:71) maalummaa maqaa kan ilaalchisee akkanatti ibsa, " *Maqaan kan namni tokko yookiin uummanni tokko isa biraa irraa addaan bahee ittiin beekkamee waamamu yoo ta'u,ijoolleen maatii tokko keessatti dhalattees maqaan dhalootaa nimoggaafamaaf"*jechuun haalaan ibseera.Kunis maqaan dhalootaan daa'immaniif kan moggaafamuufi eenyummaan kan ittiin ibsamu ta'uu agarsiisa.Dabalataan maqaan nama tokko nama biraa irraa adda baasee ibsu sadarkaa daa'imummaatti maatidhaan kan bahuufi ittiin kan waaman ta'uu isaa yaada jedhu ofkeessatti akka qabate nihubachiisa.Akkasumas,maqaan namaaf kennamu yeroo dhalootaa yoo ta'u,maqaan kennamu kun nama sana nama biraa irraa adda baasee akka beekkamuufi ittiin waammamu kan taasisu ta'uu isaa kan hubachiisudha.

**2.2 Qaama Maqaa Baasu**

Maqaan karaa adda addaatiin namoota adda addaatiin ba'a.Innishaala abbaan maqaa sana baasu yookaan haala itti toleefi itti mul'ate bu'uura taasifachuun yookaan sababeeffachuun maqaa hedduun nibaha.Haala toleefi mul'ateen maqaan adda addaa bahu kunis gargar ta'us warreen maqaa kana baasan hubannoo Oromummaafi eenyummaa isaanii waan qabaniif maqaaleen isaan baasan marti kan qaccee isaanii ibsuudha.Kana waan ta'eef,durii kaasee hawaasa Oromoo keessatti aadeffamee kan jiru qaamni maqaa baasu maatii daa'immaanii: abbaafi haadha, akka'oofi akaakayyuu,namoota maatii daa'immaniitin firooma qabaniidha.Akkasums,jilaafi qaallicha yookaan qaallittiidhanis nibaha yookaan nimoggaafama.Qaama maqaa haaraa baasu kana ilaalchisee Gumiin Waaqeffannaa Oromoo(6411:78) haala armaan gadii kanaan yoo ibsu;

> *Akka aadaafi barsiifata uummata Oromootti maqaan daa'immaniif dursa kan baafamu abbaafi haadhani. Kan biraa ammoo maatii keessa obboleewwan yoo jiraataniifi namoota firummaa dhiigaa warra sana waliin qabaniinis maqaan daa'immaniif nibaha. Akkasumas, maatiin daa'imaa seera amantaafi duudhaa isaanii guuttachuuf ammoo daa'ima dhalatte warra Qaalluu itti bulanii geessuun maqaa eenyummaa isaanii ibsu kan biraa daa'ima saniif Qaalluun baasu nijira* jechuudhan eera.

Yaanni kun qaamni daa'immaniif maqaa eenyummaa isaanii ibsuu danda'u kan baasu eenyu akka ta'eefi walduraa duuban kan eere yoo ta'u,qaamni maqaa kana baasu Naannoo Oromiyaa keessa yeroo ammaa kana iddoo hunda kan hinjirreefi iddoo

muraasatti garuu yaratee/xiqqaatee akka jiru ragaan ni ibsa.Ta'us,maqaan qaama kanaan bahu karaa adda addaatiin Oromummaafi waan Oromoo ta'e qofa waan ibsuuf dhugaan jiru ragaa ta'a.Kanarraa ka'uun,eenyufaa maqaa akkamii haala kamiin akka daa'imaaf baasaan haala itti aanu kanarraa hubachuun nidanda'ama.

### 2.2.1 Maatii Daa'immanii

Oromoon maqaa jaalala ibsu, nagaafi araara hawwu,Waaqa leellisu,misoomaafi soorummaa hawwu,waaqa, miidhaginaa,gammachuu jabinaafi gootummaa faarsu hunda waliin madaalee ijoollee isaatiif baasa.Namni kamiyyuu maatii yookaan daa'ima yoo horatan daa'ima sanaaf maqaa eenyummaa isaanii ibsu baasaniifii ittiin waamu.Yaada kana ilaalchisee kitaabni barataa kutaa 8ffaa B.B.O.(1990/98:1) maxxanfames akkaataa warri ijoollee isaanitiif maqaa baasan yeroo ibsu akkas jedhuun eera.

> *Namni kamiyyuu taanaan maqaa mataasaa qaba.Maqaan warraan (abbaafi haadhaan) yookaan firaan ba'aaf (mogga'aaf).Warri tokko yemmuu maqaa maatii isaanii moggaasan: seenaa, yaadannoo, carraa yookiin quunnama,fedhii yookiin hawwii, abdiifi yaadasaanii irraa ka'aniiti.Kana jechuunis,fakkeenyaaf,yeroo daa'imti dhalattu yoo jireenya dansaa keessa jiru ta'e: Gammadaa,Gammachuu Badhaadha ,Badhaatuu, Kumaa, Kumee; yoo waa xiiqeffatan ammoo:Xiiqii,Xiiqessaa, kanneen yaadaafi abdiisaanii waaqa bira kaayatanis: Waaqumaa,Waaqtolee, Waaqjiraafi Waaqashii moggaasu.Gama biraan ammoo,kanneen qacceensaanii akka dheeratuufi heddummaatu barbaadan: Baayisaa, Baayisee, Leensee, Magarsaa; Isaan ayyaanni toleef ammoo: Ayyaanaa, Ayyaanoo, Ayyaantuu, Milkiifi Tolaafaa moggaasu. Akkasumas, isaan guddina fedhaniifi hawwan: Guddataa, Guddinaa,Hawwiifi k.k.f moggaasuun ijoollee isaanii waamu.Bu'aa bayii jireenyaas ittiin ibsatu....*jechuudhan ibsa.

Yaanni kunis haala Oromoonni Oromummaa isaanii ibsachuuf jecha dur ijoollee isaanitiif maqaa adda addaa Oromoo ta'e qofa wantoota adda addaa irratti hundaa'uun baasaniifi dhaloota isaanii dhaalchisaa turan bal'inaan kan ibsuudha.Irra caalattuu sabni Oromoo maqaa Oromoo Oromummaa ibsu yeroo dhala isaanitiif moggaasan daa'imti isaanii kun gara fuula duraatti eenyummaa isaanii akka hindaganneefi jiruuf jireenya isaanii keessattis mul'ata gaarii karoorfachaa isaanis diroo akka dheerataniif gahee olaanaa qabaachuu isaanii hubachuun rakkisaa miti.Akkasumas,maqaan daa'imaaf kennamu kun waan jiruufi jireenya isaanii keessatti arganiifi toleef qofa irratti hundaa'uun osoo hintaane daa'imti maqaan kennamuuf kuniyyuu fedha Waaqatiin waan

uummamaniif egereen daa'ima sanaa waan hundaan akka qajeeltofi gammachuu akka ta'uuf abdii isaanii Waaqa irra kaawachuun maqaalee maqaa Waaqaa waliin hariiroo qabu maatiin daa'ima dhalatteef kan moggaasan sabni Oromoo falaasama cimaa ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Kun ammoo,jireenya isaanii keessatti waan hundaafuu abdii kan bulfataniifi dhiisan Waaqa isaan uume qofa irratti ta'uu isaa akka hubatamu kan taasisuudha.Dabalataan,galaalchi Kallacha Oromiyaa (2006:5) Lakkoofsi 27maalummaa moggaasa maqaa ilaalchisee haala armaan gadii kanaan bal'inaan kaasee ibsa;

> *Moggaasni/kennamni maqaa dhalootaa abbaa mucaa dhalateetiin ni raawwatama.Kunis, jalqaba abbaan mucaa dhalateef gaafa bultii sagalii dhaqna dhiquun erga gadi baasanii booda mucaa irraa Shiggireen rifeensa haaduuf itti agga'ama.Booda, haala yeroo dhalootaa ilaaluufi hawwiifi fedhii daa'ima sanaaf qaburratti hundaa'uun maqaa baasaaf.*

Kanaafuu,maqaan wayita daa'immaniif ba'u warri yookaan maatiin daa'immanii maqaa dansa ta'e baasuu keessatti ga'ee guddaa akka qabaniifi ittiin waaman nuhubachiisa jechuudha.Kana jechuun ammoo gama biraatiin matiin egeree qaccee ofii ibsuu keessatti maatiin mul'ataafi akeeka guddaa akka qabaniifi waan jiruufi jireenya isaanii ittiin ibsatan calaqqisiisuu keessatti hubannoofi falaasama cimaa akka qaban daran nuhubachiisa.

### 2.2.2 Torban Jilaa

Torban jilaa namoota seera/safuu hawaasaatiif sirna maqaa baasuu Gubbisaa keessatti barbaachisanii gamtaadhan sirnicha seera isaa guutanii geggeessan/adeemsisaniidha. Isaanis, haadhaa, abbaa daa'imaa, akkoofi akaakuu, qadaddichaafi qadaddittii faadha.Yaada kana ilaachisee Waaqumaan (2002:12) irratti yoo ibsu,;

> *Gubbisni sirna maqaa baasaa Booranaa kan torban jilaa namoota hangafummaan filataman:Diigaluu keessaa Nuurituu nama tokko; Karrayyuu keessaa tokko Maxxaarri gaadullaa,abbaa jilaa,haadha jilaafi qadadduu lameen Qadaddichaafi Qadaddittii dha. Gama biraan yoo mucaan maqaan ba'u, Sabboo ta'e Goona keessaa, yoo Goona ta'e ammoo Sabbo keessaa torban jilaa kan filataman ta'a,* jechuun addeessa.

Yaanni kunis,sirna namoota gosaan filatamaniifi maatii irratti hirmaachisuun maqaan daa'immaniif ba'uusaa haalaan ibsa. Kana jechuun ammoo maqaan haaraan yeroo

daa'imaaf bahu gama maatifi firoota daa'immaniitiin jilli aadaa hawaasa sanaa ibsu seeraan kan qophaa'ee adeemsifamu ta'uu isaa hubachiisa. Gama biraatiin, Asafaa 2000:19), maqaa baasuu ilaalchisuun yeroo ibsu ; "*Maqaa baasuun daa'imti dhalattee yoo faanti biyyee fuutu torban jilaa baatee mucayyoof maqaa laatti.Maqaa baasuu ilma hangafaa Gubbisa .Yoo dubraa yookaan ilma maandhaa Moggaasa,*"jedha. Bu`uura kanaan, maqaa baasuu torban jilaa kan daa'immaniif raawwatamu ta`uu agarsiisa.Kunis adeemsa mataa isaa walduraa duuban raawwatamu kan qabuufi haala miidhagina aadaa sabichaa kan bu'uureffatu ta'uu isaa kan hubachiisu waan ta'eef jilli haala kanaan qophaa'u saba tokko diroo isaa dheeressuuf,eenyummaafi miidhagina isaas tursiisuuf baayyee barbaachisaadha. Haaluma kanaan Mulgeetaan (2014:1) maalummaafi faayidaa jilaa yoo ibsu,

> *Jilli tokko yoomeessa beekkamu keessatti wayiitii dhihaatu hirmaattoota tokkummaa isaanii cimsuuf,obbolummaa isaanii jajjabeessuuf ga'ee olaanaa taphata.Kanaaf jilli firiiwwan duudhaa, sirna amantaa ittiin geggeeffamu falaasamafi ilaalchi uummataa maal akka ta'an sirriitti hubachuuf faayidaa olaanaa qaba.Kana malees,safuun, kabajiniifi dhugeeffannaan uummata durii dhaloota ammaatti dabarsuudhan riqicha ta'ee akka tajaajilu kan beeksisuudha*.jechuun ibsee jira.

Kunis jilli tokko yeroo qophaa'uu yoomifi eessatti akka adeemsifamu kan qabuufi hawaasni jila sana keessatti haammataman hundi hariiroo gaarii akka qabaatanfi tokkummaadhan waan jiruufi jireenya isaanii keessatti raawwatan waliin yookaan gamaataadhan akka raawwatan kan taasisuu yoo ta'u, dabalataan ilaalcha hirmaattota jila sanaa ilaalcha gaarii ta'e akka waliif qabaatanii jiraatan kan taasisuudha.Itti dabalees, jilli yoomeessa beekkamaadhan adeemsifamu falaasama cimaa hawaasaa sanaati waan ta'eef wantoota hawaasni tokko durii kaasee ittiin jiraachaa turan,maal akka fakkatufi eenyu akka ta'e ibsan hunda baatee dhaloota/labatatti kan daddabarsu ta'uu isaa bal'inaan nuhubachiisa.

### 2.2.3 Qaalluu

Qaalluun akka aadaa waaqeffannaa saba Oromootti,mil'uu waaqaatiin guuttamee namaafi waaqa kan walitti fidu/walitti araarsu, hawaasa isaarraa waan hamaa kan eegu, hawaasa kan qajeelchu, aadaafi eenyummaa sabaa kan calaqqisiisu riqicha namaafi waaqaati. Haaluma walfakkaatuun waa'een qaalluu gama adda addaatiin barruuwwan adda addaa

irratti kan eeraman nimul'atu.Maalummaa qaalluu ilaalchisee,Gumiin Waaqeffannaa Addunyaa (2018:59) yoo ibsu;

> *Qaalluu ta'uun ayyaantummaadha.Kennaafi dandeettii addaa Waaqni nama gonfudha.Gonfi ykn kennaan kunis,waan namni kan biraa arguu,yaaduufi hubachuu hindandeenye afuura(holy) Waaqaan kan waa argu,kadhataafi galata namootaa kan Waaqatti dabarsuufi ergaa ykn dhaamsa Waaqa irraa kennamu/dhufu ammoo kan namaaf dabarsuudha*. jechuudhan ibsa.

Yaada kanarraa kan hubatamu qaalluun ergamaa waaqaa kan namaafi waaqa jidduutti argamuufi hojii namni  kamiyyuu hojjachuu hindandeenye kan hojjatu ta'uu daran nihubatama.Akkasumas,Kennaan kun kennaa Waaqaa waan ta'eef namoota tajaajiluuf jecha Waaqumti namoota hedduu keessaa namoota muraasa kan ayyaantessu ta'uu nuhubachiisa.  Dabalataanis, Waldaan Aadaafi Duudhaa Oromoo(2006:55) maalummaafi ga'ee qaalluu yoo addeessu;

> *Qaalluun maqaa Qaalluun yookaan qaallittiin daa'imman nihammatanis; nieebbisanis.kabajamaa waayyuu kan ayyaana waaqaan kennaa dubbii waaqaafi waaqeffannaa ibsu, mul'isu, hiikuu,barsiisuufi qajeelchuu qabuudha.Kana malees, waaqomsaafi wiirtuu amantii waaqeffannaa,kan gumii waaqeffannaan qajeelfamuudha.*jechuudhan ibsa.

Bu'uura kanaanis, qaalluun wiirtuu amantii waaqeffannaa waaqaa yoo ta,u, waaqeffattoota isaas walitti fidee tokko taasisuudhan haala jiruufi jireenya isaanii kan fuulduraa irrattis rakkina malee kan qajeelchu danda'u ta'uu isaa nihubatama.Akkasumas, qaalluun daa'imman kan eebbisuufi maqaa baasu ta'uun isaa nihubatama.Yaaduma kana kan gabbisu Tarruun(2015/6409:43) yoo ibsu,*Ayyaanni humana Waaqaati. Humna Waaqni uumama isaa mara ittiin to'atuufi ittiin tiksuudha.Uumama isaa kan ittiin qajeelchudha*.jechuun eera.Yaada kana ilaalchisee dabalataan, Hundasaan (2013:16),haala armaan gadii kanaan haalaan yommuu ibsu;

> *Hammachiisaan sirna waaqeffannaa kan mucaa dhalate tokko gara abbaa ayyaanaatti yookaan haadha ayyaantuutti geessanii eebbisiisaniidha. Kunis, luba (ayyaantuu) sanatti geessanii akka daa'ima sana hammatee eebbisu gochuudha. Sirni mucaa dhalate sana gara  ayyaantuutti geessanii akka haammatanii eebbisan gochuun kunis hammachiisaa jedhama*.jechuun ibsa.

Yaanni kun hammachiisan maqaa haaraa Qaalluun yookaan ayyaanni daa'imaaf baasuu qofa osoo hintaane jaatanii mataa isaa akka qabuufi dabalataan ammoo ayyaantuun yookaan qaallichi daa'ima maqaa haaraa kenneef/baaseef sana jaalatee kan eebbisu ta'uu isaa nuhubachiisa. Maqaa baafamu kana ayyaanni yoo maatiin daa'imaa sun bultee isaa ta'ee seera ayyaanaa/qaalluu eeganii gara masaraa Qaalluu geessan qofa ta'uu isaas kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Gama biraanimmoo,Gaazexaan Kallacha Oromiyaa(2006:5), Lakkoofsi 27 maalummaa Hammachiiisaa ilaalchisee akkas jechuun eera; "*Hammachiisaan sirna haati mucaa deesse takka torban afur yookaan torban jaha booda gara beekaa yookaan qaalluu naannoo sana jirutti wantoota barbaachisan qabatanii deemuun daa'imattiif maqaan akka ba'u gochuuti"* jechuun ibsa.Gama biraatinis yaaduma maalummaa hammachiisaa ilaalchisee haalli barreessitoonni tokko tokko baballisanii itti ibsan/calaqqisiisan nimul'ata.Innis,Toorri Interneetii

Googil www.waaqeffannaa.org/english/waaqa.god/irraatti akka ibsametti,

> *Ammachiisa is the day for blessing of new born babies and for giving names to them. The naming proces is said to be moggaasa maqaa. According to the Waaqeffannaa culture, there is certain norm or regulation of giving names to the new born. At the birthday of the baby, certain Ayyantu (the one with special gift from Waaqa) gives guidance in calculating the good relation of the day/hour of birth with the name to be given, so that a baby will have good luck in life. The name to be chosen is believed to have a meaning regarding the timing and it usually reflects the need for peace, love, joy, prosperity, etc. Such naming ceremony can take place in two ways: either by taking the baby to Galma Ayyantu (to the holy house of worshiping Waaqa) or by preparing a special place/house for the ceremony to take place.*

Yaadarimeen kunis,Hammachiisaan sirna daa'ima reefu dhalatte eebbisuufi maqaa itti baasani.Sirni maqaa baasuu kunis, moggaasa maqaa jedhama.Akka aadaa waaqeffannaatti daa'ima reefu dhalatteef aadaa maqaa baasanii kennaniifitu jira. Ayyaantuun daa'imattiif carraa gaarii akka ta'uuf jecha guyyaa dhalootaa yaaddi.Guyyicha irratti hundaa'uun maqaan filatamus yeroofi haala itti dhalatte irratti hundaa'uun hiikaa akka qabaatu taasifama.Sirni maqaa baasuu akkanaa kunis karaa lamaan gaggeeffama.Isaanis, daa'ima gara mana warra qaalluu geessuufi sirnichaaf galma yookaan mana addaa qopheessuun gaggeeffama kan jedhu ibsa.

## 2.3 Akaakuu Haala Maqaa Baasuu

Akaakuun haala maqaa baasuu haaluma bal'ina lafaafi fedhii uummataa irraa kan ka'e iddoo adda addaatti gargar ta'ee hawaasa keessatti durii kaasee hanga har'aatti aadaa fi qabeenya uummataa ta'ee dhaloota irraa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha.Isaanis Hammachiisaa, Gubbisaa, Moggaasafi kkf yoo ta'an, ragaafi aadaa  ta'ee kan hawaasa tajaajilaa jiruudha. Dhiibbawwan irratti taasifame ture irraa hafee yeroo ammaa kana xiqqaas ta'u seera mataa isaa hordofee hawaasan hawaasa keessatti adeemsifamaa kan jiruudha.Yaada kana Waaqumaan (2002:12) akkas jedha;

> *Boorana keessatti halli maatiifi firroonni daa'ima ofiitiif maqaa sanyii ofiifi mul'ata isaanii ibsu baasandurii kaasee hanga har'aatti baayyee hawwatamaadha.Innis jilli adda addaa qophaa'ee jaataniidhaan kan adeemsifamu yoo ta'u,Gujii keessattis jilli adda ta'e maatidhaan qophaa'ee kan adeemsifamu jira.Tuulama keessatti ammoo namoonni Waaqeffataa ta'an jilaan ala haaluma salphaa ta'een maqaa Oromoo Oromummaa ibsu kan daa'imaaf moggaasaniif  nijiru*.jechuun ibsa.

Yaanni kunis Oromiyaa keessatti iddoo adda addaatti uummanni Oromoo eenyummaa ofii cimsuuf jecha durii kaasanii haalli daa'ima ofiitiif maqaa baasuu jilli qophaa'uu gargar yoo ta'u, innis qaroomina sabini kun irra/keessa jiru dhala dhaalchisuuf calaqqisiisan aadaa adda addaa ta'uu isaa nuhubachiisa.Darbees jilli osoo hinqophaa'in maqaan Oromummaa ibsu moggaasuun sabummaa cimsuuf mul'ata walfakkaataa hawaasichi qabu cimaa ta'uu hubachiisa.

### 2.3.1 Moggaasafi Gubbisa

Moggaasniifi gubbisni sirnoota maqaa baasuuti.Moggaasni maqaa baasuu durbaafi ilma maandhaati.Gubbisni immoo maqaa baasuu ilma hangafaati.Maqaan haala kanaan bahan sirnoota adda addaa kan qabaniidha.Yaada kana ilaalchisee, Asafaan (2000:19)yoo eeru "*Maqbaasi daa'imti dhalte yoo faanti biyyee fuutu torban jilaa baatee  mucayyoo maqaa laatti.Maqbaasi ilma hangafaa Gubbisa.Yoo dubraa yookaan ilma   maandhaa Moggaasa*" jechuun ibsa.Akkasumas,yaaduma kan gabbisu, Abbabaan(1996:1), haala adda  addaan  kennamuu maqaa ilaalchisee yoo ibsu "*Warri waaqeffataa giddugaleessa kutaa Oromiyaa Tuulama/Shawaa keessatti,Hammachiisaa;Gujii biratti Maqbaasa; Boorana biratti ammoo,Gubbisa.Gubbisni, angafni yoo  dhiira ta'e  qofa  kan raawwatu"* jechuun ibsa.Yaanni kuni Tuulama keessatti namoonni waaqeffataa/bultee

qaalluu ta'an gama hammachiisatiin daa'ima isaanitiif maqaa akka baasisaniifi Gujii keessatti ammoo sirni daa'imaaf maqaa kennuu maqbaasa jedhamee kan beekkamuu yoo ta'u,Boorana keessatti garuu,sirni maqaa daa'imaaf baasuu gubbisa jedhamee kan beekkamuufi innis daa'imti dhalatte saalaan dhiira taatee angafa/kan dura dhalatte callaaf kan jedhamu ta'uu isaa kanhubachiisudha.

Dabalataanis maalummaa Gubbisaa ilaalchisee,Ibraahim(2005:90) haala armaan gadii kanaan bal'inaan calaqqisiisa;

> *Gubbisa –Naming ceremony of the first born son .The naming ceremony of second, third and so on sons is called Moggasa.During Gubbisa ceremony,the mother of the son to be named is expected to get precious gifts.The gift giving practice during Gubbisa can be in its own way contribute to the vulnerabilty of women in particular and the host community in general.*

Yaada kana keessattis,Gubbisni maqaa baasuu ilma hangafaa akka ta'eefi Moggaasni ammoo, maqaa baasuu maandhaa ta'uu isaa erga ibsee booda, jila (Sirna) kanarrattis kanneen fira dhihoo,jaalaafi hawaasa naannoo irraa haadhaafi maatiif akka waliigalaatti kennamu jiraachuu ibsa. Kuni ammo, maqaa kabajaafi jaalalaan firoota keessatti firaan bahu ta'uu isaa sirriitti kan hubachiisudha.

Yaaduma kana Waaqumaan, (2002:12) bal'inaan yoo cimsu "*Gubbisni jila(sirna) maqbaasa /maqaabaasuu/ ilma hangafaaf godhamuudha. Jilli maqbaasa hangafaa kun ulfina guddaa waan qabuuf, yeroofi akkaataa itti adeemsifamu qaba"* jedha. Bu'uura kanaan, maqaan bakka adda addaatti haalaafi maqaa adda addaa qabaachuun daa'immaniif kan moggaafamuufi sirna mataasaa danda'e akka qabu ta'uun nihubatama.

### 2.3.2 Maqaa Baasuu/Hammachiisaa

Sirni maqaa baasuu/hammachiisaan sirna daa'imman warra qaalluutiin maqaan akka ba'uuf taasifamudha.Yaada kana ilaalchisee bal'inaan Hundasaan,(2013:16)haalaa armaan gadii kanaan ibseera;

> *Hammachiisaan sirna daa'ima Galma Gimbii Qaalluu gosaa bira geessanii maqaa baasisuu yookaan maqaa ba'e eebbisiisuuti. Hammachiisaan sirna waaqeffannaa kan mucaaa dhalate tokko gara abbaa ayyaanaatti yookaan haadha ayyaantuutti geessanii eebbisiisaniidha. Kunis, luba(ayyaantuu) sanatti geessanii akka daa'ima sana hammatee eebbisu gochuudha.Sirni mucaa dhalate sana gara*

> *ayyaantuutti geessanii akka haammatanii eebbisan gochuun kunis hammachiisaa jedhama*.

Hammachiisni adeemsa sirna maqaa baasuu qaalluun Oromoo daa`iimman waaqeffattootatiif kennuudha.Kuni namni bultee ayyaanaa/qaalluu ta'e tokko yoo daa'ima horate seera qaalluu/ayyaanaa sana guutee daa'ima dhalatte sana qabatanii gara warra qaalluu sana masara isaanii geessudhaan maqaa baasisaaniifi eebbisiisuun sirna hammachiisaa akka ta'e yaada jedhu kan hubachiisudha.Haala kana ilaalchisuun kitaabni, Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006:278),yoo ibsu akkas jedha "*Hammachiisaan sirna waaqeffannaa kan mucaa dhalate tokko gara abbaa ayyaanaatti yookaan haadha ayyaantuutti geessanii eebbisiisaniidha. Kunis, luba(ayyaantuu)sanatti geessanii akka daa'ima sana hammatee eebbisu gochuudha.Sirni mucaa dhalate sana gara ayyaantuutti geessanii akka haammatanii eebbisan gochuun kunis hammachiisaa jedhama*"jechuun hiikaa hammachiisaa addeesseera

Sirni kun sirna Oromoonni akka aadaatti ilmaan isaaniif maqaa eenyummaa isaanii ibsu galma qaalluu geessuudhaan maqaa dhuunfaa moggaasisaniifidha.Aadaa kana ammoo, namoonni adda addaa yeroo dheeraadhaaf naannoo Oromiyaa keessatti kallattii adda addaatiin aadaa yeroon irra darbe jedhanii ija tuffiifi jibbaatin ilaallamaa kan ture yoo ta'u, dhala isaanitis jibbisiisurra darbanii gosa keessaa akka bahan taasisaa turuun isaanii nama hinshakkisiisu.Namni aadaa akkanaa tuffachuun gosa keessaa bahe ammoo,eenyummaa ofii dagachuurra taree lammiidhanis nidagatama.Yaada kana ilaalchisee Dirribiin (2012:14-15) haala ifa ta'een yoo ibsu;

> *Aadaan maqaa baasuu giddu-galeessa kutaa Oromiyaa: hammachiisaan bal'inaan beekama.Ayyaantuun yeroo hammachiisaa daa'ima/ijoollee waaqeffattootaa haammatee, gosaafi lammiitti dabala.Akka ilaalcha waaqeffannaatti namni hammaachiisaan booda nama lammiifi nama gosaa jedhama.Akka aadaa waaqeffattoota Oromootti nama hinhammachiifamneef lammiin gumaa baasuuf hindirqamu*.

Qabxiileen/yaadni maalummaa sirna maqaa baasuu/ sirna hammachiisaa armaan olitti ibsamanis,yaadrimee hammachiisaan naannoo Oromiyaa keessatti beekkamtii qaalluun daa'imman hammachuun maqaa Oromummaafi diroo isaanii ibsu baasuun gosa isaanitti makuudha jechuun nidanda'ama.Kanaafuu,hammachiisaan adeemsa sirna Qaalluun

daa'ima reefu addunyaa kanatti dhufteef maqaa eenyummaa ishii ibsu baasuun eebbisee hawaasatti akka makamtu kan taasisu ta'uu isaa haalaan kan ibsuudha.

## 2.4 Haala Maqaan Oromoo Maqaa Biraatti Jijjiirramee

Maqaan ganamaa akka aadaatti Oromoon ilmaan isaaf baasee eenyummaa isaa akka yaa'a galaanaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture dhiibbaa siyaasaafi amantii garmalee yeroo gara yerootti babal'achaa jiruun geeddaramuu danda'eera.Kanarraa kan ka'e, maqaan eenyummaa saba Oromoo ibsu gatuudhan maqaa alagaatiin Oromummaa ofii golganii maqaa hambaan yaamaman babal'achaa jira.Yaada kana kan haalaan ibsaniifi hadheeffatan barruulee adda addaa ilaaluun ni danda'ama.Yaada kana ilaalchisee,Gumiin Waaqeffannaa Oromoo (6411:132)akka armaan gadii kanatti ibsa.

> *Maqaa Oromoo jijjiiruun warra Kiristaana Ortodoksii, Oromoo" Amahariazation Process"yoo ta'u, warri Islaama ammoo maqaa Oromoo balleessanii maqaa Arabaa kennuufiin"Arabiazation Process" yoo ta'u,warri amantii Wangeelaa ammoo maqaa Oromoo jijjiiranii kan Yehudootaa kennuun "Jihudaism Process" akka ta'ettan hubadha. Akka qeesii Walda'a wangeelatti kun dogoggora sirrachuu qabani.Anaaf sabni Oromoon amantaadhanKiristaanaas ta'ee, Musiliimas ta'uun isaan hinbarbaachisu.Ani maqaa Oromoo jijjiiruun aadaa Oromooballeessuu keessaa tokko ta'uu isaattaan hubadha.*

Yaanni kun haalli maqaan Oromummaa ibsu hafee Oromoonni maqaa alagaa moggaafatanii ittiin waamaman jiraachuu heera.Gama biraatin ammoo, Waaqumaan (2002:2) maalummaa dhiibbamuu sirna Hammachiisaa gama siyyaasafi amanttiitiin ilaalchisee akkaataa armaan gadii kanaan ibsa. "*Akkuma eenyumtuu beeku, dhiibbaa siyaasaa yeroo darbee fi amantii hanga ammaa hidda gadi fageeffatee daran akka abidda saafa'aa babal'achaa jiru irraa kan ka'e, sirni Oromoonni akka aadaatti ilmaan isaaniif maqaa eenyummaa isaanii ibsu baasan /moggaasisan, kan akka:Hammachiisaa aadaa yeroon irra tare ta'anii golgamaa jiru*."jechuudhan ibsa. Yaanni kun sirni hammachiisaa sirna siyaasa abbaa irreetifi amantaa hambaatiin dhiibbamee kan badeefi maqaan Oromoo Oromummaa ibsu badaa kan ture ta'uu isaa cinaatti wantoonni sirna hammuu sana keessatti eenyummaa Oromoo ibsan tuffatamaatii Oromoonnis akka tuffataniif amantaa birootiin iddoo hundatti haguuggamaa jiraachuu kan hubachiisudha.Dabalataan yaada rimee kana kan qabu Abbabaan (1996:1) gubbaatti akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

> *Amantii musliimaa baayyinaan gara gammoojjiitti babal'achaa jiruufi amantii kiristaanaa baddaa gammoojjitti tamsa'aa jirurraa kan ka'e aadaan maqbaasaa/moggaasaa qixa barbaadameen adeemsifamaa hin turre.Kanarraa kan ka'e, kutaalee Oromiyaa baay'ee keessatti maqaan eenyummaa saba Oromoo hin ibsine lafaa fi namatti maxxaneera; aadaaleenifi sirnoonni maqbaasaa kutaa Oromiyaa adda addaatti gaggeeffamaa turan dhiibbaa siyaasnifi amantiin adda addaa taasisanni/raawwataniin maqaan namaafi lafa Oromoo geeddaramuu danda'aniiru*.jechuun kaa'a.

Kanarra kan hubatamu ammoo,amantiin alagaa adda addaa Oromiyaa keessa kan faca'eefi Oromoota bayyee dhuunfate aadaa maqaa baasuu Oromoo irratti kan dhiibbaa geessiseefi waan Oromoo ibsu ammoo balleessaa akka turan daran ibsa. Karaa biraatiin maqaan alagaa Oromootarratti qofa osoo hinta'in qabeenya Oromoo handhureeffachuuf lafa Oromoorrattis maxxanfamee akka ture kan hubachiisudha.Yaada kana kan deeggaru, Maammoon (2006:131) yommuu ibsu *"Amantii alagaa yoo fudhanne maqaa keenya kan isaaniititti jijjiirra.Seenaafi aadaa keenya dhiisnee kan isaanii baranna"* jechuun dhiibbaa amantiin maqaafi aadaa maqbaasaarratti qabu addeessa.Kunis,amantiin alagaa maqaa eenyummaa sabaa ibsu geeddaruudhan dhiibbaa guddaa hangana hinjedhamne dhaloota irratti yeroodhaa gara yerootti geessisaa akka deemu daran kan hubachiisudh.Dabalataan Waaqumaan (2002:14), haala jijjiirramuu maqaa Oromoo ilaalchisee akka armaan gadii kanatti yoo ibsu,

> *Minilik yeroo bulchiinsa isaatti namoota qaalluutti bulan baay'inaan 'kiristinnaa' kaasise.Hayila Sillaaseenis labsii biyya tokko, qooqa tokkoofi amantii tokko jedhuun namoonni bilisa ta'anii akka amantii mataasaanii hinhordofne godhe.Bifuma walfakkaatuun Mangistuun/ sirni Dargii ilaalcha mootota kanneenii cimsuun galmaafi siidaawwan warra qaalluu Oromoo ta'an hunda diiguun guggube.Qaallichaafi qaallittii, akkasumas, namoota qaallichaafi qaallittiitti guddoo dhiyaataniifi hawaasa tajaajilan reebichaafi hidhaaf saaxile*.jechuudhan ibseera.

Yaadarimee kanaanis, seenaa biyya keenyaa keessatti mootonni habashaa sirnoota gaggeessan keessatti fonqolchaafi darara abbootii qaalluufi waaqeffattoota irraan ga'aa turaniin galmii qaalluu kuun diiggamee, kuun gubateera.Gochaawwan kanarraa kan ka'e,dhiibbaa guddaan qaalluurra waan ga'eef sirnoonni qaalluudhaan raawwatamaniifi hawaasummaan Oromummaa cimsanii tokkummaafi eenyummaa Oromoo daran/sirriitti ibsan duubatti qabamuu/hafuu danda'amaniiru

## 2.5 Miidhaa Maqaa Alagaan Waamamuun Qabu

Maqaa alagaa baafachuufi ittiin yaamamuun miidhaa guddaa qaba.Qeeqa eenyummaa ofii ibsachuu keessa waan galchuuf, Oromoota hedduuf dhukkubaafi qaanii kan ta'eedha. Kanaafis, haalli Oromoonni maqaan alagaa mogga'eef maqaa isaanii kana lagatanii kan abbaa, darbaniis, kan akaakayyuu isaanii ibsachuuf yoo dirqaman nimul'atan.Kun ammoo, haala qaroomina eenyummaa ofii ibsachuu waliin walqabatee labata dhufu qeeqa eenyummaa ofii ibsachuu dhorkuu keessatti kan dabaluu danda'u ta'a.Yaada kana ilaalchisee Waaqumaan,(2002:1-2) yoo haalaan ibsu;

> *Uummanni Oromoo maqaa yoroo daa'ima isaatiif baasu waan irraa ka'ee baasuuf qaba.Maqaan isaan baasaniif kun ammoo kan eenyummaa warra sanaafi diroosaanii addeessudha.Sababa dhiibbaa amantiifi siyyaasatiin maqaan gaafa geeddaramaa deemu,eenyummaan maatiifi sabaas geeddaramaatii deema.Kanaaf,namni eenyummaa isaa hinbeekne garbicha* jechuun maqaa alagaa hadheeffata.

Yaada kanabu'uura godhachuun, Oromoonni baayyeen maqaa eenyummaa isaanii hin ibsineen hamma har'atti ittiin waammamaa jiru.Maqaa alagaa kanattis qaana'aa/saalfachaa kan jiraniifi gara maqaa eenyummaa isaanii ibsutti jijjiirrachuuf kutannoo kan qaban ta'uufi namni eenyummaa isaa beekee waan ofiitiiin boonuu akka qabu nihubatama.Kana jechuun ammoo, namni dhiigaan Oromoo ta'ee maqaa algaatiin waammamaa jiru dhiibbaa maqaa alagaan waammamuun qabu irratti hubannoo argatee kutannoodhan kan eenyummaa isaa ibsutti jijjiirrachuu akka qabuufi daa'ima isaatifis maqaa Oromummaa ibsu moggaasuu akka qabu nuhubachiisa.

## 2.6 Akkaataa Maqaa Hambaa Hambisuu

Oromoonni osoo dhiibbaa maqaan alagaa qabu hubannoo isaa hincimsatiniifi hinjaalatin maqaa alagaa fudhatan kutannoodhan aadaa maqaa baasuu dhiibbamee ture deeffachuufi mirga seeraan maqaa hambaan waamamuu ofirraa hambisuu argametti fayyadamuun maqaa hambaa galchanii,kan Oromummaa isaanii ibsu baafachuun/moggaafachuun dabalaa akka dhufe nimul'ata.Yaada kana ilaalchisee Gumiin Waaqeffanna Oromoo(1611:140) yoo ibsu,

> *Uummanni Oromoo falaasama dhuunfaa isaatiin finna isaatiif maqaa hidda dhalootaafi balbala gosa isaa ibsu baasafii kan ture guyyaa keessa dhiibbaa sirna nafxanyaafi sirna amantii alagaatiin maqaa saba biraa*

*finna isanitiif baasifamaa ture yeroo ammaa kana miidhaa maqaan alagaa qabu baruudhan karaa seeratiin ofirraa galchaa jiru.Finna isaanitiifis maqaa eenyummaa saba isaanii ibsu baafachaa jiru* jedha.

Yaanni kun ammoo miidhaa maqaan alagaa qabu hubatamaa dhufuufi sabboontonni hedduun duula maqaa alagaa galchuurratti akka xiyyeeffachaa jiraniifi yeroo ammaa kana daa'ima isaanitiif maqaa ganamaa kan sanyii isaanii ibsu baasafii akka jiran kan hubachiisudha. Kunis Oromummaa isaanii ibsachuu yookaan eenyummaa ofii beeksisuu keessatti ga'ee olaanaa kan qabuufi amansiisu ta'ee kan mul'atuudha.

## 2.7 Ergaa Maqaa Hambaa Ofirraa Hambisuu

Maqaa saba alagaa eenyummaa ofii hinibsine ofirraa hambisuun barbaachisaadha. Sababni isaas, maqaan ibsituu eenyummaa namaa waan ta'eef labata Oromummaa isaatti boonu malee labata aadaafi amantii alagaa fudhatee aadaafi amantii Oromoo ganamaa dhiibee eenyummaa ofii dagatu horachuun waan hinbarbaachisneef fakkeenyummaan dhaloota har'aa filannoo hinqabu.Haala kanaan,barbaachisummaan maqaa alagaa ofirraa gatuu beektonni tokko tokko barreesan ilaaluun gaariidha.Yaada kana ilaalchisee Abbabaan (1996:18) irratti haala armaan gadii kanaan ibsa.

*Babal'achuu amantaa Musiliimaa irraa kan ka'e, ilmaan Oromoo naannoo lafa qilleensa hoo'aa jiraatan hedduun maqaa warra Arabaatiin yaamamu.Kanneen naannoo lafa qilleensa qorraa gara baddaa jiraatan ammo amantaa Ortodoksii waan hordofaniif baay'een isaanii maqaa warra Habashaatiin yaamamu.Jarreen kun har'as ilmaan saanitiif maqaa isaan hinibsine baasisaafii jiru. Kanaaf nuti dhaloonni har'aa maalummaa maqaa alagaa hubannoo malee nuuf bahe kana hubannee osoo ofirraa deebisnee, kan keenya isa eenyummaa keenya ibsuun waamamne daran filatamaadha*.jedha.

Yaanni kun uummanni Oromoo lafa/dachee qilleensa baddaafi gammoojjii keessa jiraatanii amantaa warra alagaa ta'e hordofaa turaniifi jiranmaqaa Oromoofi Oromummaa ibsu dhiisanii maqaa Oromummaa hinibsineefi maqaa alagaata'e kan amantaa Ortodoksiifi Musiliima waliin hariiroo qabu dhala isaatiif kan baasaa turaniifi har'as baasafii akka jiran daran nuhubachiisa.Kana jechuun ammoo, maqaan warra Habashaafi warra Arabaa saba Oromoofi Oromummaa waan hinibsineefi hariiroos hinqabneef daa'ima ofiitif moggaasun akka hinbarbaachifneefi namoonni maqaa Oromummaa hinibsine kana ofirraa qaban maalummaa isaa hubatanii ofirraa gatanii/deebisanii kan Oromummaa ibsu baafachuun ittiin yoo waammaman baayyee filatamaafi miidhagaa ta'uu isaa kan nuhubachiisudha.

## 2.8 Faayidaa Aadaa Maqaa Baasu Dagaagsuun Qabu

Aaadaan kamiyyuu mallattoo saba tokkooti.Innis sabni tokko saba kam akka ta'e saba biraa irraa adda baasee qaroominni sabichaa sadarkaa kamirra akka jiru kan ibsuudha.Aadaawwan eenyummaa sabichaa ibsan keessaa tokko ammoo aadaa maqaa baasuuti.Aadaan kun eenyummaa saba tokkoo labata tokko irraa fuudhee labata biraatti waan dabarsee ibsuuf kan dagaaguu qabuudha.Aadaa maqaa baasu dagaagsuun ammoo, eenyummaa saba baruufi barsiisuu waan ta'eef guutumatti dhaloonnijiru waardiyaa bahanii dhaloota dhufuuf tursiisuun barbaachisaadha.Akkasumas,ibsituu aadaafi eenyummaa ofii tursiisuu qofa osoo hintaane barsiisuufi kunuunsuun xiyyeeffannoo dursi kennamuufidha.Kanaafuu,aadaan maqaa baasuu/ammuu qabeenya guddaa hawaasaa dhaloota ofiikan dhaalfamuu qabu ta'uu hubachuun barbaachisaadha.Dhugaa kana Waaqumaan (2002:37) irratti bu'aa aadaa maqaa baasu dagaagsuun qabu ilaalchisee haala armaan gadii kanaan ibsa;

> *Maqaan aadaan ba'u aadaa keessaa hin ba'u; kan ormaas hin dhahu; eenyummaas hindagatu.Aadaan maqaa baasuu uumama haaraaf beekkamtii eenyummaa aadaan gumii duratti kennuun hawaasummaa cimsuurra darbee eenyummaa sabaaf waardiyaa dhaabbata.Aadaa maqaa baasuu dagaagsuufi eeguun eenyummaa ofii tursiisuu waan ta'eef xiyyeeffannoon kennamuu qaba.*

Kunis,aadaa maqaa baasuu bakka adda addaatti bifa adda addaatiin geggeeffamu jabeessuun itti fayyadamuun kan barbaachiseef ulaa qaamni adda addaa amantiifi eenyummaa ofii karaa Oromootaa sababeeffachuun ibsachuu barbaadan itti cufuu ta'a.Gama biraatiin maqaan Oromoo ta'ee Oromummaa ibsu yoomifi eessattuu saba Oromoo malee saba biraa kan hinibsineefi aadaafi eenyummaa Oromoo warra biraatiif ibsuuf as haftee kan hinqabne ta'uu isaa cimsee kan ibseedha.Itti dabalees maqaa eenyummaa isaanii ibsu akka baafatan dhalootaa dhalootatti dabarsuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachiiseera.

## 2.9 Dhiibbaa Amantiifi Siyaasni Aadaa Maqaa Baasu Irratti Qabu

Amantiin alagaafi siyaasni biyya kana keessa ture aadaa maqaa baasuu Oromoo irratti dhiibbaa guddaa geessisaniiru.Keessattuu, sirni mootummaa Dargii uummata Oromoo akkuma saba Amaaraatitti afaan Amaaraafi amantii Ortodoksii akka hordofan taasisuun

sirni waaqeffannaa akka badu galma qaalluu kaan diiguufi kaan gubuu danda’eera.Yaada kana ilaalchisee, Waaqumaan (2002:39), yoo bal’inaan ibsu;

> *Aadaa maqbaasaarratti kan akka siyaasaafi amantii dhiibbaa geessise hinjiru.Gaggeessitoonni amantii kiristaanaa,Qeesonnifi qondaaltonni siyaasaa yeroo dargii Oromoonni maqaasaanii kan ganamaa akka geeddaratan gochaa turaniiru.Kanarraa kan ka’e, maqaan eenyummaa Oromoo ibsuufi amantiin Waaqeffannaa Oromootaa badee maqaan alagaa ibsuufi amantiin alagaa Oromiyaa keessatti dagaagaa dhufe.Kana waan ta’eef,dhaloonni har’aa ammoo,gocha kana ofirraa dhiibanii too aadaa Oromoo ganamaa deeffatanii dagaagfachuu qabu.*jedha.

Yaanni kunis Sirni Dargiifi labsitoonni amantii Ortodoksii Oromoonni dirqamaan akka kan ofii dhiisanii amantii alagaa hordofan taasisaa turuu ibsa. Akkuma beekkamu sirni darbe calaqqisiistuu mallattoo eenyummaa saba Oromoo kan ta’an aadaa,duudhaa,afaanfi maqaa Oromoo jibbuudhaan mirga sabichaa yeroo dheeradhaaf cunqursaa kan turee yoo ta’u, maqaan Afaan Oromootiin moggaafanii jiran akka maqaa alagaatti jijjiirramu taasiseera. Maqaan eenyummaa Oromoo hinibsine har’as kuta Oromiyaa hedduu keessatti baddaafi gammoojji,magaalafi baadiyaa osoo hinjenne daran babal’atee akka jiru nimul’ata.Kuni ammoo gara fuula duraatti maqaa Oromoofi Oromummaa balleessuu qofa osoo hintaane sabaafi sab-lammoonni biyya kana keessa jiranis akka eenyummaa isaanii hinbarreefi ofdagatanii akka hafu kan taasisuudha.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi wantoota mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka: Mala qorannichaa, Iddattoo qorannichaa,Maloota odeeffannoon ittiin sassaabamu akkasumas,Muuxannoo yeroo hojii aloolaan argamuu malu tartiibaan kan dhihaataniidha.Adeemsa kana keessattis madda ragaa,mala ragaa sassaabuufi gosoota meeshaalee funaansa ragaa qorannichaaf filatamanwalduraa duubaan nidhihaatu.

## 3.1. Mala Qorannichaa

Haayyoonni malleen qorannoo adda addaa akka jiran bal’inaan ibsanii jiru.Isaan keessaa tokko mala qorannoo akkamtaa/qulqullinaa (qualitative method)dha. Addunyaan (2011:60), Tim (2002) fi Sigh (2007) wabeeffachuun malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta`e kan ittiin xiinxalamee hubatamu ta`uu ibsa.Haala kanaan, qorattuunis mala kana fayyadamuun mala qorannoo ibsaa (descriptive) hojiirra oolchuf filattee jirti. Sababni isaas,malli kun mata duree qorannoo kanaa waliin kan walqabatuufi qorannichis akka karaa sirrii ta’een yoomeessa isaa waliin maaltu akka ta’aa jiruufi hinjirre akka ibsamuuf waan murteessaa ta’eefi.Yaada kana ilaachisee Addunyaan (2011:62) irratti yoo ibsu,*Malli qorannoo ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta`e, maaltu akka ta`aa jiru kan ittiinaddaan baafannuudha.* jechuun eera.Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon sirna Maqaa Baasuu Qaalluu Aanaa Ada’aa Giiftii Dinqituun raawwatamu xiinxaluu waan ta`eef, qorannoo kana keessattis odeeffannoon argamu lakkoofsaan osoo hintaane jechootaan wanti qoratamu hundi kan ibsamuudha.

## 3.2. Filannaa Iddoo Qorannoo

Qorannoon kun kan adeemsifame Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aakeessatti yoo ta’u, qaalluuwwan aanaa kanakeessatti argaman keessaa Qaalluun Giiftii Dinqituuisa tokkoodha.Masaraan qaalluu kanaa ganda dhankaakaa iddoo addaa Gololee jedhamuttikan argamuudha.Qabanni qorannichi achitti gaggeeffame,qorattuun hawaasa aanaa sanaa keessatti dhalattee waan guddatteef safuu, aadaa, duudhaa, sirnaafi namoota

odeeffannoo guutuu kennuufii danda`aniifi adeemsa raawwii kanaa sagaleefi viidiyoodhan waraabuuf, darbees suuraa kaasuuf carraa guddaa waan qabduufi.

Akkasumas,haala naannoofi namoota odeeffannoo kennan sirriitti beekuun ammoo,irra caalaatti qorannichi ragaa dhugaa ta'een deeggaramee qorannoo gaarii akka ta`uuf nigargaara Haala kana ilaalchisee Mac Donald (1972:413-414) haala qorannoo tokkoo duraan dursanii haala iddoo sanaa beekuufi beekuu dhabuurratti hundaa`a jechuun ibsa.Kanaafuu, qorattuun naannoo sanaafi haala raawwii sirna maqaa baasuu/ammuu kanaaf haaraa waan hintaaneef odeeffannoo gahaa hawaasa naannoorraa salphaatti akka argattuuf daran ishii gargaareera.Kana malees, naannoo qorannoon kun itti adeemsifamu/godhamu bu`uuraaleen misoomaa kan akka karaa, ibsaa,bishaan, bilbilaafi kkf waan jiruuf qorannichi seeraan akka qoratamuuf mijataa ta'eera.

### 3.3. Mala Filannoo Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo geggeessuuf iddattoo filachuun baayyee barbaachisaadha.Sababiin isaas adeemsa qorannoo keessatti yaadota ijoo ta'aniif namoota afgaaffidhaaf dhihaatan ittiin filachuuf gargaara.Akkasumas,qorannoodhaaf yeroo,maallaqafi humna namaa qusachuuf kan yaaddameedha.Kanarraa kan ka'e Qorattuun, mala iddattoo qorannichaa kan mata duree ishii waliin deemuu danda'u iddattoo garagaraa lama kan fayyadamteedha. Malleen iddattoo kunis, iddaattoo akkayyoo (purposive sampling)fi mala iddattoo darba dabarsaa (snow ball sampling) jedhamuudha.Haala kanaan qorattuun, mala iddattoo akkayyootiin namoota raawwii sirna maqaa baasuu/hammuu haalaan nibeeku jettee itti amantee filatteen hojii qorannoo ishee adeemsisteerti.Yaada kana ilaalchisee,Kumar(1999:162) yoo ibsu, qorataan mala iddaattoo akkayyoon odeeffannoo kennitoota filatu, qorannicha fiixaan baasuuf odeeffannoo gaarii kennuu kan danda`an jedhee yoo itti amane kan adeemsisuu ta`uu ibseera.Kanaaf, haala armaan olitti ibsame kanaan ragaaleen aslii ta'an gama qorattuutin namoota namoota nibeeku jettee itti amanturraa funaantee qorannichi akka milkaa'uf dhamaatii adda addaa taasifteerti.

Malli iddaattoo inni lammaffaa qorattuun filatte,mala darbaa dabarsaati.Akaakuun iddattessuu kanaa darbaa dabarsaan odeeffannoo kennitoota filachuun odeeffannoon kan funaanamudha.Mala iddattoo kanas,Addunyaan (2011:67) hayyuu Denscombe (2007)

wabeeffachuun yoo ibsu, "*with snowball sampling, the sample emerges through a process of reference from one person to the next"* jedha.

Kanaafuu, qarattuun bu`uuruma kanaan odeeffannoo kennitoota sirna raawwii maqaa baasuu/ammuu daran beekan maanguddoota naannoo,namoota bultee qaalluu Giiftii Dinqituu ta'an, maanguddoota masaraa qaalluu keessaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga`uu yookaan fiixaan bahuu nidanda'u jedhamanii amanamaniifi abdataman irratti kan xiyyeeffatteedha.Dabalataan,Odeeffannoo maalummaa maqaa baasuu/hammuu cimsachuuf namoota waajjira/biiroo Aadaafi Turiizimii Aanaa Aada'aa keessa hojjatanii muuxxannoo guddaa qaban irrattis xiyyeeffattee qarannicha kan dalagdeedha.

**3.4. Maloota Odeeffannoo Funaanuu**

Qorannoon kun gaggeeffamuuf qorattuun madda odeeffannoo gurguddoo lamarrattikan xiyyeeffatteedha.Isaanis: madda ragaa tokkoffaa kan ta'an hojii aloolaa (field work) bahanii odeeffannoo mata duree waliin hariiroo qaban irratti hundaa'uun odeeffannoo sirrii kan guurte yoo ta`u, inni lammaffaan akka madda ragaa lammaaffaatti kitaaba irraa odeeffannoo mata duricha waliin walitti dhufeenya qaban sakatta`uudhan ragaa argame seeraan qindeessiteerti. Kana waan ta'eef,aloolaatti bahanii qorannoo osoo hinadeemsisiin dursa hojiilee aloolan hojjetamuu qaban hunda haala adeemsa isaa hubachuun barbaachisaadha.Haala kana ilaalchisee Mac Donald (1972:408) yoo ibsu *"Reasercher may want some wher thinking that the more crusial data of adivaced calturs be gatherd and could be conductedeasly.But it is too difficulty and to costy to collect data. Because good reasercher could get the moste inportana data of the stude at the the result of attation given to stratagies trier to do.Which may beign from attentive reading as deriver"*jedhee ka'a. kana jechuun namoonni baay`een jechuun nidanda`ama, gara naannoo aadaan guddatetti/badhaadhetti deemuun/bobba'uudhan wantoota barbaachisoo ta`an baayyee argachuu nidanda`a.Haata`u malee, odeeffannoon aloolaa seeraan waraabbame kan jalqabu mana kitaabaa keessa kan jiru minjaala irratti dubbisanirratti akka ta`e haalaan ibseera.Gara aloolaatti bahuun malootni odeeffannoo fookloorii barbaachisoo ta`an karaa adda addaa sassaabbamuu/funaannamuu nidanda`a. Haaluma kanaan haala maloota qorannoo aloolaa ilaalchisee, Fekade (1991:90) yemmuu ibsu, qorannoon aloolaa karaa adda addaa sadiin adeemsifamuu nidanda`a.Isaanis:

daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee jechuudhan wal-duraa duubaan/ tartiibaan tarreesseera.Kana jechuun ammoo,namni kamiyyuu qorannoo tokko geggeessuuf waan qoratu sana dursee ilaaluun maalummaa waan sanaa sirriitti hubachuufi waan sirriitti hinhubatamin ammoo xiyyeeffannoo itti kennee hubachuun barbaachisaa ta'uu isaa dhugoomsa. Akkasumas, namni sun odeeffannoo waan qoratuu san cimsachuuf namoota waan qoratamu sana daran beekaan waliin yaada waljijjiiruu akka qabu kan hubachiisudha.

Dabalataanmaloota odeeffannoon ittiin sassaabbamu/funaannamu ilaachisee Goldstein (1974:77)irratti yoo eeru,qorataan aloolaarratti qorannoo gaggeessu odeeffannoo tooftaa adda addaan walitti qabachuu kan danda`u daawwannaafi afgaaffiin baay`ee barbaachisaa akka ta`e ni addeessa.Kanarraa ka'uudhan qorattuun kunis kaayyoon qorannoo kanaa akka fiixa bahuuf tooftaalee odeeffannoon ittiin sassaabbamu/funaannamu kanneen akka barruu sakatta'uu daawwannaa,afgaaffiifi marii garee taasifteen odeeffannoo aslii ta'eyeroo isaa eeguun walitti qabdee dhiheessiteerti.

### 3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaan qorannoo fookloorii keessatti,malaqorataan/qorattuun waan qorachuu barbaadan tokkorratti odeeffannoo argachuufi dhugoomsuuf gocha taasifamukeessaa isa tokko yoo ta'u,innis wanta qoratamu daran mirkaneessuuf adeemsafi gocha aloolaan taasifamee ragga'uudha.Haala kanas Goldstein (1974:25) yoo ibsu, qorattoonni fooklooriis akkuma qorattoota aloolaa kaawwanii gochuun barbaachisaa akka ta`e addeessa.Haaluma kanaan, qorattuunis gaafa guyyaa 08 / 07/ 2011 ALH mana warra qaalluutti argamuun raawwiifi fookiloorii Hammachiisaan walqabatu daawwachuufi yaadannoo qabachuun cinaatti, sagaleefi viidiyoodhan waan muraasa ta'e waraabuu; akkasumas, suuraan deeggaramuun odeeffannoo walitti qabdeerti.Adeemsa odeeffannoo haala kanaan funaanuu keessatti galma qaallichaatti rakkoon dhabamuu humna ibsafi yeroon sirnaa halkan ta'uun qorattuu muudateera.Haa ta'u malee ibsaa dungoofi soolariitiin,waraabbiin viidiyoo sagalee hirmaattonni jilichaa gochaa raawwatan, haala yoomessa uumamaa akka qabu,adeemsa ayyaanichaa keessattis miirri hirmaattonni agarsiisan sirriitti ilaaluun hubachuu dandeesserti.Gama birootiin ayyaanni qaallicharratti yeroo bu'uufi daa'ima muraasaf maqaa baasu ijaa daawwachuu malee kaameraadhan

suura isaanii kaasufi viidiyoodhan sagalee isaanii waraabuuf dursa eeyyamni gaafatamus Qaallichi eeyyamamaa ta'uu dhiisuurraa kan ka'e rakkoon qorattuu muudatera.Yeroo kana keessa qorattuun namoota bultee ayyaana kanaa ta'anii daa'ima isaanii baatanii masaraa qaalluu Giiftii Dinqituutti argamanii hammachiifatanii maqaan ayyaanichaan baafameefii eebbifaman hubatteerti.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Afgaaffiin gaaffii qorataan/qorattuun tokko waa'ee waan qorattuu beekuufnama/namoota waan qoratamu sana beeku/beekan irraa odeeffannoo afaaniin funaananii qorannoo sana fiixa baasisuudha.Qorannoo kana keessattis malli odeeffannoo funaanuuf qorattuun itti fayyadamte keesssaa afgaaffiin isa tokkoodha.Qorattuun kun gaaffilee qorannoo kanaaf odeeffannoo quubsaa ni argamsiisu jettee qopheeffatte qabattee gaafa guyyaa 12,14fi 18/07/2011ALH maan guddootafi dubartoota umuriin isaanii turanii beektufi qaalluufi waan qaalluudhaan raawwataman hunda nibeeku jettee abdatu kanneen naannoo masaraa qaalluu Giiftii Dinqituutti argamaniifi masaraa sana keessa jiraatan saddeetif (8) iddoo adda addaatti dhuunfaa dhuunfadhaan dhiheessufiidhan haala sirna maqaa baasuu /sirna hammachiisaa,tajaajila inni qabuu,dhiibbawwan qaalluurratti raawwatamaniifi fala isaa, haala yeroo ammaa kana irra jiru dabalatee haala gaaffannoon qophaa'een odeeffachuun odeeffannoo quubsaafi walfakkaatu argattee jirti. Itti fayyadama mala kanaa ilaalchisee Knorth (1996:71) yommuu ibsu, hanga danda`ametti jilli yeroo qoratamu kaayyoo kabajamuufi maal akka ta`eefi adeemsa jalqabamee hanga xumuramutti jijjiirama maalii akka agarsiisan ilaaluun barbaachisaa akka ta`e ibseera.Itti dabaluun, hawaasichi kan kabaju umurii, saalaan qoqqoodameetii? Eessatti kabajama? Galma keessatti moo galmaan alatti? Eenyutu ayyaanicha too`ata?Ayyaanicharratti nyaanniifi dhugaatiin adda ta`e niqophaa`aa? Gamtaan ta`uun faaruu nigaggeessuu?" gaaffilee jedhan yeroo sirni hammuu gaggeeffamu gaafachuun barbaachisaa akka ta`e hayyuun kun ibseera.

Haaluma kanaan,qorattuun hojii aloolaan dura gaaffilee af-gaaffii qorannoo kana milkeessuu danda'anqorannoo adda addaa,kitaabileefi namoota adda addaarraa argaman walitti qindeessuun kan dhiheessiteedha.Kunis,af-gaaffiiwwan caaseffamaafi miti-caaseffamaan (structured and unstructured)kan ta`aniidha. Af-gaaffiin caaseffamaa bu`uura gaaffichaan deebii argachuurratti kan xiyyeeffatan yoo ta`an,kanneen miti-

caaseffamaa ta`an immoo akkaataa/haala hubannoo,beekumsaafi muuxannoo odeeffannoo kennitootaan ibsi kennameefii karaa adda addaan kan dhiyaatanidha. Bu`uura kanaan, afgaaffiwwan kun qorannichaaf odeeffannoo gahaa ta`e argamsiisuuf murteessoo turan.Dabalataanis, adeemsa af-gaaffii keessa yaadota ka`an itti ida'uun gaaffilee dhiheessuun kan danda`ame yoo ta`u, yeroo hojiin aloolaa irra deddeebi`amee gaggeeffamu adeemsa qorannoo keessatti qaawwa uummamu kan guutan gaaffileen dhihaatan deebii argataniiru.

### 3.4.3. Marii Garee

Qorannoo fookiloorii adeemsifamu tokkoof mariin garee baayyee murteessadha.Kunis qorannoo keessatti mariin garee xiyyeeffannoo kan barbaachiseef nama dhuunfaa tokko mariisisuurra maanguddoolii gareedhan waa'ee waan qoratamuu sana daran beekaan mari'achiisuun odeeffannoo bal'aa,ragaa qorannoo daran deeggaruufi dhugoomsuu malu waan argamuufidha.Dabalataan,gaafiileen qorannicha cimsan hirmaattota garee irraa ka'uun walfamisiisaafi walqajeelchaa akka marihatan daran dandeessisa jedhamee kan abdatamuudha.Qorattuunis namoota hawaasa keessatti waa'ee sirna maqaa baasaa /sirna hammachiisaa hubannoofi odeeffannoo quubsaa ta'e niqabus;nikennuus jedhamanii eeruun kenname fudhachuun yookaan irratti hundaa'uun iddoo saditti(3) mala darbaa dabarsaa ta'een qoodudhaan gaafa guyyaa 22, 27,28fi 29/08/2011ALH mariisistee odeeffannoo quubsaafi amansiisaa akkasumas,ifa ta'e kan kaayyoo qorannichaa fiixaan baasu argatteerti. Haaluma kanaan odeeffannoon argame yaada yookaan qabxii dagatame maanguddooliin wal-yaadachiisaan argame odeeffannoo dura odeeffatamee argamee caalaa hariiroofi ibsa bal'aa kan qabuufi ragaan gammachiisaafi amansiisaa ta'ee waan argameef qorannoon kun akka fiixa bahu taasiseera.Qorattuunis,odeeffannoo marii garee kana irraa argatte barreeffachuufi waraabbachuun walbira qabdee qaaccessitee barreessiteerti.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana jalqabaa kaasee hanga dhumaatti akka milkaa'uuf meeshaalee ragaa yookaan odeeffannoo funaanan kanneen adda addaa hojiirra oolaniir.Irra caalaatti meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo kanaaf qorattuun itti fayyadamte kan akka argaa dhageettii(audio visuals),kaameeraa suuraa haalaan kaasu,miimorii sagalee waraabufi

viidiyoodha.Meeshaalee kanaan odeeffannoo funaanuuf hirmaattota ayyaanichaa eeyyamsiisuus masaraa keessatti haala raawwii sirna maqaa baasuu/hammachiisaa suuraan akka kaafamuufi sagaleenis akka waraabbamu abbaan qaalluu eeyyamuu baatuus sagalee isaanii dhoksaadhaan akka waraabbamu taasifameera.Kana malees, sirna raawwii kana keessatti faaruun sirna kana waliin deeman waraabuun gara barreeffamaatti jijjiirudhan ergaa isaa waliin xinxaalamee waraqaa qorannoo kana keessatti haammatameera.

### 3.6. Muuxxannoo Dirree Aloolaa

Qorannoon dirree kan qorataan/tuun tokko iddoo qorannicha itti adeemsisu/tu dhaquudhan geggeeffamuudha.Adeemsa hojii qorannoo aloolaa keessatti muuxxannoon argamu qaama qorannichaa waan ta`eef xiyyeeffannoo cimaa barbaada.Haala kanas,haayyoonni yeroo cimsan “qorataan aloolaa tokko qorannoo aloolaan dura, wayiitii qorannoofi aloolaan booda hojiiwwan raawwate qaama qorannichaa waanta`aniif qorannoo fookloorii keessatti xiyyeeffannoo argachuu qabu” jechuun ibsu (Goldstein 1974:37-42; Fekade 1991: 124-139).Haaluma kanaan qorattuun hojii aloolan dura qorannoo kanaaf odeeffannoo adda addaa yoo sakattaatu,yeroo qoronnoos iddoo masaraa qaalluuGiiftii Dinqituu deemudhaan waan jiruufi hinjirre ilaalaa, erga qorannoon taasifamee boodas ragaaleefi odeeffannoo argame walitti qabuudhan walduraa duubaanqindeessitee dhiheessiteerti.

Qorannoo kana galmaan ga’uuf,matadureen qorannichaa muummee barnootichaan erga mirkanaa`ee jalqabee qorannichaaf odeeffannoo barbaachisan sakatta`iinsi barruu aanteefi yaadrimeewwan seenduubee qorannichaa gaggeeffameera.Dabalataanis,waa`ee sirna maqaa baasuu qaalluu kanaa dhugummaa achii as dhuftee,teessuma,haala hawaasichaafi kkf ilaachisee odeeffannoon walitti kan qabameefi  haala qorannoon tokko itti dalagamu qorattuun yaada ka`umsaa argatteerti.Keessattuu maalummaa qorannoo aloolaa, maloota funaansa odeeffannoo qorannoo aloolaa, gaaffiilee odeeffannookennitootaaf dhiyaachuu qaban kan akkamii ta`uu akka qabaniifi akkamitti akka dhiyaataniifi kkf madda odeeffannoo waliin argamuu dhugoonfameera.

Bakki qorannoon kun itti adeemsifamu Aanaa Ada'aa yoo ta'u, qorattuunis Fulbaana,gaafa guyyaa 22/01/2011 ALH jalqabdee haala odeeffannoo itti argachuu qabdu sakatta`uu itti fufte. Haala kanaan guyyaa kana waajjira Bulchiinsa Aanichaa deemuun qorannoo mata duree "Qaaccessa Sirna Maqaa Baasuu Qaalluu Aanaa Ada'aa Giiftii Dinqituun Raawwatamu" jedhurratti akka hojjattu erga hubachiistee booda,haala odeeffannoofi bakka odeeffannoo qorannichaa itti argattu eeramun qorannoo kana eegalte.Iddoo ragaan qorannoo kanaaf ta'u itti argamuwaajjirrii Aadaafi Turiizimii sakatta`uu eegalte.Sirni maqaa baasuu/hammuun kun yeroo adda addaa kan gaggeeffamu ta`uun isaa erga hubatamee booda,odeeffannoo qorannoo kanaaf ta`u qorattuun daawwannaa, afgaaffiifi marii garee taasisuuf gaaffilee banaa qorannoo kana milkeessuf odeeffannoo gaarii argamsiisan qopheeffachuun hojicha cimsuun itti fufte. Akkasumas, odeeffannoo waraabbamanii jiraniif afgaaffidhaan akka guuttamuuf ogeeyyiif dhihaateera.Irra caalaatti qorattuun ogeeyyii biiroo Aadaafi Turiizimi aanaa Ada'aa, abbaa qaalluu,maanguddoolii masaraa qaalluu keessatti argamaniifi naannoo sanatti argaman irratti xiyyeeffachuudhan waan daawwatteefi dubbiste argatteen walmadaalchisaa odeeffannoo ifaa ta'e argachuun qindeessuu eegalte. Kanarraa kan ka'e qorattuun qorannoo kana hojjechuufis ta`e, maanguddoota sirna kana akeekkatanii beekan argachuufi odeeffannoo hafan funaantee haalaan qorannoo kana qindeessuuf gaafa guyyaa 25-27/08/2011 ALH tattaaffii cimaa taasisteerti.

Hojiin aloolaan boodaa odeeffannoowwan qorannoo tokko geggeessuf namootafi kitaabota adda addaa irraa walitti funaannamaniifi qorataan daawwatee argate haala waliin deemuu danda'uun qorannicha akka milkeessutti tartiiban qindeessudha. Qorattuun kunis deemsa aloolaan boodaa odeeffannoowwan maanguddoofi kitaabota adda addaa irraa argaman,kanneen mata duree qorannoo kana waliin hariiroo cimaa qaban walduraa duubaan walitti qabdeerti. Akkasumas, odeeffannoowwan aslii daawwannaadhan argaman, miimooriifi argaa dhageettiidhan namoota adda addaa irraa fudhatte dabalatee kanneen qorannoo kana waliin walibsuu danda'an ilaaltee xinxaluudhan gara barreeffamaatti jijjiiruun ibsiteerti.

# BOQONNAA AFUR: XINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti, hiikaa qaalluu/ayyaanaa Giiftii Dinqituufi haala dhufaatii isaa, adeemsa hammachiisaafi wanta hammachiisaa waliin raawwatamu hundi haala adda addaatiin qaama garaagaraa irraa kan argaman qaacceffamaniiru.

## 4.1 Hiikaafi Haala Dhufaatii Qaalluu Giiftii Dinqituu

Qaalluun Giiftii Dinqituu jedhamee waammamu hawaasa aanaa Ada'aa biratti ayyana guddaa beekkamaadha.Maqaan inni  ittiin waammamu kunis Giiftii Dinqituu yoo ta'u, maqichis haala ayyaanni/qaalluun kun hawaasa bultee isaa ta'aniif tajaajila kennaa ture waliin walqabatee kan kennameedha.Kana jechuun moggaasni  maqaa qaalluu Giiftii Dinqituu jedhu ayyaana namoonni bultee isaa ta'an waan hundaa yoo kadhatan irraa argatan, kan namaaf tolu,kan nama milkoomsu,kan nomoota bultee isaa ta'an too'atuufi diina isaanii irraa dhorkee kan jiraachisu,walquunnamsiisaa Waaqafi namaa  waan ta'eef Giiftii Dinqituu jedhamee akka waamamu kan laattameedha. Kunis,akka qorattuun gaafa guyyaa 12fi 14/07/2011 maanguddootarra odeeffattetti hojiin ayyana kanaan raawwatamu hundi namoota bultee isaa ta'an waan gammachiisuuf maqaa miidhagaan kun waaqan kennameef yaada jedhu kaasuun ibsaniiru.Haa ta'u malee hawaasni naannoo sanaafi bultee qaalluu kanaa ta'an sadaraa waliin haasa'atti warra ayyaanaa kan jedhan yoo ta'u,ayyaanota jiran keessaa adda baasuuf yeroo dhimma itti bahaniifi itti waaqeffatan Giiftii Dinqituu jedhanii akka waaman qorattuun kun mirkaneeffatteerti. Haala odeeffatameen qaalluu Giiftii Dinqituu namoota adda addaatiin yeroo adda addaatti yookaan waggaa dheeraaf kan baattame yookaan kan dalagan yoo ta'an,haala durii kaasee dhaga'aa turaniifi yeroo ammaa kana  beekaniin  namoota sana keessaa bara isaan dalagaa turan waliin yeroo  himan:Obbo Dagoo Boruu bara 1780-1854, obbo Kallacha Dagoo bara 1855-1920, obbo Cuukkoo Kallachaa bara 1921-1985, obbo Girmaa Cuukkoo bara 1986-1994, obbo Dabbabaa Girmaa bara 1995 kaasee hanga guyyaa har'aatti ayyaana kana baatanii yookaan abbaa qaalluu kanaa ta'anii hawaasa naannoo isaanii tajaajilaa kan jiraniidha. (Aadde Xaayituu Allabbaa,Obbo Olii Guutaa,Aadde Gaaddisee Roorrisaa,Obbo Gulummaa Magiraafi Obbo Mardaasaa Baldaa )

### 4.2 Haala Ijaarsa (Boca) Masaraa Qaalluu Giiftii Dinqituu

Haalli ijaarsa gubbaa masaraa qaalluu kanaa masaraa qaalluu kan fakkaatu osoo hintaane mana amantii Ortodoksii fakkaatee kan ijaarrameedha.Kunis akka maanguddooliin naannoo jedhanitti haalli ijaarsa isaa kun sababa sirni cunqursaa mootiwwan warra habashaa walduraa duubaan siyyaasa isaanii dawoo godhatanii maqaa Oromummaa ibsu balleessu galma qaalluu gubuufi diiguun amantaa Ortodoksii humnaan fudhachiisaa maqaa biro itti moggaasuun bara dheeraaf cunqursaa irratti geggeessaa waan turaniif warri qaalluu haala masaraa amantaa Ortodoksii fakkeessanii qorqoorroo irraa jiaaruun keessatti ammoo dhoksaadhan sirni hammachiisaa akka hinbanneef sirna hammuu dalagaa akka turan ragaa bahaniiru. (Obbo Xiiqii Dachaasaa, Obbo Abeebee Cuqqaalaa,Asheetaa Gurmuufi Obbo Dhugoo Birraa)

Galmi kun mana jireenyaatiin ala sadi'i yoo ta'an, inni jabaan sirni hammuu keessatti kan geggeeffamuu yoo ta'u, isaan lamaan hafan iddoo miseessonni ayyaantuu ta'an itti haara galfataniidha.Qe'een ayyaantuu kun dallaan isaa bolokkeettii irraa kan ijaarrame yoo ta'u, fuuldurri sensi karraafi galmi miseensi ayyaantuu itti haara galfatan haalluu alaabaa Abbaa Gadaatiin kan dibameedha. Kunis hojiin Qaalluun hojjatu hundi akkuma hojii Abbaa Gadaa qulqulluufi qaalluun kun Qaalluu Oromoo ta'uu isaa kan ibsuudha.Keessifi alli qe'een Qaalluu kanaa mukoota gurguddaa gaaddisa qaban kan akka Waddeessaa, Baargamoo,darbees Garbiifi kan birootiin marfamee kan jiruudha.



**Fakkii 3.Suura Masaraa Qaalluu Giiftii Dinqituu A/Ada'aa G/Dhankaakaa I/Gololee Jiru**

Akka odeeffannoo maangudootatti bal'inni galma kanaa faana afurtama yoo ta'u,utubaa sagaliifi kutaa shan kan ofkeessaa qabuudha. Bal'inni galma kanaa faana afurtama ta'uun isaa, marsaan Gadaa nama tokkoo waggaa afurtama waan ofkeessaa qabuuf marsaa Gadaa Oromoo dhalootafi hordoftoota qaalluu sanaa barsiisuuf kan ijaarrame ta'uu isaa ibsu.Utubaan galmichaa handhuura/walakkaa masaraa dhaabbate muka Birbirsa jedhamurraa kan qophaa'e yoo ta'u,birbirsi muka qajeelaa, dheeraa ilaalaa mul'atu,umurii dheeraa kan qabuufi jabaataa waan ta'eef muka biroo caalee akka filatame kan ibsaniidha.Kunis Qaalluun Waaqafi nama waan walquunnamsiisuuf Waaqni qajeelaa,kan nama bultee isaa ta'anitti iddoo hundaa mul'atu,bara baraan kan jiraatu, kan shira/daba hinbeeknefi jabaa waan hundaa olii ta'uu isaa agarsiisa.Utubaan sagal ta'uun ammo,saglan yaa'ii Booranaa kan bakka bu'uudha. Saglan yaa'ii Booranaa jechuun ammoo gurmuu waraanaa miseensa sadarkaa Lubaa keessa afur(4), gurmuu waraanaa sadarkaa Raabaa keessaa sadi(3)fi gurmuu waraanaa sadarkaa Kuusaa keessaa guutaan lama(2) filatamanii mariidhan kan duulanii diina/nyaaphaa ittisaniidha. Kutaan shanan galmi qabu kunis tartiiba Gadaa shanan walduraa duubaan sabni Oromoo lakka'anii dhalootaatti dabarsaa jiran kan ibsu yoo ta'u, isaanis: Birmajii, Meelbaa, Muudana, Roobaleefi Duuloo jedhamanii kan beekkamaniidha.

Galmi qaalluu dur citaadhaan ajjeerramee kan jiru yoo ta'u,qorqoorroodhaan kan ijaarrame erga sirni Dargii qe'ee qaalluu diigeefi gubee barbadeesseenboodadha.Bocni gubbaa galmichaa guutuun isaa mana amantii Ortodoksii fakkeeffamee kan ijaarrameedha.Kunis yeroo sanatti abbaan qaalluufi bultee qaalluu sanaa warri ta'an adabbiifi cunqursaa siyyaasa mootii habashaafi abbootii amantii Ortodoksii yeroo sanaa jalaa bahuuf jecha akka waan guutumaan guututti hojii qaalluu isaanii dhiisanii amantaa Ortodoksii fudhatanii itti waaqeffatan fakkeessuuf akka hojjatame maanguddoonni eeraniiru. Akka seera qaallutti waaqeffattoonni qaalluufi abbaan qaalluu midhaan keessaa talbaa, gaayyoo,horii keessaa ammoo re'eefi lukkuun abadan hinnyaatu.Kunis,lukkuufi re'een bofa waan nyaataniif baayyee balaaleffatamu yookaan jibbamu.Bofti ammoosummaa'aadha.Summiin farra lubbu qabeeyyiti.Talbaan garuu,waan walirraa mucucaatuuf firriifi horteen qaalluu kanaa waljibbee yookaan muufatee walirraa akka hindheessineefi,hariiroo cimaa uummatanii tokkummaadhan jiruufi jireenya isaanii cimsanii seeraan akka itti fufataniif jecha kan dhorkameedha.Midhaan gaayyoon ammoo,uummamaan asheeta isaa nyaatanii yoo aannan irratti dhugaan hiidda jilba namaa jala jiru waan walitti butee okkolchiisuuf akkuma summii sana farra dhala namaati jedhamee kan ilaallamuudha yaada jedhu maanguddooliin naannoo eeru.(Obbo Olii Guutuu,Obbo Gulummaa Magiraa.Obbo Mardaasaa Baldaafi Aadde Xaayituu Allabbaa)

### 4.3 Sirna Kabaja Ayyaana Giiftii Dinqituu

Sirni kabajaayyaana Giiftii Dinqituu waggaa tokko keessatti yeroo lama baatii Sadaasaa gaafa guyyaa kudha-afuriifi baatii Waxabajjii gaafa guyyaa soddomaa namoota horteefi bultee qaalluu kanaa ta'an mara waliin walga'uun kenna ayyaanaa kan jedhamu sirna nyaatafi dhugaatii, sirna Hammuu,wareega galchuufi wareeguu,akkasumas balleessaa yoo qabaataan ayyaana jalaa ka'uun guyyaa kana lamaan tajaajilli adda addaa kan hawaasaaf kennamuudha.Gaafa guyyaa sanaa sangaan korma ta'e qalamuun nyaanni qophaa'ee kan jamaaf laatamu yoo ta'u,dhugaatiin ammoo, farsoo buqqulaafi booka yookaan daadhii qopheessuun kan hirmaattotaaf kennamuudh. Akkasumas,hammuun yoo jiraate seerri isaa eeggamee kan adeemsifamuudha.Baatiin Sadaasaa kan filatameef hawaasni bultee ayyaanichaa ta'an lafa fagoorraa jiran waktii Gannaa yeroo roobni jiruufi lagni guutu osoo wal hinargin kan turan yoo ta'u,nagaadhankeessa taruufiwaktii midhaan bilchaatee rakkinni hinjirre waan ta'eef waaqaf galata dhiheessu.Baatiin Waxabajjii

ammoo kan filatameef bulteen ayyaanichaa waktii Bonaa nagaadhan keessa taranii kan galateeffataniifi kan itti aanuuf ammoo.kan nagaa kadhataniidha.Kanaaf guyyaan kun lamaan kabaja ayyaanichaa kan waggaa waggaan namoonni bulteefi horteen ayyaanichaa naannoo jiraniifi kanneen iddoo adda addaa lafa fageenyatirraa dhufanii masaraa ayyaanichaatti waliin hirmaatanii kan waaqeeffatanii, galateeffatanii nyaatanii,dhuganiidha waan ta'eef guyyaan kun guyyaa kenna/nyaachisaa Giiftii Dinqituu jedhamee beekkama.

### 4.4 Tajaajila Qaalluun Hawaasaaf Kennu

Qaalluun waaqeffattootaaf tajaajila adda addaa nikenna Namni rakkate gara qaalluu dhaqee dhibee yookaan rakkina isaa nihiikkata; hiikkatees daandii qajeelaa argata. Fala araaraafi nagaas ni argata. Qaalluunis, akka riqichaatti waaqaafi nama gidduutti kan argamu ta'ee daandii waaqqeffannaa isa dhugaa, amanamaafi abdatamaa waan ta'eef gadadoofi dhibee hedduu bultee isaarraa ciminaan eegee kan dhabamsiisudha.Daa'imman namoota bultee isaa ta'an huda seeraan haammatee eebbisuun bultee isaa yookiin miseensa bultee isaatti makata. Akkasumas,akka odeeffannoon maanguddoota naannoo sanaa irraa gaafa guyyaa 04/08/2011 funaanname ibsutti Qaalluun/ayyaanni tajaajila hedduu hawaasa bultee isaaf akka kennu hubachiisa. Kunis,Qaalluun tajaajila akka: kan wal ajjeese gumaa baasisuu, kan dabdee qabu gumaa baasisuu, kan sobe dhugaa baasisuu, kan wal dhabe araarsuu, dhabduuf dhala kennuu, dhukkubsataa fayyisuufi kan karra dhabeef karra kan kennuudha.




**Fakkii 4. Suuraa maanguddoonni yeroo qorattuuf odeeffannoo kennanii**

Haaluma kana fakkaatuun qaalluun araaraa ta'uu isaa Alamaayoon (1999:229) haala armaan gadii kanaan ibsa;

> *Qaalluun akkuma beekkamu uummata Oromoo biratti dhaaba ulfina guddaa qabuudha.Waan kan ta'eef walitti bu'iinsi yoo uummame namoonni gara araddaa qaalluutti deemuun yakkaafi badii isaan irratti raawwate himatu.Yoo balleessaa uumanii barbaaddamanis,akka hin miidhamne garasitti baqatu.Araddaan isaaniis ulfina waan qabuuf kan waraana qabatee achi seenuun isaan hubu hin jiru.Dheeffa kana booda warri qaalluus rakkinni uumame akka fala argatu namoonni dhimmichatti dhiyaatan hundi akka hiika barbaadan gorsaafi qajeelfama kennu.Maanguddoonni hojii kana hordofans namoota gara lamaanuu waamanii dubbisuun rakkina erga ilaalanii booda kan balleesse kiisee akka araarri bu'u godhu*.jechuun ibsee jira.

Yaadni kuni namoonni naannoo jireenya isaanii keessatti yeroo jiruufi jireenya isaanii geggeessan akka tasaa yoo walitti bu'anii argaman kan miidheefi kan miidhame fedhiifi garaa qulqulluudhan dhugaa kennuufi dhugaa fudhachuuf jecha gara araddaa yookiin qe'ee warraa qaalluudeemuudhaan himachuufi dhugaa bahuudhan maanguddoota biyyaatiin achitti araara akka buusuun danda'amuu kan ibsuudha. Kana jechuun ammoo qe'een qaalluu qe'ee kabajamaafi araaraa akkasumas,qe'ee rakkinni kamiyyuu waaqeffattoota bultee isaa ta'an irra yoo ga'eefi bulteen isaas yoo miidhaa geesise yookaan yakka dalagee argame iddoon waltajjiifi ulfoon nagaa buusu, inni cimaan kan araara buusee,qaama lamaan giduutti hariiroon dansa ta'e akka uummamuufi jiruufi jireenya isaanii gamtaadhan geggeessisuu kan danda'u qe'ee qaalluu ta'uu isaa kan hubachiisudha. Kanaaf,qe'een qaalluuqe'ee araaraafi qe'ee dhugaa ta'uudhaan hawaasa naannoofi waaqeffattoota bultee isaa ta'an haalaan kan tajaajiluudha.(Obbo Fiqiruu Baayyisaa, Obbo Balaachoo Urgaa'a fi Obbo Seefaa)

### 4.4.1 Wareega

Wareega jechuun bulteen qaalluu yoo waan tokko hawwanii dhabniifi rakkoon adda addaa kan akka dhibee yoo isaan muudate,waanyeroo dheeraaf dhaban kanneen akka ilmoo ayyaanan yoo nuu kenniteefi dhibee isaan muudates yoo nurraa dhorkite/nu fayyifte waan akkanaatti siif galchina, gaafa akkanaa jedhanii kan fedhiifi dhuunfaa isaanitiin kadhachaa ayyaanaaf waadaa kan galaniidha.Ayyaannis daba tokko malee yoo kadhatan, waan kadhataniifi wareeganiif sana nilaatafis; nifayyisasi.Waaqeffattoonni wareeganis gaafa argataniifi gaafa dhibee sanarraa fayyan waan wareegan sana qabatanii

yookaan fuudhanii galma Qaalluu geessuun sababa wareeganiif sana yeroo ayyaanni Qaallicharra dhufus ta'ee yeroo hindhufines jamaa qe'ee sana jiru keessatti sagalee olkaasanii ayyaanafi jamaa dhageessisuun kan galchaniidha.

Fakkeenyaaf, maatiin bultee qaalluu kanaa ta'e tokko yoo daa'ima dhaban/horachuu baatan qaalluu kanaan,'Yaa Giiftii Dinqituu ilmoo dhabnee ilmoo nuuf kenni! Yoo ilmoo nuuf kennite damma daarbee tokko siif wareege,' jedhuun.Haaluma kanaan namoonni bultee qaallichaa ta'an kunneen dhimmoota adda addaaf wantoota adda addaa wareegu.Kunneenis: damma, eeffana/jibicha, midhaan adda addaafi kkf.Kana jechuun qaalluun namoota bultee isaa ta'e dirqisiisee bultee isaa kan godhatuufi qabeenya isaanii humnaan irraa kan fudhaatu osoo hintaane wantoonni gama bultee ayyaanichaatiin ta'an hundi fedhii isaanitiin ta'uu kan mirkaneessudha.Qaalluun kunis waanuma abbaan dhimmaa wareegee galcheef sana kan fudhatu yoo ta'u, waan wareegan galaniif keessaa garuu eeffana/jibicha lammacha ta'eefi dhalchuu kan danda'u qofa fudhata. Kunis sanyiin akka addaan hincinneefi horteen isaanii akka baayyatu akkasumas,waan hundaan kan guuttame ta'uu isaa hubachiisa.Gama biraatin kormiifi midhaan adda addaa wareegan galan hundi diinagdee warra Qaallichaa kan cimsuudha.

Warri Qaallichaa kun ammoo galchaa kana namoota bultee isaanii harka qalleeyyii yookaan hiyyeeyyii ta'aniif qabeenya kana qoodanii kan ittiin jajjabeesaniifi rakkina irraa ittiin damdamachiisaniidha.Dabalataanis,namoota bultee ayyaanichaa ta'an waliin haala hawaasummaatiin waan itti fayyadamaniif tokkumaafi hariiroo hawaasummaa isaanii kan cimsuudha.Galchaa wareegaa keessaa dammi hawaasa bultee ayyaanichaa ta'aniifi qaalluu/ayyaanicha sana kan walitti mi'eessu, jaalalaafi kabaja isaan waliif qaban kan agarsiisudha.Gama biroon ammoo, yoo daa'imni garmalee jalaa dhukkubsatte haalli daa'ima sana yoo fayyiseef qaallichumaaf akka kennaatti galchaadhan niwareegama. Kana jechuun daa'imattiin yoo faayyite guutumaa guutuutti warra qaalluu sana kan tajaajiltuufi maatii qaallichaa sana taati jechuudha.Kanaaf Qaalluun wanta dhabaniifi hawwan,yoo kadhataniifi wareeganiif namaa bultee kenna jedhamee amanama. Kunis hariiroofi tokkummaa hawaasa naannoo sanaa, ayyaana sanaafi Qaallicha kan yeroodhaa gara yerootti cimsaa deemudha. (Obbo Olii Guutaa,Obbo Kumaa Magarsaa,Obbo Iddosaa Tulluu,Aadde Dambituu Tolasaa,Aadde Shaashituu Taliilaafi Aadde Aarrii Daadhii)

### 4.4.2 Hammachiisaa

Hammachiisaan sirna maqbaasaa qaalluun masaraa isaa keessatti daa'ima haammachuufi eebbisuun maqaa Oromummaa ibsu itti baafamuuti.Yaada kanas, barruulee adda addaa wabeeffachuun dhiyeessuun nidanda'ama.Hundasaan (2013:16), yoo ibsu, "*Hammachiisaan sirna waaqeffannaa kan mucaa dhalate tokko gara abbaa ayyaanaatti yookaan haadha ayyaantuutti geessanii eebbisiisaniidha.Kunis, luba(ayyaantuu)sanatti geessanii akka daa'ima sana hammatee eebbisu gochuudha.Sirni mucaa dhalate sana gara ayyaantuutti geessanii akka haammatanii eebbisan gochuun kunis hammachiisaa jedhama"* jechuun ibsa. Kunis daa'imti dhalatte tokko masaraa qaalluu yoo geessan maqaa eenyummaa ibsu qaallurraa argachuu qofa osoo hintaane eebbas qaalluu irraa argattee akka galtu kan nuhubachiisudha.Eebbifi maqaan qaalludhaan kennamu kuni ammoo milkiin carraan daa'ima sanaa gara fuula duraatti qajeelaa ta'ee akka jiraatu hawaasaf ibsuu isaa kan mul'isu irraa hubachuun nidanda'ama.Akkasumas, Dirribii (2012:14-15) itti dabalee yoo haalaan ibsu,"*Ayyaantuun yeroo hammachiisaa ijoollee waaqeffattootaa hammatee, gosaafi lammiitti dabala.Akka ilaalcha waaqeffannaatti namni hammaachiisaan booda nama lammiifi nama gosaa jedhama"* jedha. Kunis daa'imni tokko erga dhalatte booda yoo maatiin daa'ima sanaa bultee ayyaana sanaa ta'an hanga masaraa qaalluu geessanii hammachiisanitti miseensa hawaasasanaa taatee argamuu akka hindandeenyefi namni saba Oromoo ta'ee daa'ima argate tokko bultee ayyanaa yoo ta'e daa'ima isaa/ishee masaraa qaalluu geessee hammachiifachuu akka qabu kan hubachiisudha.Gama biroon ammoo, odeeffannoo maanguddootarraa gaafa guyyaa 22/08/2011 ALH argameen,Hammachiisaan sirna qaalluun wayita warri daa'imaa "Ilmoo argannee jaaladhuu nuuf hammadhu"jechuuf gara mana warra qaalluu deemanii qaallichi sirna hammuu irrattidaa'imaaf maqaa eenyummaa isaanii ibsu baasee eebbisuudha,jechuun maalummaa hammachiisaa ragaa bahu. Kunis seerri hammuujalqabaa kaasee hanga ayyaanni daa'imaaf maqaa baasee xumurutti adeemsa mataa isaa qabaachuu kan ibsuudha.(Obbo Kumaa Magarsaa,Obbo Iddosaa Tulluu,Aadde Dambituu Tolasaa,Aadde Shaashituu Taliilaafi Aadde Aarrii Daadhii,)

### 4.5 Guyyaa Hammachiisaan Itti Adeemsifamu

Hammachiisaan gaafa guyyaawaaqeffannaa warra qaalluu,kudha arfii galgala halkan waarii erga waaqeffattoonnifi maatiin daa'imman hammachiifaman masaraa qaalluutti walga'anii booda akkaataa maamilli baayyatu irratti hundaa'uun hanga barii subiitti kan adeemsifamuudha.Kunis,guyyaa Wiixataafi Kamisaa torban lama lamaan masaraa warra ayyaanaatti yeroo hunda sirna waaqeffannaa erga adeemsifame xumurameen booda kan raawwatamuudha.Guyyaa armaan olitti caqafame kanaan ala ayyaannis Qaallicharra hindhufu;waaqeffattoonnis dhimmoota akka araarafi kan biroo yoo ta'e malee hammuudhaf galma qaalluu hindhufan. Kanaaf,waaqeffattoonnifi namoonni daa'ima hammachiifatanis guyyaa lamaan sirni hammachiisaan itti adeemsifamu kana kadhachuufi daa'ima ofii haammachiifachuuf kan abbaan manaafi haati manaa waliin ta'uun dhaqanii fiixan bahataniidha.Guyyaan Wiixataa guyyaa namni tokko yoo dhalatu miseensa hawaasaa lubbuun addunyaa dhugaa kanarra jiraataniitti eebban makamuufi guyyaa namni yoo boqote ekeraan isaa mul'atu yoo ta'u, namoota biroo irraa ammoo maqaa argatee addatti kan beekkamuu eegaluudha.Akkasumas,guyyaan Kamisaa 'guyyaa milkii, guyyaa biqilli biqiluufi guyyaa hormaataati' jedhamee waan amanamuuf filatame.Kudha-arfii jechuun ammoo akka lakkoofsa Oromootti walakkaa baatii /ji'a tokkooti.Baatiin baatee guyyaa kudha afuriif turti.Guyyaan kudha arfaffaan dukkana.Yeroo sana urjiitu ba'ee ifa.Kanaaf,Qaalluufi qaallichi baatifi urjii bu'uura godhatee hojii isaa dalaga.Akkasumas galgalli kan filatameef jamaan qaallichatti bulu guyyaa hojii isaanii akka hinhiiknee/ hinballeessineefi eebba "Galgalli kee hinbadin!" Bara jireenya keetii badhaadhinaan jiraadhu yaada jedhu kan bu'uureffateefi gamtaadhan yeroo qabbanaa waaqeffachuun akka tuluuf kan filatamee.Gama biraatiin ammoo halkan gurraacha yoo ta'u,yaadrimee uummanni Oromoos yommuu waaqeffatuufi eebbifatu "Yaa gurraacha garaa garbaa !Si kadhannaa nuuf dhagi !" jedhanii waan kadhataniifi eebbifataniif Waaqnis gurraacha jedhamee fudhatamuun kan isuma ibsuuf filatameedha.Kanarraa kan ka'e hawwiin waaqeffattootaa milkiidhan fiixa bahee daran kan gammachiisu.

### 4.6 Qaama Sirna Hammuu Raawwatu

Sirni Hammachiisaa kun kan adeemsifamu qe'ee ulfoofi dhugaa masaraa qaalluu keessatti qaallichaan yookaan qaallittiidhan yoo ta'u,hirmaattonni ammoo warra noolee,

jabboo, qalaaxee warra jedhaman kan tajaajila turjumaanaa kennan,haadhaafi abbaa daa’ima hammachiifamtuu,haadha deessuufi abbaa daa’imaa,darbee darbee akkawoofi akaakayyuu,abbaa malkaafi abbaa tulluu, akkasumas, jamaa rakkoosaanii himachuufi fala argachuuf achitti argaman akka ta’e hubatameera.Sirni hammuu kunis kan taasifamu erga ayyaanni qaallicharra yookaan qaallittiirra dhufee booda karaa qalaaxotaatiin jamaa kanaan gaafa guyyaa Wiixataafi Kamisaa galgala waarii walquunnameeti.Guyyaa Wiixataafi Kamisaa daa’imti hammuuf geeffamtu dhiiras ta’ee dubra, hangafas ta’ee quxusuun seera hammuu guunnaan ayyaanaan nihammatamu; maqaanis nibaafamaaf; eebbifamaniis milkiidhan maatiin baattamanii gara mana isaanii kan galaniidha.(Obbo Dagaagaa Margaa, Obbo Gulummaa Magiraa,Obbo Olii Guutaa, Obbo Abeebee Cuqqaalaa,Obbo Mardaasaa Baldaafi Obbo Xiiqii Dachaasaa)




**Fakkii 5. Suuraa manguddoolii yeroo qorattuuf odeeffannoo kennanii**

### 4.7 Haalduree Warri Daa’imaa Hammachiisaaf Guutuu Qaban

Haala jaarsoliin naannoo masaraa sanaa gaafa guyyaa 27/08/2011ALH odeeffannoo qorattuudhaaf kennanitti,warri daa’imaa hammuuf yeroo gara masaraa yookaan galma warra qaalluu dhaqan wantoota guutachuu qabantu jira.Qophii deessuun takka gaafa boqonnaa da’umsaa fixattee hammuuf gara masaraa warra qaalluu/ ayyaantuu deemtu

rifeensa dhahachuun erga dhadhaa akka gaariitti dibatteen booda rifeensa reefu dhahametti mutaa ni suuqqatti; uffata aadaa jirbiirraa hojjatame, qamisii erga kaawwattee booda sabbataan mudhii hidhatti.Mutaan dubartittiin deessuu ta'uu kan ibsu yoo ta'u, sabbanni ammoo garaan deessuu akka hin jigneefi dugdi ishee akka jabaatuufi. Akkasumas, dhadhaa muudaaf ta'uufi silliqii xiqqoo deessuun gaafa sana marqaa marqaniif nyaattufi nyaata gosa biraa kan akka daabboofi kkf. Dhadhaan muudaa sirna hammuu keessatti milkiin qajeelaa ta'uu isaa waan ibsuuf qaallichi qaallittiin galgala daa'ima maqaa baaseef/baasteef sana ganama wayita deessuun galuuf kaatu eebbisu yookaan eebbistu jabboon qaallicha yookaan qaallittii irraa eegaltee deessuu,abbaa manaa deessuufi daa'ima sanas kan muudaniidha.Kuni qabbana yookaan nagaadha,milkii gaarii akka ta'ufi jireenyaa isaanii keessatti abbaan manaafi haati manaa akka shakkii tokko malee sirriitti waljaalatan,hormaanniifi tokkummaan isaanii akka cimu kan ibsuudha jedhamee beekkama.

Guyyaa gaafa sirna hammuu abbaan daa'imattiis wayaa haaraa yookiin qulqulluu ta'e kaawachuudhan gubbaarraan kutaa uffatee dhaqa.Abbaan manaafi haati manaa irreessa qabachuun osoo biiftuun hindhokatin yoo masaraa qaalluu ga'an nihirreeffatu.Yoo erga biiftuun lixxeen booda achi ga'an ammoo,guyyaa itti aanu barii ka'anii irreeffatu. Kunis akka aadaa Oromootti Oromoonni kan waaqeffatanii irreeffatan yeroo ifti jiru ifatti nubaasi,nuqaroomsi,beekaa/hayyuu nutaasisi,iftoominaan waliin nubulchi yaada jedhu kan ibsuufi gammachuu daa'ima argatanii sana Waaqaaf galata dhiheessuu kan ibsuudha.kunis irreessafi biiftuu waliin eeganii walagarsiisuun irreeffachuun mallattoo daa'ima hammuuf dhaqxeefi ayyaana iftooman walagarsiisanii qaroomi, ifa keessa jiraadhu,Milkoomi, waa beekaa ta'ii mul'adhu yaada jedhamuun daa'ima sana Waaqni akka eebbisiisu ibsuuf kan taasifamuudha.Waaqeeffattoonni Oromoo ta'an marti kan dukka keessa hinhirreeffanneef ammoo,dukkanni doofummaa, diina sammuufi qaroo dhala namaa waan ta'eef ittiin lagatu.Sababa kanaaf irreecha jiidhaa waan ta'eef ifaan irreenfatama.

Gama biraatiin ammoo yeroo dukkanni jiru akkuma yeroo ifti jiruu Waaqa kadhatanii/waaqeffatanii galateeffatan Waaqeffachuun nijira.Kunis,uummanni Oromoo yeroo Waaqeffatee galateeffatu 'Yaa Waaqa gurracha garaa garbaa, si kadhannaa, nuuf dhagahii,nuuf kadhatami !' jedhanii waan waaqeffataniif dukkanni gurraacha ta'uurran

kan ka'e Waaqaanis gurraacha jedhamee waan ilaallamuufi waan hunda waan ofharkaa qabuuf isa ibsuuf kan bakka bu'ameedha.Dabalataanis hammuun dukkana keessa kan adeemsifamuuf yaadrimee Waaqnifi samiin gurraacha ta'uu isaa ibsuuf kan yaaddamee adeemsifamuufi barsiifameedha. Qaallichi garuu,yeroo nooleewwa faarsanii ayyaanni irra dhufuuf jedhu furda jalatti irreenfata.Ayyaantuun kobaasaa dukkana keessa irreeffachuun ammoo, Waaqni kobaa isaa waan hunada halkanis ta'ee, guyyaa waan hojjatuuf yoo kadhatan kan arguufi kan dhaga'ee waaqeeffattootaf kadhatamu ta'uu isaa yaada jedhu ibsa.Kanaaf,Qaalluun/ayyaanni noolee Waaqaa waan ta'eef yeroo mara waan cufa kan argee,dhaga'ee hojjatuudha.Irreessaaf kan filatamee baattamee dhaqu muka Mi'eechaafi Urgeechaajedhamee waammamudha. Mi'eechafi Urgeechaan muka baalli isaa bonaafi ganna hingogne waan ta'eef, mul'ata bulteen Qaalluu itti fufiinsi diroo/sanyii akka jiraatuufi yeroo hundaa rakkina tokko malee akka gammachuudhan jiraatan kan jedhu ibsuuf kan yaadameedha. Dabalataan irreessi baattamee achi dhaquufi irreenfatamumarga jiidhaa coqorsa yoo ta'u,kunis bonaafi ganna waan hingogneef sanyiin warra bultee Qaalluu kana ta'anii jiran hundi horanii akka baayyataniifi hormaanni isaanii akka hindhaabbanne ta'uu kan ibsuudha.(ObboOlii Guutaa,Aadde Xaayituu Allabbaa,Aadde Gaaddisee Roorrisaa,Obbo Gulummaa Magiraa,Obbo Dagaagaa Margaa)



**Fakkii 6. Suura deessuwwan daa'ima baatanii hammuuf masaraa qaalluu Giiftii Dinqituu Gololeetti argamu dhaqanii**

Yaada armaan olii kana ilaalchisee gaazexaan Kallacha Oromiyaa, Caamsaa 07 (2006:5) lakkoofsi 27 yoo cimsee ibsu, "*Haati mucaa deesse sun jajjabaattee erga deemuu jalqabdee torban afuritti yookaan torban jahaan booda gara beekaa yookiin qaalluu naannoo sanaa jirutti wantoota akka: biqilaa/farsoo, buna duudaa, coqorsaafi daabboo nyaatamu qabatanii deemuun sirni hammuu akka raawwatuuf gaafatu"* jechuun addeessaa.Kunis, wayita sirni hammachiisaa qe'ee warra qaalluutti qaalluun raawwatamu wantoonni warri daa'imaa qabatanii gara warra qaalluu deeman bakkaa bakkatti adda addummaan kan jiru ta'uu addeessa.Kana jechuun haala naannoo irratti hundaa'uun namoonni bultee ayyaanaa ta'an wantoota milkii qajeelchaniifi mul'ata gaarii agarsiisan fedhii ayyaanni hawaasa bultee isaa ta'aniif qabu walbarsiisuufi waliif ibsuuf wanti bulteen sun qabatee masaraa qaalluu dhaqu kan adda addaa ta'uu isaa kan hubachiisudha.Kanaaf, wanti qabatamee qe'ee qaalluu dhaqu iddoodhaa iddootti gargar ta'us miidhaa kan hinqabneefi hunduu waan dansa ta'e ibsuuf kan qabatamu ta'uu isaa kan agarsiisudha.

**4.8 Cubbuurraa Bilisa Ta'uu**

Namoonni horteefi hordoftoota ayyaana/qaalluu ta'aniifi daa'ima hammachiifatan cubbuu hojjachuun akka seera qaalluutti dhorkaadha.Haala kanaan,abbaafi haati seerota qulqullummaa yookiin cubbuurraa bilisa ta'anii hanga daa'ima hammachiifatanitti ofeeggannoo cimaadhan jiraachuu qabu.Kanas akka odeeffannoon maanguddootarraa gaafa guyyaa 18/08/2011 argame ibsutti akka ittaanutti dhihaateera. "Qulqullummaan akka seera hammuutti, warri daa'imaa gaafa daa'imti dhalatterraa eegalee hanga hammuu daa'imaa san fiixan bahanitti, waan lagatamurraa bilisa ta'uufi ta'uu dhabuu kan too'atamaniidha.Kana jechuun abbaafi haati daa'imaa/deessuun sun walqunnamtii saalaa hinraawwatan, qeensaafi rifeensa hinmuratan, mana warra hujubaa hin seenan, reeffa hinbaatan, hindhiqanis yaada jedhutu eerama.

Walquunnamtii saalaa gochuu lagachuun, qeensafi rifeensa murachuu dhiisuun yaadrimee mallattoo yaadannoo cinqii deessuun gaafa guyyaa deessuu sana agartee darbiteefi gargaarsa ayyaanatiin kan deesse ta'uu isaa ibsuuf hanga gaafa guyyaa daa'ima sana hammachiifatanii ulumaa bahanitti seera qaalluu bulteefi hortee ayyaanatiif ba'e jedhamee kan hordofamuudha.Reeffi nama du'e,kan lubbuu hinqabne waan ta'eef mallattoo addaan bahiinsati,kanaaf yeroo hammuu keessa harkaan tuquufi mana warra

hujubaa seenanii galma qaalluu yoo seenan milkiin warra daa’immaniif hinqajeelu. Rakkinni adda addaa isaan muudata,addaan bahu, ayyaannis hinkadhatamuuf yaada jedhamutu ibsama.Sababa kanaaf namoonni hammuu keessa jiran seerota kana hordofanii,waan balleessan ammoo guyyaa hammuu sana dhugaa baasanii qulqullinaan daa’ima isaanii ayyaana hammachiifatanii eebbisiifachuun milkiidhan gara mana ofiigalu.

Odeeffannoon argame kunis,yommuu hubatamu akka seera qaalluutti, ummanni Oromoo gochoota gaarii hintaane akka hinhojjanneefi irraa of eegu qaalluun niqajeelcha, ni eegas. Kun ammoo, abboommiin waaqaa ummata isaa bira akka jiraatu, tokkummaafi kabajni hawaasaa akka cimu godha.Haala adabbii nama seera qaalluu cabsee argame ymmuu ibsan, bulteen qaallichaa cubbuu hinhojjatu.Qulqullummaasaa haalaan yeroo maraa ni eeggata.Yaada kana ilaalchisee,odeeffannoon manguddootarraa argames “Qaalluun horteen isaa akka cubbuu hinhojjanne nibarsiisa.Namni yoo abboommii qaallichaa cabse osoo balaa cimaan irra hindhaqqabne qe’ee warra qaalluu deemee balleessaa himatee dhiifama gaafata.Balleessaa ofii beekanii dhiifama gaafachuun yookiin jalaa ka’uun ammoo ayyaanni akka adabbii hir’isu taasisuufi amanamaa ta’uu ibsuudha.Namoonni kuunis akka irraa baraniif, cubbuu hojjate masaraa qaallutitti ummata keessatti sagalee olkaasuudhan akka himatu taasifama. Kana booda ayyaanni rakkinaafi iftoomina nama sanaa hubatee dhiifamani kan taasifamuufidha.((Obbo Olii Guutaa, Aadde Xaayituu Allabbaa,Aadde Gaaddisee Roorrisaa,Obbo Gulummaa Magiraa)

Haaluma kanaan,qaalluun cubbuu akkatti ilaalu yommuu ilaallammu toorri interneetii googil, www.wikipedia.org/wiki/waaqeffannajedhu waan kaa’u qaba. Kunis, *Cubbuu (sin)*

- *Cubbuun ni qabdi (sin has got consequence)*
- *Cubbuun ni sirriqxi (the consequence of sin can be inherited)*
- *Cubbuu abbaatu eeggata yookaan cubbuu irraa abbaatu of eega (everyone should keep him-/herself from committing sin and everybody is responsible for the consequences of the sin he/she commit)*” *Gatiin cubbuu asuma jireenya isa ammaarratti nama ga'a, jireenya isa du'a boodderratti odoo hin taane.Waaqayyo namoota cubbuu hojjatan adabuuf sihoolin inni qopheesse hin jiru.”Oromoonni hammeenyifi rakkinni lafa kanarratti*

*namarra ga'u sababa hojii yaraa namoonni hojjatanii fi murtii dogogoraa isaan murteessanirraa kan ka'e dhufa jedhanii amanu,kana jechuun bu'aa cubbuu namoonni hojjataniiti jechuu dha,*

Haala kanaan, qaalluun horteen isaa waan hamaa/jibbamaa ta'ee akka hin hojjanne kan barsiisudha.Wantoota hojjachuun hamaa/badaa yookaan cubbuu ta'an adda baasanii akka irraa of eegan niqajeelcha.Namni seera qaalluu cabse /balleessaa hojjatee ni adabama. Fakkeenyaf,yoo namni sun nageenya dhabee ayyaana kana kadhate ayyaanichi hinkadhatamuuf,ijoollees yoo hammachiifachuuf dhaqe hamma dhugaa baasee dhiifama gaafatutti sarmee hinhaammatuuf.Akkasumas,yoo hawaasa noonnoo waliin walitti bu'ee miidhame yookaan miidhe gumaa hinkennus; hinkennisiisusi.Yoo qabeenyi jalaa badeefi hinqabaanne ta'ee kadhates ayyaanni sarmee waan hinkadhatamneef namni cubbuu dalage deega keessaa hinba'u;rakkinni yeroo yeroodhan itti deddeebi'a.Kanaaf namni cubbuu dalage nageenyafi qabeenya dhabuun adabbii ayyaanni yookaan qaalluun laatuuf jedhamee ilaallama.Dhugaa jiru baasanii yoo qulqullumman qaalluu kana kadhatan garuu eenyumtuu waan kadhatan irraa argatus bilisas nita'a yaadrimee jedhutu jira.

### 4.9 Adeemsa Sirna Hammachiisaa

Hammachiisaan sirna daa'immaniif qaallichi yookiin qaallittiin maqaa baasuun raawwatamu ta'ee adeemsa mataasaa qaba.Adeemsi hammachiisaa sirnoota qaalluun raawwataman keessaa tokko waan ta'eef masaraa yookaan galma Qaallichaa keessatti guyyaa gaafa kudha-arfii sirni maqaa baasuu/hammuun jiru galgala haaluma maatiin daa'imaa qophii taasisanii dhaqaniinhojjattoota/tajaaltoota galmichaa ta'an hundaan hojiiwwan sirni hammuu adeemsifamuun dura hojjataman hojjachuudhan kan eegalamu.Hojiileensirna hammachiisaa kunis gochoota erga deessuufi abbaan warraa wantoota barbaachisu hunda guutuun masaraa warra Qaalluuga'anii kaasee hanga sirni hammuu raawwatee gara qe'ee ofiitti deebi'aniitti walduraa duubaan kanneen adeemsifaman kan ofkeessaa qabaniidha.

Kanas,akka dubartoonni warra jabboo tahan odeeffannoo gaafa guyyaa 27/08/2011 ALH qorattuuf kennan odeeffannoon argame adeemsa sirna hammuu jalqabaa hanga dhumaatti maaltu akka raawwatamuufi yeroo hammuu maal akka jedhan kan ibsuudha.




**Fakkii 7. Suura dubartoonnijabboo yeroo qorattuuf odeeffannoo kannaan**

Kunis,“Hammuun sirna cimaafi miidhagaa ta’e kan qabuudha.Akka sirna hammuutti, dursa dubartootni jabboo gaafa guyyaa sirna hammuu/kudha-arfii galgala warra hammuuf dhaqe hundarraa marqaa marquuf silliqii deessuwwan fidhatanii dhaqan funaanuu eegalu.Silliqiin kunis,akka seera ayyaanichaatti kan Garbuufi Xaafiiti.Garbuun dugda deessuu jabeessuuf yoo filatamu, Xaafiin ammo,baayyinni sanyii yookaan horteen namaa akka xaafii sanaatti haadanooman jedhamee kan filatameedha. Marqaan kuns marqaa jaaloo jedhama. Dubartoonni jabboo ta’an marqaa jaaloo kana akkuma marquuf qophaa’aniin marga harkatti qabachuun eebba armaan gadii kan eebbisu.Eebba kunis akkas jechuun eegalu:

*Yaa waaqa hunduma uumte*
*Dhiiga dugda abbaa fuutee*
*Garaa haadhaa keessatti guduunfite*
*Nama afaanif afuura qabu gootee*
*Ciniinsuufi daha gargaartee*
*Ija keenyaan nu agarsiistee*

*Kan hammuuf dhaqqabsiiste*
*Hirbaata deessuu marqinee*
*Garaadhaan sikadhannee*
*Jaaladhuu nuu hammadhu*
*Hortee kee godhadhuu*
*Dabdee jiru dhiisi*
*Garaa dhalaa jiisi*
*Deessuuf sifa godhi!*

jechuun marga jiidhaa qabachuudhan eebba tartiiba isaa osoo hindogoggorin eebbisu.

Eebba kana keessattis bo'oowwan armaan olii keessatti:

*Dhiiga dugda abbaa fuutee,*
*Garaa haadhaa keessatti guduunfite'*

Kanneen jedhan ilmoon sun bu'aa dhamaatee abbaafi haadhaa ta'uu agarsiisa. Bo'oon, 'Nama afaanif afuura qabu gootee' jedhu immoo, Lubbuu itti hortee, hafuura itti gootee akka dubbatu taasistee jechuudha. Bo'oowwan,

*'Ciniinsuufi daha gargaartee*
*Kan ija keenyan nu agarsiiste*

Kan hammuuf dhaqqabsiiste'

Kanneen jedhanimmoo, gargaarsa yeroo da'umsaa haadhaaf godhameefi fayyummaa ilmoo sanaa da'umsaan booda qaallichaan eegamee haala nagaatiin haati daa'ima deessee argamuuf galateeffachuu agarsiisa.Bo'oon 'Hirbaata deessuu marqinee' jedhummoo marqaan deessuuf galgala hammuu kennamu marqamuun seerri hammuu guutuu ta'uusaa ibsuu agarsiisa.Akkasumas,bo'oolee,

*Garaadhaan sikadhannee*
*Jaaladhuu nuu hammadhuu*
*Dabdee jiru dhiisii*
*Garaa dhalaa jiisii*
*Deessuuf sifa godhi'*

Kanneen jedhan shananis, warri daa'imaa yeroo hammuu keessa wantoota lagatamuu qaban osoo hinlagatin hafanii seera hammuu cabsan yoo ta'e dhamaateefi qulqullummaa

haadhaa daa'imattii  ilaaluun dhiifamni akka godhamuuf kadhachuu marqichiifi sirni hammuu deessuu kan gammachiisu kan sifaa'u akka ta'u hawwii qaban ibsuu agarsiisa.Margi hormaanni akka qajeelufi  milkiin akka toluuf  qabatama.

Kana booda,qaallichifi warri raasaa ta'an qalaaxeewwan dabalatanii galma keessatti galata  ayyaanichaaf galfamu furdatti yeroo sagal naanna'uun faarfannaatu itti fufa.

Haala kanaan si'a afur:

Yaa Giiftii Dinqoo torbii keen siif bu'a hoo!…..Yaa Giiftii Dinqoo torbii keen siif buha hoo! jechuun waljalaa qabaa faarfatu. Ittaansanii yeroo shanaffaadhaa hanga torbaffaatti ammoo:

*Yaa Giiftii Dinqoo badaa marsee  hoo*
*Badaa kee marseetan si hamanee hoo!*

Kana jechaa naanna'u.Kana  jechuun  hammeenyaan qabu  gateen qulqullummaan si amane jechuudha.Itti fufuudhanis, Saddeettaffaarratti:

*Yaa Giiftii Dinqoo fooyyeen siif fooyya'e hoo*
*Duulan siif galee siifan gugguufe hoo!*

Jechaatii faaruu itti fufu.Kunis, ergan si amanee jiruun koo fooyya'ee gadi jedheen galata siif galcha jechuudha.Yeroo saglaffaa naanna'an immoo:

*Yaa Giiftii Dinqoo torbiin kee sagal naanna'e hoo(2x)*
*Hirreessa kee yaabba hoo*
*Duulluu naanna'e hoo*

,jechuun  abbaa ayyaanaa waliin naanna'uun xumuru.Kanaan booda nooleewwaniifi qalaaxeewwan  warra raasaa waliin furdatti naanna'uun  ayyana  faarsuu eegalu.Furdi galma keessa jiru kan itti naanna'anii faarfataniifi irreeffatan tokko yoo ta'u, innis muka Birbirsa jedhamu qajeelaa/sorooroo kan ta'e baaxii  galma kanaa hunda  akka muummichaatti  baateekan jiruudha. Birbirsi bonoof ganna jiidhaa,lalisaafi kan baala hinharcafanne,gaaddisa ta'ee kan roobafi aduu hamaa lubbu-qabeeyyirraa dhorku yoo ta'u, Kunis yaadrimee uummanni  Oromoo durii kaasee  jiruu isaafi  tokkummaa isaa cimsee  jireenya badhaadha ta'e keeessa  jiraachaa kan  turee,jiraachas kan  jiruufi

jiraachuuf nageenya kadhatanii kan waaqeffachuudhan galata dhiheessaniif Waaqa tokko qofa waan ta'eef, isa kana ibsuuf gochaa taasifamuudha jedhamee ilaallama.

Yeroo faaruun armaan olii kun faarfamu deessuufi abbaan warraa ala margarrafi galma keessa itilleerra taa'anii sirnicha hordofu.Margarra taa'uun biqiluu yookaan horuu, lalisuu, guddachuu yoo ta'u, itilleerra taa'uun ammoo hormaata qajeeluudha.Yeroo warri daa'imaa haala kanaan taa'anis, adeemsi marqaa jaaloo qopheessuu dubartoota qalaaxeefi jabboon hojjatamus akkuma itti fufetti jira.Warri galma keessa jiranis akka ayyaantuun dhiyaatee irreeffatuuf ittuma fufuun faarfatanii miiressu:

*Jaaloon guute yaa Giiftii Dinqoo koo,*
*Kan jette guunnanan si waamee hoo,*
*Jettee hinhir'attuufan siwaamee hoo!(2x) jedhu.*

Kunimmoo, wantoota sirna ammuufi ayyaaneffaannaaf barbaachisan keessaa marqaan dubartoota waarra hammuu dhaqaniif barbaachisu dabalatee kan guuttame waan ta'eef wanti ayyaanichatti hir'ate akka hinjirre ibsuun waamicha ayyaanichaaf dhiyeessuu agarsiisa.

Yeroo kana ayyaantuun irreeessaafi daadhii qabatee dhiyaachuun furda jalatti irreeffatee dhibaafachuun iddoosaatti deebi'a.Irreenfachuufi dhibaafachuun ayyaana sanaan nuuf qajeeli,nuuf toli,nuuf kadhatami,kan sirna knaan nugeesseef galanni keenya si haaga'u jechuun galata dhiheessudha.Kana booda, marqaan jaaloo deessuuf hiramee nyaatama.Akkuma marqichi hirameen, Jabboon 'Deessuun hundi irbaanni waaqaa wal isin ga'e?' jechuun gaafatti.Isaanis, 'Eeyyee wal nu ga'e.' jedhuun.Jabbonis dabaltee, 'Akka irbaanni wal isin ga'e, nageenyi waaqaa isin haa ga'u!'jechuun yoo eebbiftu deessuun cufti ni ililchu. Kana booda, Jabboo, Nooleefi Qalaaxonni faaruu marqichaan walqabatu faarsu.Kunis:

*Yaa marga yaa marga hoo*
*Warri ayyaanaa suge hoo*
*Maaddiin aayyoo suga roobe hoo*
*Suge hoo maaddii aayyoo nyaannee quufne hoo*
*Barakaan isaa galma guutee hafe hoo !(2x) jechuun faarsu.*

Faaruu kana keessattis, ‘Yaa marga yaa marga hoo’ kan jedhu waamicha bultee ayyaanichaaf godhu kan ibsu ta’ee, margi jamaa/ bultee ayyaanichaa baay’ina qaban agarsiisa. Gama biroon immoo, ‘Warri ayyaanaa suge hoo’jechuun warri ayyaanaa/ qaallichaa quufa jechuun durummaa warra qaalluu ibsa. ‘Maaddiin aayyoo suga roobe hoo’ Barakaan isaa galma guutee hafe hoo(2x) kan jedhus, marqaan jaaloo deessuuf (dubartoota hammuu dhaqaniif) qophaa’e baay’eefi kan nama quubsu ta’uu addeessa.

Kana booda, ayyaantuun galma keessa bakka saqalaa jedhamu keessa teessoo arbuurraa bocamerra taa’a.Teessoon Arbuu,yaada rimee horuu, baay’achuufi garaa laafuu agrsiisa yaada jedhu bakka bu’a waan ta’eef filatama.Arbuun mucha qaba.Akkasumas, yoo muran ni aannannaa’a waan ta’eefi. Qaallichis erga taa’ee booda,warri nooleefi qalaaxeewwanii sagalee gaarii qabaniifi dibbee rukutuu danda’an qindaa’anii faaruuf qophaa’u.Sababni faarfatamuufis, ayyaanni qaallicharra akka dhufu kakaasuufi.Faaruun kunis namoota noolee ta’aniin akkaataa armaan gadiitiin faarfama.

*Abaabilee hoo yaa jorroo*
*Giiftii Dinqoo naanna’i hoo! …………………… ……..Umbaa!*
*Si waamuu si waamuuree*
*Giiftii koo naanna’uuree hoo! ……………..…. …. …..Umbaa!*
*Yaa Giiftii hoo fooliin kee natty urgaa’e hoo! ………….Umbaa!*
*Angaate hoo biiftuun jalaan angaate hoo! ………………Yoona yoonaa!*
*Yaa Giiftii Dinqoo qumbiin kee natti urgaa’e hoo! …… .Umbaa!*
*Daraare hoo keelloon oggaa urgaa’e hoo! …………….Yoona yoonaa!*
*Si waamne hoo yaa Giiftii dhiyaadhu hoo!.................... Ililil…ililil…!*

Faaruu kana keessattis,bo’oowwan afran olii, ayyaanni akka dhihaatuuf kan faarsan ta’ee, abaabileen miidhaagina qaallichaa kan ibsu yoo ta’u jorroonis miidhagina ayyaana kanaa daran kan ibsuudha. Gama biroon immoo:

*Yaa Giiftii Dinqoo fooliin kee natturgaa’e hoo-----------------‘Umbaa!*
*Angaate hoo biiftuu jalaan angaate hoo--------------------------Umbaa!*
*Yaa Giiftii Dinqoo qumbiin kee natti urgaa’e hoo--------------Umbaa!*
*Daraare hoo keelloon oggaa urgaa’e hoo----------------------Umbaa!*
*Si waamne hoo Giiftii Dinqoo dhiyaadhu hoo! ------------Ililil….Ililil …!*

Jechuun kan ibsame ayyaanni,Giiftii Dinqituu qaallicharra dhufuuf akka jiru abdii qabaachuufi waamaa jiraachuu kan agarsiisu.Akkasumas Umbaa jechuun nuti si kadhachuu malee daba hinbeeknu jechuu yoo ta'u,yoona yoona jechuun ammo yaadrimee yeroo amma si kadhachaatti jirraa nuuf dhaga'ii yookaan kadhatamii nuuf dhihaadhu jechuu kan agarsiisuudha.

Haaluma kanaan nooleewwan walirraa fuudhuudhaan waljalaa qabanii dabaree dabareen osoo addaan hinkutin faaruu armaan gadii itti fufuudhan ililchaa faarfatu.

Faaruun kunis:

*Iyyoo niyyoo yaa iyyoo niyyoo*
*Yeroo Giiftii Dinqoon dhufutu hingeenye moo*
*Beekee nutti boone hoo? (2x) jedhu.*

Kana jechuunimmoo,ayyaanni osoo hinbu'in turuufi jamaan achitti argaman eeganii dadhabuu ibsachuu saanii agarsiisa. Haaluma kanaan faaruu isaanii itti fufuun:

*Dhiyaadhu kaa yaa duumecha kaa…. Dhiyaadhu kaa!*
*Guddicha Ejersa jirtu dhiyaadhu kaa… Dhiyaadhu kaa!*
*Inni Qurquraa dhufte dhiyaadhu kaa.…. Dhiyaadhu kaa!*
*Duumecha Gololee jirtu dhiyaadhu kaa….Dhiyaadhu kaa!*
*Yaahunda beekaa biyyaa dhiyaadhu kaa... Dhiyaadhu kaa!*

*Nooruu yaaduumessa koo noori kaa (2x)…Dhiyaadhu kaa!*
*Koreen abaabilee yaa jorroo*
*Abbaan kormaa nuuf naannahi hoo! (2x)*
*Abbaa kormaa ….. Umbaa!*
*Abbaa qe'ee ……. Umbaa!*
*Abbaa sabaa…… Umbaa!*
*Abbaa biyyaa …... Umbaa!*
*Koreen abaabilee yaa jorroo*
*Abbaan kormaa nuuf naannahi hoo! (2x)*

*Ililiil….!* jechuudhan ililfachaatii faarfatu.Faaruu kanaanis, ayyaanni akka dhufu yookiin bu'u waamichi godhamuu kan agarsiisu ta'ee, gaaleeniifi jechoonni: duumecha, guddicha ejersaa, inni qurquraa, duumecha gololee, hunda

beekaa, koree abaabilee, jorroo, abbaa kormaa, abbaa qe’ee, abbaa sabaafi abbaan biyyaa jedhan ayyaana Giiftii Dinqituu kan bakka bu’anii ibsaniidha.

Haaluma kanaan, dibbee rukutaa waljalaa qabaa irra deddeebi’anii faarsu.Ililchiifi dalagaan warra raasaas faaruu daran yoo hoo’isu, ayyaannis qaallicharratti bu’uuf sonaa’a.Yeroo kana, namoonni hunduu iddoo qabatanii ililchu. Ayyaanni bu’uuf bokkuu muka Ejersaa irraa seeraan tolfame kan mataan isaa sibiila meetiin itti hidhame qabu Qaallichaan urgufamuun/sochoosuun sagaleen dhageessifama.Kunis,ayyaanni Qaallicharra dhufuu agarsiisa. Bokkuun muka Ejersa jedhamurraa tolfamuun jabeenya, umurii dheeraafi tajaajila hedduu waan qabuuf filatamee.Yoo muran kan dafee hinjigneefi dafee hindulloomnef waan ta’eef, ayyaannis akka muka kanaatti jabeenyafi umurii dheeradhaan bulteesaa tajaaja yaada jedhu ibsu.Meetinis sibiila jabaatafi kan hinligidoofne yommuu ta’u,faayidaa adda addaaf kan ooludha.Akkuma sagaleen sibiilaa dhaga’ameen ammoo namoonni tajaajila turjumaanaa kennan qalaaxeewwan sadi walirraa siqanii iddoo adda addaa: tokko galma keessa, tokko boroo galmaa duuba sirricha ayyaantuun jiruun, tokko ammoo, mooraa keessa gara dallaatti siqee yeroo dubbatu akka jamaan dallaadhan ala jiran dhagahanitti dhaabbatu.Qalaaxeen galma keessaa:

*Yaa Giiftii Dinqoo namni kee nagaadha*
*Saawwi kee nagaadha*
*Qe’een kee nagaadha*
*Dalagaan kee nagaadha*
*Deessuun kee nagaadha*
*Galanni siif haa ta’u!*

Jechuun dhaamsa dabarsuu eegala.Kunis, jamaafi ayyaana walitti fiduuf yaada dhiheeffamuudha.Haalli kunis,sirna waaqeffannaa qaalluu keessatti faarfannaafi kadhannaan garaagaraa adeemsifamuu agarsiisa.Faarfannaafi kadhannaan kunis, tajaajila qaalluun hawaasaaf kennu duraafi booda dhufa.

Yaada kana Warquun(2001:27) gubbaatti yoo ibsu, “*Yeroo dalagni hoo’ee jiru ayyaanni qaallicha sanarra dhufee dubbatee kadhata amantootaa dhaga’ee, rakkoo jiru hiikee gara fuulduraatti wanta ta’u illee hima”* jedha. Kunis,ayyaanni/qaalluun hawaasaaf tajaajila adda addaa kennuu hordoftoota isaatiin kadhatamuu agarsiisa.

Sirni hammachiisaa ammoo,sirnoota qaalluun raawwataman kanneen birootti aanee dhiyaata.Kunimmoo, hammachiisaaf sirni karaa qaalluun raawwatamu jiraachuu agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, sirna maqaan karaa amantiifi biroon daa'imaa mogga'urratti, .Sims and Stephers (2005:120 )yoo ibsu, "*There are many rituals associated with naming that range from apublic presentation of an infant within an informal gathering of a family group, to elaborate ceremonies in which names are bestowed by religious or community leaders,"* jechuun kaa'u.Kunis, yaadrimee daa'imaaf maqaan karaa sirna idilaawaa yookiin al-idilaawaa ta'een maatii daa'imaa yookaan abbootii amantaan jilli qophaa'ee itti baafamu kan calaqqisiisu yoo ta'u,maqaan karaa sirni qophaa'een bahu kun adeemsa adda addaafi miidhagina addaa qabaatee maatii daa'imaa gammachiisurra darbee aadaa ta'ee hawaasa keessatti fudhatama kan qabu ta'uu isaa kan nuhubachiisudha.

Odeeffannoo kennitoonni akka ibsanitti,,sirni hammachiisaa erga tajaajilli qaalluun kennu kanneen biro erga raawwatee kan adeemsifamu ta'u isaa eeru.Kunis, akkuma sirnoonni kaan raawwatamaniin ayyaanni qaallicharra dhufee sagaleen bokkuu urgufamuun dhaga'ama. Yeroo kana namoota ammuu dhaqan keessaa tokko dursee, 'Yaa Giiftii Dinqituuwagiidhafan dhufe,'jedha.Namoonni tajaajila turjumaanaa kennanis sagalee olkaasanii walitti daddabarsuun," 'Yaa Giiftii Dinqituu wagiidhafan dhufe' jedha," jedhaan. Ayyaannis,"Maali wagiin?" jedha. Qalaaxonnis,yeroo kana abbaa daa'imichaatiin,"'Maali wagiin?'jedhu" jedhan.As keessatti Wagiin ammuu jechuudha.Abbaan daa'imichaas, "Yaa Giiftii ilmoo naa kenniteetan ammuudhaaf dhufee, jaaladhuu naaf hammadhu?" jedha. Qalaaxonnis," 'Yaa Giiftii ilmoo naa kenniteetan ammuudhaf dhufee, jaaladhuu naaf hammadhu?jedha," jedhu.Ayyaannis, "Eessaa naa fidde?" jedhaan.

Haaluma kanaan qalaxonnis abbaa daa'imichaatti dabarsuun abbaan daa'imichaa bakka himata.Kana booda, Ayyaanni, "Shantam bayeessa moo shantam bayeettiidha?" jechuun qorata.Shantam bayeessi dhiira yommuu ta'u,Shantam bayeettiin ammoo durba jechuudha.Akkasumas uummanni Oromoo yeroo walebbisan 'Dhibba Horaa' waan waliin jedhaniif, sirna kana keessatti ammoo yaadrimee ayyaanni warri daa'imaa sun dhiira shantamaafi dubra shantama akka horan hawwii isaaniif qabu ibsuudha.Kanaan

booda abbaan daa'imichaas shantam bayeessa yookiin shantam bayeettii ta'uu akkuma himeen ayyaannis, "Korma moo caasaadha?" jechuun hangafa yookiin quxusuu ta'uu qorata. Sirna ammuu keessatti, dhiiras ta'ee durbi dura dhalatte korma, kan 2ffaa caasaa, 3ffaan korma, 4ffaan ammoo caasaa jedhamuun waammamu.Abbichis, korma yookiin Caasaa ta'uu adda baasuun hima.Ayyaannis, "Qulqullummaan naaf fiddee?" jachuun gaafata. Akkaatuma kanaan, abbaan daa'imichaas qulqulluu ta'uusaa "Eeyyeeni, qulqulluudha" jedha.Ayyaannis, yeroo kana hawwiifi mul'ata maatifi daa'ima sanaaf qaburratti hundaa'uun daa'imasanaaf maqaa eenyummaa ibsu baasefii warri ilmoo dabalata akka argataniif "Yaa Giiftii dabali baalchaa ilmoo" jedha.Kana jechuuns ayyaanni warra kanaaf daa'ima dabalataa akka kennuuf hawwii qabuuf d haamsa dabarsuu isaa jamaa hubachiisa.

Gama birootiin maatiin daa'imaa yoo qulqulluu hintaane yookan yakka hojjatanii kan sirna hammuutiraa hafuu hindandeenye ammoo mooraa galmaa gaafa sana seenuu waan hindandeenyeef,namni sun dallaa galmaatin ala dhaabbatanii tartiibasaanii eeggachuun hammachiifatu.Kanaaf warra seera hammuu eeganiin walqixa hammachiifachuu hindanda'an jechuudha.Erga warri qulqulluu ta'e hammachiifatanii xumuranii booda hammachiifatu.Abbichi karra alaa dura dhaabbachuun qulqulluu ta'uu dhiisuu isaanii ibsata. Namni sunis daa'ima sana hammachiifachuuf balleessaa saatiif dhugaa baasuun dirqama waan ta'eef akkas jechuun eegala."Yaa Giiftii,yeroo hammuu keessan yakka dalagee dhibba sikiisee shantamaan si jalaa ka'ee," yakka koo naaf dhiisi, ilmoo naaf kennite jaaladhuu naaf hammadhu?" jedhaan.Qalaaxonnis, yaada kana osoo irraa hinhir'isiniifi itti hindabalin tartiibaan walitti dabarsuun ayyaana biraan ga'u.Ayyaannis, "Yakki ati uumte maali?" jechuun gaafata.Yaada kana akkuma Qalaaxonni abbaa dhimmaa kanaan ga'aniin abbaan yakka hojjate kun dhoksaa tokko malee himata.Gocha nama qaanessu kan akka sagaagalaallee yoo ta'e sodaa qaalluuf jecha nihima. Kana booda, qalaaxonni akka dhiifama taasisuufi daa'ima sana hammatuuf, "Dhibba nuuf taraari"jechuun qaallicha gaafatu.Kana jechuun ammoo, "Erga amanee dhibba hir'isii murtee beeksisi!" jechuudha.Haaluma kanaan, ayyaannis, "Eega dhugaa baatee, kaan ayyana abbaa keetiif, kaan ayyaana haadha keetiif, kaanimmoo, jamaa qe'ee kanaaf dhiisee, lammata itti hindeebi'in, si dhiise kormaafi goromsatti hafe,"jedhaan.Ayyaanni abbaa maqaan Nabi; kan haadhaa ammoo, Ateeteedha.Qalaaxonnis yaada ayyaanaa kana

akkuma abbaa dhimmaa biraan ga'aniin ayyaanichis "Yaa Giiftii dabali baalchaa ilmoo " jechuun hawwii warri daa'ima biroo akka argataniif qabu sagalee dhageessisuu.

Abbaan daa'imaas itti aansuun,"Yaa Giiftii daa'ima tanaaf maqaa naaf baasi?" jedha. Qalaaxonnis yaada kana akkuma yeroo kaanii ayyaana biraan ga'u. Ayyaannis, waan warri keessa jiru xiinxalee, haala yeroo dhalootaa: yeroo, waktii, bara, hawwii diroo dheerachuu, milkiifi kanneen kana fakkaatan; akkasumas, waan fuundaratti dhufuu danda'ufaa giddu-galeeffachuun maqaa eenyummaa daa'imattii ibsu baasa.Kunis, daa'imattiin hawaasa keessatti beekamtii maqaa dhuunfaa akka argattu gochuun sirna hawaasatti makuuf raawwatamuudha.Kanaaf, daa'imti sun guyyaa sanaa kaastee maqaa sanaan waamamti waan ta'eef mqaa kanaan hawaasa naannootti makamti jechuudha. Yaada kanaafis deeggarsa kan ta'u, Sims and Stephens(2005:110-111) gubbtti yoo ibsu, *Rites of passage are practiced in all cultures, but the events celebrated vary from culture to culture,* jechuun, sirni ce'umsa eenyummaa bifa adda addaan aadaa hawaasa kamiiyyuu keessatti kan raawwatamu ta'uu akeeka.Kanaaf, daa'imti guyyaa hammuu kanaa kaastee hawaasatti makamti jedhamee waan yaadamuuf maqaa eenyummaa ishee ibsuu baafamuuf kanaan waammamti.

Yaaduma kana ilaalchisee akka maanguddoonni naannoo sanatti argaman gaafa guyyaa 28/8/2011 ALH odeeffannoo kennaniin, daa'imti kamiyyuu guyyaa gaafa sirna hammuu sana maqaa eenyummaa ishii/isaa ibsu argatte eegaltee maqaa sanaan maatifi hawaasa naannootiin waan waamamtuuf hawaasafi gosatti makamti yaada jedhu ibsaniiru.




**Fakkii 8. Suuraa maanguddoolii yeroo odeeffannoo qorattuuf kennanii**

Haala odeeffannoo maanguddoota kanarraa argameen sirna hammuu keessattis maqaaleen Oromummaa ibsaniifi ayyaanan daa'immaniif baafaman keessaa muraasni waan irratti hundaa'uun baafamu waliin akka armaan gadiitti qaacceffamanii dhiyaataniiru:

### 4.9.1 Bara Gadaa Keessa Kan Dhalataniif:

- Eebbisee – maqaa dubra yeroo jilaa yookaan sirni eebbaa jiru dhalatteef eebba waaqaa qabaachuu ibsuuf baasan
- Eebbisaa –maqaa dhiira yeroo jilaa yookaan sirni eebbaa jiru dhalateef eebba waaqaa qabaachuu ibsuuf baasan
- Gadaa –maqaa dhiira yeoo sirni gadaa adeemsifamutti dhalachuu ibsuuf baasan
- Buttaa –maqaa dhiira sirna gadaa keessa yeroo buttaan qalamu dhalachuu ibsuuf baasan
- Lataa- maqaa dhiiraa yeroo sirni gadaa adeemsifamu keessa dhalachuu ibsuuf baasan
- Mul'ataa-maqaa dhiiraa yeroo sirni gadaa adeemsifamu keessa dhalachuu ibsuuf baasan

### 4.9.2 Bara Waraanni Injifannoo Gonfate Keessa Dhalataniif:

- Dachaasaa–maqaadhiira yeroo biyyi diina ofirraa dachaasetti dhalachuu ibuuf baasan.
- Dhugoomsaa- maqaa dhiiraa yeroo injifannoon karaa dhugaatiin argame .
- Moosisaa – maqaa dhiira yeroo warri yookiin biyyi injifannoo gonfatanitti dhalchuu ibsuuf f baasan
- Mootii – maqaa dhiira yeroo warri yookiin biyyi injifannoo gonfatanitti dhalateefi hawwii mootummaa ta'uusaa qaban ibsuuf baasan
- Mootuu –maqaa dubra yeroo warri yookiin biyyi injifannoo gonfatanitti dhalateefi hawwii mootummaa ta'uusaa qaban ibsuuf baasan
- Caalaa–maqaa dhiira miidhagaafi yeroo warri wa'irra aananitti dhalateefi fedhii yoomiyyuu waa caaluusaa ibsuuf baasan
- Caaltuu– maqaa dubra miidhagduufi yeroo warri wa'irra aananitti dhalatteefi hudaa ol tauushee ibsuuf baasan
- Fiixaa– maqaa dhiiraa hawwii warri fiixa ba'uusaa/galma ga'uusaa ibsuuf baasan.
- Deebisaa– maqaa dhiira yeroo diina ofirraa deebisanitti dhalateefi sababa adda addaan fedhii daa'imichaaf qaban kan hagas mara hinta'in ta'uu ibsuuf baasan
- Irranaa– maqaa dhiira kennaa waaqaa akka ta'etti ilaalaniifi irra aantummaa ibsuuf baasan
- Naannessaa–maqaa dhiira yeroo injifannootti dhalateefi gadaan deebitetti dhalachuu ibsuuf baasan
- Olaanaa–maqaa dhiira hangafaafi hawwii guddinaa qaban ibsuuf baasan

### 4.9.3 Warra Osoo Daa'ima Hinhoratin Turanii Wareegan Da'aniif:

- Obsaa - maqaa dhiira warri daa'ima hawwanii yeroo dheeraa booda argataniif gaarummaa obsaa ibsuuf baasan
- Obsee –maqaa dubraa warri daa'ima hawwanii yeroo dheeraa booda argataniif gaarummaa dhalachuushee ibsuuf kan baasan

- Turaa – maqaa dhiiraa waarri ilmoo turee argachuu ibsuuf kan baasan
- Dagatte – maqaa dubra yeroo yaadnitti dhalachuu dhabuu ibsuuf baasan
- Yaadanii–maqaa dubraa warri yeroo dheeraa ilmoo godhachuu hawwanii argachuu ibsuuf baasan
- Yaadatee–maqaa dhiiraa warri yeroo dheeraa ilmoo godhachuu hawwanii argachuuf ibsuuf baasan
- Leellisaa - maqaa dhiira leellisanii/ hawwanii argachuu ibsuuf baasan
- Hawwii –maqaa dubraa ilmoo fedhanii argachuu ibsuuf baasan
- Hawwinee –maqaa dubraa ilmoo fedhanii argachuu ibsuuf baasan
- Galaalchaa – maqaa dhiira wareegaan dhalachuu ibsuuf baasan
- Didhaa –maqaa dhiira wareegaan dhalachuu ibsuuf baasan
- Hinseenee –maqaa dhiira yookiin dubartii osoo hin eegiin dhalachuu ibsuuf baasan

**4.9.4 Gaafa Ayyaanaa Kan Dhalataniif:**

- Ayyaantuu –maqaa dubra milkiqabeettii, intala haala gaarii keessaafi yeroo ayyaanaa dhalatteef baasan, kan jiruun qajeelteef
- Ayyaanoo –maqaa dhiira carraa gaarii keessaafi tibba ayyaanarra dhalateef baasan; kan jiruun qajeelteef
- Tolaa –maqaa dhiira haala qajeelaa keessa dhalateefi amala gaarii qabaachu ibsuuf baasan
- Ibsaa – maqaa dhiira birraa yoo ibsaan ba'u dhalate; kan warraaf dabarsu ta'uu ibsuuf kan baasan
- Birruu –maqaa dhiira birraa dhalate; badhaadhaa ta'uu ibsuuf kan baasan

**4.9.5 Sanyiinisaanii Akka Dheeratuu Yommuu Hawwaniif:**

- Baayisaa–maqaadhiira warra maatii baayyee qabaniifi hawwaniif baasan
- Baayisee – maqaa dubra warra maatii baayyee qabaniifi hawwaniif baasan
- Leensee –maqaa dubra bareedduu daraaraa marga leensaa jedhamuun fakkeessuuf baasan
- Magarsaa – maqaa dhiira erga daa'imni warra jalaa hammaatteen booda dhalateef bakka bu'usaa ibsuuf baasan

- Tarreessaa– maqaa dhiira warri taadhii dhaluu ibsuufi hawwii daa'ima dabalachuu ibsuuf baasan
- Dheeressaa–maqaa dhiira hawwii diroo dheerachuu qaban ibsuuf baasan
- Fufaa – maqaa dhiira hawwii dabala ilmoo qaban ibsuuf baasan
- Lammeessaa –maqaa dhiira, dhiira lammaffaa dhalateefi hawwii ammas da'aa ibsuuf baasan
- Guutaa-maqaa dhiira jilarra dhalate ykn yeroo wanti hawwan warraaf guute dhalachuu ibsuuf baasan
- Dabalee –maqaadhiira maandhaafi fedhii daa'ima biroos akka horatan ibsuuf baasan
- Diroo – sanyii, maqaa dhiira hawwii baayyachuu sanyii ibsuuf baasan
- Dabalaa – maqaa dhiira quxusuuf baasan, dabala ilmoo ibsuuf baasan
- Kumsaa – maqaa dhiira hawwii baayyachuu sanyii agarsiisuuf baasan
- Kumee –maqaa dubra maatii baayyee keessa dhalachuufi fedhii daa'imni warraa baay'achuu qaban ibsuuf kan baasan
- Kumaa –maqaa dhiira hawwii baayyachuu maatii warraaf qaban ibsuuf baasan

**4.9.6 Yeroo Daa'imti Dhalattu Jireenya Dansaa Keessa Jiraataniif:**

- Gammadaa - maqaa dhiira yeroo gammachuu dhalateefi hawwii jireenya qannoo jiraachuu qabaniif ibsuuf kan baasan
- Qananii – maqaa dubra yeroo jireenya gaarii dhalatteefi hawwii guddina qabanii ibsuuf baasan
- Qananiisaa – maqaa dhiira waktii gaarii keessa dhalateefi warraafi maatiif dabarsa jedhamee yaadameef baasan.
- Gammachuu –maqaa dhiira yeroo gammachuu keessa dhalateefi hawwii jireenya qannoo jiraachuu qabaniif ibsuuf kan ba'u
- Badhaadha –maqaa dhiira yeroo jireenyi gaarii dhalateef hawwii durummaa ibsuuf kan baasan.
- Badhaatuu - maqaa dubra yeroo jireenya gaarii dhalatteef hawwii durummaa ibsuuf kan baasan.

- Galaanaa–maqaa dhiira yeroo jireenyi warraa qajeelaa dhalateefi durummaa ibsuuf baasaniif
- Soorettii –maqaa dubra yeroo warri jireenya gaarii keessa jiran dhalatteef yookiin dubartii hangafti fuudheef warra soddaan ba'u
- Galaanee –maqaa dubra qabeenyi warraa yeroo guutuu ta'etti dhalachuufi kan duroomtu ta'uu ibsuuf baasan
- Dureettii–maqaa dubra yeroo warri jireenya gaarii keessa jiran dhalatteef yookiin dubartii hangafti fuudheef ba'u
- Addunyaa – maqaa dhiira yeroo warri qabeenyaa guddoo qaban dhalateefi qabeenya baay'ee kan horatu ta'uu ibsuuf baasan

**4.9.7 Yaadaafi Abdii Isaanii Waaqa Bira Kaayachuu Agarsiisuuf:**

- Waaqumaa–maqaa dhiira qulqullummaan waaqaa kan kennameef ta'uu ibsuuf baasan
- Waaqtolee–maqaa dhiiraa tola/fedha waaqaan dhalachuu ibsuuf baasan
- Waaqjiraa - maqaa dhiira abdii waaqaan dhalachuufi jiraachuu ibsuuf baasan
- Waaqashii–maqaa dubra abdii waaqaan dhalachuufi jiraachuu ibsuuf baasan
- Waaqgaarii –maqaa dhiira gaarummaa waaqaan dhalachuusaatti gammaduu ibsuuf baasan
- Tolasaa – maqaa dhiira tola waaqaan dhalachuu ibsuuf baasan
- Tolashii – maqaa dubra tola waaqaan dhalachuu ibsuuf baasan
- Fedhasaa–maqaa dhiira fedha warraa malee dhalachuu ibsuuf baaasan
- Fedhashii –maqaa dubra hawwii warraa malee dhalachuu ibsuuf baasan

**4.9.8 Abdiifi Yaadasaanii Irraa Godhachuu Agarsiisuuf:**

- Hirkoo – maqaa dhiira abdii warraa ta'uu ibsuuf baasan
- Abdiisaa – maqaa dhiira waan hundatti abdataniif baasan
- Gaaddisee – maqaa dubra hirkoo/gaaddisa warraaf taati jedhanii yaadaniif baasan
- Gaaddisaa –maqaa dhiira warriifi biyyi kan itti abdatan ta'uu ibsuuf baasan
- Dhaabaa –maqaa dhiira warraafi biyyaa ta'a/ ijaara jedhanii yaadaniifi kan itti abdataniif baasan

- Ijaaraa–maqaa dhiira warraafi biyya ijaara jedhanii hawwaniif baasan
- Boonsaa–maqaa dhiira warraafi biyya boonsa/ qananiisa jedhanii yaadaniif baasan
- Jabeessaa–maqaa dhiira warraafi biyyaa guddisa jedhanii yaadaniif baasan

**4.9.9 Yeroo Abbaan Manaafi Haati Manaa Waldhabaa Turanitti Kan Dhalataniif:**

- Araarsaa – maqaa dhiira yeroo waldhabdeen itti hiikametti dhalateefi hawwii araaraa warraafi biyyaaf qaban ibsuuf baasan
- Araarsee –maqaa dubra yeroo waldhabdeen itti hiikametti dhalatteef gaarummaa araaraa ibsuuf baasan
- Firoomsaa –maqaa dhiira yeroo firri waldhabe itti araarametti dhalateef barbaachisummaa firaa ibsuuf baasan
- Qabbannaa – maqaa dhiira yeroo maatiin yookaan biyyi qabbana/nagaa qabu dhalateefi nageenya ibsuuf baasan
- Qabbanee – maqaa dubra yeroo maatiin yookaan biyyi qabbana/nagaa qabu dhalatteefi nageenya ibsuuf baasan
- Raggaasaa – maqaa dhiiraa wayita abbaan kansaa ta’uu shakketti dhalateefi dhalannaan abbicha fakkaateef abbummaa ibsuuf baasan
- Wayyeessaa – maqaa dhiira yeroo jireenyi warraa kan duriirra fooyya’etti yookiin warri dhukkubarraa wayyaa’aniitti dhalateefi milkaa’aa ta’uu ibsuuf baasan

**4.9.10 Waktii Birraa Yeroo Jiidhifi Margi Jiru Daa’ima Dhalataniif Maqaan Ba’u:**

- Lalisaa – maqaa dhiira birraa yeroo margi lalisu dhalateef kan baasan ta’ee, dagaagina kan agarsiisudha.
- Margaa–maqaa dhiiraa baayyadhaa, hawwii dabala daa’imaa qaban ibsuuf kan moggaasaniidha.
- Magarsaa–maqaa dhiira baayisaa, hawwii diroo dheerachuu qaban ibsuuf kan baasan
- Biqilaa – maqaa dhiiraa baayyadhaa, horaa, diroo dheeradhaa yaadrimee jedhu ibsuuf kan baasan

- Gabbisaa–maqaa dhiira yeroo quufaafi badhaadhinaa dhalataniif kan ba'u ta'ee hawwii warra qananiisuu qaban ibsuuf baasan
- Daraaraa–maqaa dhiira waktii birraa dhalateef kan ba'u ta'ee, miidhaginaafi hawwatamummaa qabu ibsuuf kan moggaasani
- Daraartuu –maqaa dubra waktii birraa dhalatteefi miidhaginni ililliin fakkeeffamuuf kan baasan ta'ee, abdii dhala argachuu ibsuuf kan baasaniidha.
- Lataa –maqaa dhiira dheerina diroo, baay'ina sanyii, dagaagina hawwaniif baasan
- Irreessoo –maqaa dhiira birraa yeroo irreessaa kan dhalateef baasan ta'ee,hawwii galataafi kabaja bara baraa qabaachuu ibsuuf kan baasani.
- Urga'aa –maqaa dhiira birraa yoo ililliin urgaa'u dhalateef baasan ta'ee hawwii 'jiruun isaafi warratti toluu ibsuuf kan baasani.
- Mul'ataa–maqaa dhiira ifaa, tulluu, kan mul'ata gaarii qabu ta'uu ibsuuf kan baasani
- Horaa – maqaa dhiira hawwii diroo dheerachuufi baay'achuu qabaniif ibsuuf kan baasan.
- Dagaagaa – maqaa dhiira kan guddinaafi hormaata hawwuufi agarsiisuuf baasan
- Urgeessaa – maqaa dhiira waktii birraa yoo ililliin urgaa'u dhalateef baasan ta'ee, kan warraa dabarsu; kan warri qananiisu tauu ibsuuf kan baasani.
- Iftuu – maqaa dubra fuula iftu, bareedduu akka ilillii birraa; jiruun kan qajeeluuf ta'uu ibsuuf baasan
- Lalisee –maqaa dubra yoo margi lalisu dhalatte, midhaagduu hawwii guddinaa qabaniif baasan
- Jiituu – maqaa dubra birraa yoo dacheen jiidhaafi lalisaa, yoo hameessi dhalu kan dhalatteef baasan ta'ee durummaafi hiree gaarii dhalachuu ibsuuf kan baasan.
- Magartuu –maqaa dubra yoo margi lalisu, hawwii guddinaa qabaniif ibsuuf baasan
- Urgoo –maqaa dubra birraa yoo ililliin urgaa'u dhalatteef baasan ta'ee, hawwii 'jiruun isheefi warratti toluu qaban ibsuuf kan baasani.
- Abaaboo- maqaa dubra birraa dhalatteefi ilillii birraan fakkeeffamtu, bareedduuf baasan

#### 4.9.11 Carraa Yookiin Milkii Gaarii Ta'uu Ibsuuf:

- Toleeraa –maqaa dhiira wayita milkiin warraaf tolu kan dhalate ta'uu ibsuuf baasan
- Qajeelaa –maqaa dhiira yoo milkiin warraaf qajeelu ykn tolu dhalateef baasan
- Bayeecha –maqaa dhiira yeroo gaarii dhalachuu ibsuuf baasan
- Tolchaa –maqaa dhiira miidhagsaa, qajeelchaa, kan hiree gaarii dhalateef baasan
- Milkii – maqaa dhiira hiree gaarii dhalachuu ibsuuf baasan
- Milkeessaa – maqaa dhiira carraa gaarii dhalachuu ibsuuf baasan
- Tolaa- maqaa dhiira carraa gaarii dhalachuu ibsuuf baasan

#### 4.9.12 Waa Xiiqeffachuufi Dhiibbaa Jiru Agarsiisan:

- Xiiqii – maqaa dhiiraa xiiqeffannaa warraa/biyyaa ibsuuf baasaniif
- Xiiqessaa – maqaa dhiiraa xiiqeffannaa warraa/biyyaa ibsuuf baasaniif
- Insarmuu – maqaa dhiiraa gocha badaa irratti raawwatamu diduu ibsuuf baasaniif
- Roorrisaa – maqaa dhiiraa gocha badaa ta'e ibsuu baasaniif
- Giddiittu – maqaa durbaa gochaa dirqamaan raawwatame ibsuuf baasaniif
- Giddi – maqaa dhiiraa gochaa dirqamaan raawwatame ibsuuf baasaniif

#### 4.9.13 Kanneen Guddina Hawwanii Jireenyaa Isaanii Moo'achuu Tattaafatan:

- Guddataa – maqaa dhiira guddina hawwii ibsuuf baasan
- Guddinaa–maqaa dhiira hawwii guddinaa qaban ibsuuf baasan
- Hawwii –maqaa dubra fedhii warraafi waaqaan dhalatte ta'uu ibsuuf baasan
- Badhaadha – maqaa dhiira yeroo gaarii, badhaadhinaa dhalateefi hawwii guddinaqabaniif ibsuuf baasan
- Badhaatuu – maqaa dubra yeroo qananiin jiran dhalatteefi hawwii guddinaa qabaniif ibsuuf baasan

#### 4.9.14 Namoota Seera Hammuu Cabsan:

- Yaadasaa–maqaa dhiira osoo warri hinfeene dhalachuu ibsuuf baasan
- Yaadashii – maqaa dubra osoo warri hinfeene dhalachuuf ibsuuf baasan

Haala kanaan, odeeffannoon maan guddootarraa gaafa 27/08/ 2011 A.L.H argame akka ibsutti, sirni hammuu qaalluu Giiftii Dinqituun deemsifamu erga

namoota hammuuf dhaqaniif sirni hammuu raawwateefi dhimmoonni biroo dabareen raawwatamanii booda ayyaanni akkuma dura simannaan dhufe gaggeessaa faaruun deeggaramee gala.Faaruun kunis ayyaantuun kan eegalu yoo ta'u:

*Yaa bara yaa bara hoo*
*Warri ayyaanaa olmargaa hoo (2x)*
*Lallabe hoo lallabe hoo*
*Lallabee botoroo laga dhaabuu*
*Yaa dalagaa mee wal jaalluu.*
*Lallabe hoo lallabee*
*Idda fiitii laga dhaabuu*
*Yaa dhirsaaf niitii mee waljaalluu(2x)* jedha.

Faaruun kunis gorsa jaalalli abbaa manaafi haadha manaa gidduu jiru akka cimuufi itti fufu ayyaanni warra bulteesaa ta'an hundaafi dhirsaafi niitii hammuuf dhaqaniif qabu kan agarsiisudha.Kana booda,nooleen dhaamsa ayyaanni bulteesaaf dabarse akka qalbeeffataniifi dhiisaan,bulteen akka caqasaniif itti fufuun faarfatu:

*Ni baana karaa ejersaa*
*Karaan qurquraa gadafee*
*Yaa Giiftii Dinqoo guddaa gorsitaa*
*Xiqqaas hundaa gorsitaa*
*Eenyu qabatee gorsa kee?*jedhan.

Kunis,gaarummaafi qabannaa gorsa ayyaanni dabarsee ibsuun namoonni achitti argamaniifi bulteen hundi gorsicha fudhachuu akka qabaniifi xiyyeeffatan dhaamuu agarsiisa.

Ayyaannis yeroo kana:

*siin waammame*
*Hortee keettuu makamee*
*Dhugaatu Yaa simbirroo Makoodii*
*Jaarsa galoo baroodii*
*Siini gahe hoo.*

Nooleenis:

*Yaa Giiftii Dinqoo torbiin kee siif bu'amee*
*Wagiin kees siif guuttamee*
*Jamaan kees siin hiikkamee*
*Dhaloonni nuuf laallamee*
*Mee kamtu diidatti hafee?*jedhu.

Yaada gara olii keessatti.ayyaanni hojiisaa xumuree deemuuuf qalaaxeewwaniifi nooleewwan ayyaanni akka dhufu taasisan marti faarsanii akka geggeessaniif yeroon itti ga'uusaa dhamsa dabarsuu yoo agarsiisu,inni itti aanu yaanni warra noolee ammoo safuun yookiin hoodi barabaachisu ayyaanaaf guuttamuu, ayyaannis waan bulteen /horteen isaa barbaadu: kan qabaan qabe hiikkamuu, wareegaarraa wareegni fuudhamuu, kan wal dhabe araaramuu,daa'imti maqaa argachuun horteesaatti makamuufi ayyaanichi waan baayyee jamaaf gochuu galateeffachuun wanti hafe yoo jiraate akka ibsuuf ayyaana gaafachuu kan calaqqisiisudha.

Ayyaannis deebisee:

*Yaa simbirroo Makoodii*
*Jaarsa galoo baroodii*
*Kudha arfiin na eegi hoo!*jedha.

Kunis, ayyaanichi tajaajilli jamaaf kennaa ture ga'aafi kan itti gammadan ta'uu hubachuun jaarsolii galmaattis gammachuun akka itti dhaga'amu ibsuun torban lamaan itti aanutti beellamuun galuu ayyaanaa agarsiisa.

Nooleenis:

*Galuuf deema abbaan bulloo*
*Dirrisaat deema silaa kunoo*
*Eegaa galuun kee hin oollee*
*Sin gaggeessa yaa Giiftii hoo!* jechuun ayyaana gaggeessu.

Kana booda, ayyaanni ni gala.Warri raasaa adeemsa keessa si'aayina isaanii hir'isaa faaruu dhaabu.Nooleenis haaluma kanaan dibbee rukutuufi faarsuu dhaabu.

Ganama Ayyaantunis, daa'imattii bullukkoo yookiin kutaa kuula diimaa uffatuun ofitti qabee yeroo lama itti tufuun eebbisa.Eebbichas haala kanaan eebbisu;

*Guddadhu!*

*Ija hamtuu sirraa haa qabu!*

*Horii lafa guuti!*

*Addaafi addunyaa argadhu!*

*Beekaa/ beektuu ta'i!* jechuun eebbisee haadhatti deebisa.

Ittaansuun jaartin galmaa ammoo, dhadhaa muudaaf haati daa'imaa qabattee dhaqxe irraa fuudhuun abbaa manaafi haadha manaa darbitees daa'imattii muuddi.Muudan hormaatafi milkaa'ina kan ibsuudha.

Qaallichi abbaan manaafi haati manaa osoo homtuu gidduu isaanii hin baane akka gara manaa isaanii galan gorsa.Yoo hamtuun gidduusaanii baate abbaan manaafi haati manaa hinmilkaa'an,waliinis hinjiraatan,hinhoranis jechuudha.Kanaafuu,warri daa'imaas sirna hammuu xumuruun akkuma jedhametti waliin gara mana isaaniitti galu.Sirna hammuu xumurachuun kunis, ulmaa ba'uu jedhamee beekkama.

**4.10 Haala Yeroo Ammaa Sirna Hammachiisaa**

Qaalluun yookaan Ayyaanni Giiftii Dinqituu erga sirni nafxanyaa kufee masaraan isaa jajjabeeffamee as hanga tokko bulteen isaa kan dhihoos ta'ee kan fagoo dhufee waaqeffachuufi daa'ima itti hammachifachuu eegalanii waggaa muraasa lakkoofsisus adeemsa keessa jibbaafi ilaalcha duubatti hafaa amantiin adda addaa irratti adeemsisaa tureefi jiru keessatti hordoftoota muraasan hojii isaa haala dambii isaatiin daa'imman bultee isaa ta'an hunda haammachaas; eebbisaas kan jiruudha. (Obbo Olii Guutaa,Aadde Brrii Booranaa,Aadde Aarrii Daadhii,Aadde Dambituu Tolasaafi Aadde Shaashii Taliilaa)

# BOQONNAA SHAN: YAADA GUDUUNFAAFI FURMAATAA

## 5.1 Yaada Guduunfaa/Argannoo

Uummanni Oromoo aadaa bal'aafi beekkamoo ta'an kan eenyummaa isaanii ibsu hedduu qabu. Kanneen keessaa sirni maqaa eenyummaa Oromoo ibsuuf itti fayyadaman kan akka Gubbisa,Moggaasafi Hammachiisaa jedhaman hawaasni nibeeka.Gubbisni sirna maqaa baasuu ilma hangafaati.Moggaasni immoo, kan dubraafi ilma maandhaati. Hammachiisaan sirna daa'ima dhalatte tokko gara masaraa Qaalluu bultee ofii taasifatan tokko geessanii maqaa haaraa qaalluun sun akka baasufi eebbisuuf taasisuudha. Kunis, yeroo durii uummata Oromoo biratti aadaa ta'ee aadeffamuun beekkama.Maqaan seera hammuutin daa'ima kanaaf kennamu kuni ammoo eenyummaa Oromummaa isaanii kan ibsu waan ta'eef maqaan aadaan bahe aadaa keessaa hinbahu jedhamee beekkama.Kanaaf, maqaan ibsituu eenyummaa saba tokko saba biraa irraa adda baasee ibsa.

Sirni hammuu kunis, kan ta'u wiirtuu waaqeffannaa uummatichaa keessaa tokko kan ta'e qe'ee warra qaalluutitti yoo ta'u, qaalluun waayyuu, beekaa Oromtichaa, kan uumaafi uumama walqunnamsiisudha.Qaalluun Giiftii Dinqituus qaalluu Oromoo keessaa isa tokko yoo ta'u, daa'immaniif maqaa baasee hammachuun kan eebbisuudha.Qaalluun kun ilmaan Oromoof maqaa alagaa hin baasu.Maqaa Oromummaa ibsuufi sanyii Oromoo dheeressu kan baasudha.

Sirnoonni qaalluun gaggeeffaman erga galmi sirna waaqeffannaan itti gageeffamuufi teessoon qaallichaafi qaallittii, gaaddisni Oromtichaafi Oromtittii gubateefi halagaan balfamee kan hambaa ammoo Oromiyaa wal ga'e,waggaa hedduuf sirni hammuu maqaa Oromoofi Oromummaa ibsu baasu nihadheeffame.Maqaan hambaa Qeesiifi mootota nafxanyootaan namaafi lafa Oromootti maxxanfame.Kanarraa kan ka'e sirni kiristinnaa amantii kiristaanaa, musliimaafi kanneen biroo Oromoonni hedduun osoo hin jaalatiniifi hubannoo hin cimsatin maqaafi eenyummaa isaanii dhabanii kan hambaan yaammamuuf dirqaman.

Yeroo ammaa kana garuu, Oromoonni maqaa alagaa baafameef sana ittiin waammamuu daran jibbanii Oromummaa isaanii ibsachuuf maqaa abbaafi akaakayyuu himachuuf

dirqamaa jiru.Gariin immoo, maqaa eenyummaa isaanii gara maqaa Oromummaa ibsutti geeddarachaa jiru.

- Walumaagalatti, sirni hammachiisaa qaalluu Giiftii Dinqituu sadarkaa adda addaatiin raawwatama.

**I. Hammachiisaan Dura**

- Daa'imni gaafa dhalattee kaasanii hanga daa'imti hammachifamtutti warri daa'imaa laguu seenu. Kan isaan lagatanis:
    - Mana ujubaa seenuu dhiisuu
    - Walqunnamtii saalaa raawwachuu dhiisuu
    - Qeensaafi rifeensa murachu dhiisuu

**II. Guyyaa Hammachiisaa Galgala**

- Silliqii funaanuun marqaan jaaloo marqama
- Marqaan jaaloo dubartoota jabboon eebbifama
- Marqaan jaaloo deessuuf kennama
- Faaruun marqichaan walqabatu nifaarfama
- Nooleewwan ayyaanni akka dhiiyatu furdatti naanna'uun faarfatu
- Ayyaanni bu'ee  daa'ima hammuuf dhaqxeef maqaa baasa
- Ayyaanni faaruun deeggaramee gala/geggeeffama

**III. Erga Hammuun Adeemsifameen Booda**

- Ayyaantuun daa'ima hammachuun eebbisa
- Jabboon daa'ima, haadhaafi abbaa dhadhaa muuddi
- Haatiifi abbaan daa'imaa osoo  homtuu gidduu hin ba'in waliin gara manaa galu

- Maqaan mallattoolee ibsituu eenyumaa saba tokkoo ta'an keessaa tokko.
- Maqaaleen Oromoo Oromummaa ibsan warra, qaalluufi jilaan daa'immaniif ba'a.
- Hammachiisaan sirni Oromoon ilmaansaaf maqaa eenyummaa isaa ibsu karaa waayyuu/qaalluu moggaasuun aadaa, seenaafi amantii isaa kan ittiin ibsachaa tureefi ibsachaa jiru.

- Hammachiisaan dhiibbaa siyaasaa darbe, amantii alagaa hanga ammaa babal'ateefi hidda gadi fageeffatee jirurraa kan ka'e sadarkaa xurreen dhabamuurra ga'aa jira.
- Oromoonni baay'een amantii ambaa hordofan eenyummaafi amantii akkamaleen walitti hidhuun amantii, sirna maqbaasaafi maqaa hidda ofii ibsu balfuun ofiifi maatii isaanii qeeqa eenyummaa jala galchaniiru.
- Qaalluun waayyuu Oromoo akka riqichaatti uumaafi dhala namaa kan walqunnamsiisu ta'uu isaafi tajaala inni hawaasaaf kennu, akkasumas, adeemsa/walduraa duuba raawwii isaa yoomeessa inni qabu waliin ibsameera.
- Qaalluun dhiibbaa siyaasniifi amantiin alagaa adda addaa irraan ga'eefi ga'aa jirurraa kan ka'e tajaajila bal'aa kennaa akka hinjirre qorannoo kana keessatti bal'inaan ibsameera.

## 5.2. Yaada Furmaataa/Yaboo

Sirnoonni maqaa saba Oromoo ibsan baasaniifi sabni Oromoos qaccee isaaf maqaa eenyummaa isaa ibsatuufi diroo ittiin dheereffatu kan akka hammachiisaafi gubbisni sirriitti eeggamuu qabu.Sirna boonsaa eenyummaa ofii ibsu kana itti fufsiisuuf qorannoofi eegumsa hawaasaa kan barbaachisuudha.Qaalluun dirree amantii qofa osoo hin taane waardiyaa maqaan Oromummaa ibsu ilmaan Oromoof akka ba'u kan dhaabbateedha waan ta'eef jibbamuu hinqabu.Qaamni barates aadaa kana irra caalaatti qo'atee hawaasa bal'aa barsiisuu qaba.Aadichi afoolaan beekumsa ammayyaa malee as ga'eera.Dhaloonni ammaa beekumsa addaafi ammayyaa dhaalaniifi hubatan,isa barnootaan deeggarame fayyadamanii kana caalaa akka turu gochuu qabu.Amantii Aadaadhaan walitti makuun hordofuudhan akka aadaan maqaa baasu duubatti hafu taasifamaatii jira.Kanarraa kan ka'e maqaaleen eenyummaa Oromoo ibsuu hindandeenye baafamaa jiru.Kana balleessun barbaachisaa dha. Kunis kan ta'u,

- Aadaafi Amantii karaa hintaaneen walitti hidhuun/walqabsiisuun osoo dhiifamee,
- Maqaalee dur ba'aa turan qoratanii baafachuufi baasuun xiyyeeffannaa guddaa akka argatu taasisuun osoo baratamee,

- Maqaalee amantii biroo keessa jiru baafachuu irraa gara maqaa amantii akaakileefi abaabilee ofii keessa jiraachaa turetti osoo fuulleeffatamee dansaadha.
- Dhaloonni boruu maqaa Oromoo ta'e qofa osoo moggaafatanii daran filatamaadha.

Haaluma walfakkaatuun rakkoolee maqaa aadaan ba'uufi Oromummaa ibsan kan hanbuuran balleessudhaan maqaa ergisaa geeddarachuu barbaachisaadha.Kanaaf immoo, mirga kan kenne mootumaan, Bu'uura Seera Hariirooo Hawaasaa Keewwata 43(Afur tamii sadi). Haalli isaas qaamaan gara mana murtii dhiyootti argamu deemuun iyyannoo ykn guca jijjiirraa maqaa guutuufi ragaa nama 3 (sadi) dhiyeeffachuudha.Gama biroon ammoo, maqaa baasuuf haayyonni Oromoo jila qopheessuun sirnicha labata haaraa dhaalchisuudhan beekkamtii kennuudha.Kunis,hawaasummaafi Oromummaa cimsuurra darbee eenyummaa sabaatiif waardiyaa waan dhaabbatuuf seeraan dagaagsuufi eeganii kunuunsun eenyummaa ofii tursuudha.Walumaagalatti,namoonni dhiigaan Oromoo ta'an maqaa Oromummaa isaanii ibsu dhala isaanitiif baasuufi sirni hammachiisaa hawaasan eeggamuun dirqama Oromummaati.

# Wabiilee


Abbabaa Lammeessaa(1996).*Maqaafi Haala Moggaasa Maqaa Oromoo Gujii:Barruu Qo'annoo Aadaafi Turiizimi Godina Gujii:* Nageellee Booranaa (Kan hinmaxxanfamin).

Adunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa*: Dhaabbata Maxxansaa, Finfinnee: Oromiyaa.

Asafaa Tafarraa Dibaabaa (2000). *Danaa:*Mana Maxxansaa Artistic 1.P, Finfinnee.

Biiroo Bulchiinsa Aanaa Ada'aa(2004). *Karoorafi Sagantaa Biiroo Bulchiinsa Aanaa Ada'aa*: Ada'aa , Bishooftuu. (kan hin maxxanfamin).

Biiroo Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aa (2010).*Karoorafi Sagantaa Biiroo Aadaafi Turiizimii Aanaa Ada'aa* : Ada'a,Bishooftuu.(kan hinmaxxanfamin).

Biiroo Barnoota Oromiyaa(1998*).Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa:*Brehanena Selam Printing Enterprise.

Biiroo Dhimmoota Kominikeeshiinii Mootummaa Naannoo Oromiyaa (2006).*Lakk 27 Kallacha Oromiyaa:* Finfinne, Oromiyaa.

Dirribii Damusee(2012).*Ilaalcha Oromoo:Barroo Aadaa, Seenaa fi Amantaa Oromoo.* Finfine printing and publishing S.c.

Fekade Azeze (1991). *Introduction to Oral Litreture (4th .ed).* Addis Ababa: Artistic Printing Entrprise.

Fiixee Birrii (2013). *Seenaa Fi Aadaa Oromoo*: Mana Maxxansaa EEECMY Misirach Dimto: Finfinnee.

Goldstein, S. Kenneth (1974). *A Guide for Field worker,* Pinnsylvania: Gale Research Copany

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018). *Waaqeffannaa: Dhugeeffata Uummata Kuush Ganamaa*,Noorway.

Gumii Waaqeffannaa Oromoo (6411 ALO*).Yaayyaa: Amantiifi Eenyummaa*, Noorway.

Hundasaa Waaqwayyaa(2013*).A B C Buu'ura Barumsa Afaan Oromoo*:Subi Printing Press.

Ibrahim Amae (2005) .*The Roles Of Traditional Institutions*: *Among The Borena Oromo Southern Ethiopia*, Dhaabbata Maxxansaa Artistic 1.P, Finfinnee.

Jurnbull Toanna (1993). *New Encyclopedia Britanica* Vol.4 USA*:* Univarsity Chicago.

Kumar, Ranjit (1999). *Research Methodology*, London: Thousand Oaks Calf.

Leellisaa Gadaa (6413(LW).*Kudhaama Seenaa* : Elleni P.P.P.LC, Oromiyaa, Finfinnee.

Maammoo Gadaa (2013). *Duudhaa* : Mana maxxansaa, Hy International, Finfinnee.

Mulugeta Negasa (Ph D) (2014).*Documantation and Analysis of Ritual Performance of Sera Gada Among Karayu Oromo*: Waraqaa Qorannoo Digirii 3ffaa (Ph D) Yuunivarsiitii Finfinnee.(Kan hinmaxxanfamin).

Pearsal Judy (1995.*Cambridge International Dictionary of English*: Brithen Oxford University Press.

Tarruu Ungurree (2015/6409).*Waaqeffannaa;Amantii DuudhaaGanamaa*: Dhaabbata Maxxansaa, Finfinnee,Oromiyaa.

Toora Interneetii Google www.waaqeffannaa.org/english/waaqa.god

Waaqumaa Waamii (2002).*Sirna Maqbaasaa Ilma Hangafaa Oromoo Booranaa: Gubbisa* Waraqaa Qorannoo Digirii Duraa Yuunivarsiitii Adaamaa. (kan hinmaxxanfamin).

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006A.L.O).*Daaniyaa*, Dhaabbata Maxxansa,Finfinnee: Oromiyaa.

Warquu Dachaasaa (2001).*Wiirtuu Jildii 9ffaa: Barruulee Qormaata Waalta'iina Afaan Oromoo*, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatiin:Finfinnee.

**Dabalee A: Gabatee maqaa maanguddoolii qorattuuf odeeffannoo kennaa turan ibsu**

| T.L. | Maqaa | Saala | Umurii | Teessoo | Ga'ee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obbo Gulummaa Magiraa | Dhi | 75 | Ganda Dhankaaka | Jaarsa galmaa |
| 2 | Obbo Dagaagaa Margaa | Dhi | 89 | Ganda Dhankaaka | Jaarsa galmaa |
| 3 | AaddeGaaddisee Roorrisaa | Dub | 85 | Ganda Dhankaaka | Jaartii galmaa |
| 4 | Aadde Birrii Booranaa | Dub | 78 | GandaGololee | Jaartii galmaa |
| 5 | Aadde Xaayituu Allabbaa | Dub | 76 | Ganda Dhankaaka | Jaartii galmaa |
| 6 | Obbo Olii Guutaa | Dhi | 55 | Ganda Dhankaaka | Og.WAT |
| 7 | Obbo Abeebee Cuqqaalaa | Dhi | 69 | Ganda Gololee | Jaarsa galmaa |
| 8 | Obbo Xiiqii Dachaasaa | Dhi | 88 | Ganda Gololee | Og.WAT |
| 9 | Aadde Aarrii Daadhii | Dub | 74 | Ganda Dhankaaka | Jaartii galmaa |
| 10 | Obbo Dhugoo Birraa | Dhi | 83 | Ganda Dhankaaka | Jaarsa naannoo |
| 11 | Obbo Asheetaa Gurmuu | Dhi | 78 | Ganda Dhankaaka | Jaarsa naannoo |
| 12 | Aadde Shaashituu Taliilaa | Dub | 81 | Ganda Gololee | Jaartii naannoo |
| 13 | Aadde Dambituu Tolasaa | Dub | 77 | Ganda Gololee | Jaartii galmaa |
| 14 | Obbo Kumaa Magarsaa | Dhi | 80 | Ganda Gololee | Jaarsa naannoo |
| 15 | Obbo Iddosaa Tulluu | Dhi | 92 | Ganda Gololee | Jaarsa naannoo |
| 16 | Obbo Mardaasaa Baldaa | Dhi | 75 | Ganda Gololee | Jaarsa galmaa |
| 17 | Obbo Fiqiruu Baayyisaa | Dhi | 80 | M.Bishooftuu | Jaarsa naannoo |
| 18 | ObboBalaachoo Urgaa'aa | Dhi | 76 | M.Bishooftuu | Jaarsa naannoo |
| 19 | Obbo Seefaa Tasammaa | Dhi | 55 | M.Bishooftuu | Jaarsa naannoo |
| 20 | Obbo Gadaa Toleeraa | Dhi | 92 | M.Bishooftuu | Jaarsa naannoo |
| 21 | Obbo Abdii Sanyii | Dhi | 88 | M.Bishooftuu | Jaarsa naannoo |
| 22 | Obbo Beekaa Dabalaa | Dhi | 58 | M.Bishooftuu | Jaarsa naannoo |

**Dabalee B: Gaaffilee Afgaaffii dhunfaan Namoota Adda Addaaf Dhiyaatan**

Yuunivarsiitii Finfinneetti Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Hog-barrruufi Fookiloorii

**Kabajamtaa/ tuu odeeffannoo kenna/kennituu:**

Kaayyoon Afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Digirii Lammaffaa guuttachuuf mata duree ‘Qaaccessa Sirna Maqaa Baasuu Qaalluu Gudina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aa keessatti Giiftii Dinqituun raawwatamu’ jedhu ilaalchisee ragaa funaanuudha. Haaluma kanaan, hirmaannaa gaaffiilee armaan gadii kanneeniif deebii kennuurratti isin qabdan kaayyoo yka mul’ata qorannoo kanaa dhugoomsuuf murteessaadha.Akkasumas,ragaa qabatamaa hawaasa keessatti sirna hammuutiin walqabatee duraan raawwatamaa turaniifi yeroo ammaa raawwatamaa jiran hubannoofi muuxannoo keessaniin walqabsiisuun iftoominaan akkka naaf ibsitan gaafachaa tumsa naaf gootaniif guddaan isin galateeffadha.

**Gaaffiilee:**

1. Qaalluu jechuun maali? Yoomifi eessatti eegale?
2. Qaalluun Aanaa kana jiraa?Meeqatu jira? Maqaan isaanii eenyu faa’i?
3. Qaalluukana yoomii kaastanii beektu?
4. Qaalluun hawaasaaf faayidaani kennaa? Yoo kenne faayidaan isaa maal fa’a?
5. Qaalluun Giiftii Dinqituu maali? Eessatti argama?Yoomii kaastanii beektu?
6. Namoonni qaalluun kana dalagaa turaniifi har’as dalagaa jiran eenyu fa’a?
7. Qaalluun Giiftii Dinqituu faayidaa akkamii hawaasaaf kenna?
8. Maqaan daa’ima keessanii eenyu faa’i? Eenyutuu baaseef?
9. Maqaa baasuun maali? Eeenyutuu baasa? Eenyuuf baha?
10. Maqaa baasuun sirna qabaa?Yoo qabaate akkamitti gaggeeffama?Mee walduraa duubaan natti himi?
11. Sirna maqaa baasuuf wantoonni barabaachisaa ta’an maal faa’i? Eenyutuu qopheessee dhiyeessa?

12. Qaalluun Giiftii Dinqituu daa’immaniif maqaa akkamii baasa?Maal irratti hundaa’ee baasaf?
13. Haala qaalluu Giiftii Dinqituu kan duriifi ammaa walbira qabuun mee natti himi? Garaagarummaan jiraa?Yoo jiraate kan dur moo kan ammaatu caaala?Maaliif sitti fakkaata?
14. Wantoonni qaalluu kanarraan dhiibbaa geessisan maal faa’i?
15. Naannoo keessan amantii kamtu jira? Yoomii kaastanii beektu?Mee haala duriifi ammaa walbira qabuun ibsi?
16. Garagarummaan qaalluuniifi amantiin biraa daa’ima Oromoof maqaa baasuu irratti qaban maali?

## Dabalee C: Gaaffilee Afgaaffii Marii Garee Maanguddootaaf Dhiyaatan

Yuunivarsiitii Finfinneetti Koollejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Hog-barrruufi Fookiloorii

**Kabajamtoota odeeffannoo kennitoota:**

Kaayyoon Afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Digirii Lammaffaa guuttachuuf mata duree ‘Qaaccessa sirna maqaa baasuu Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada’aa keessatti qaalluu Giiftii Dinqituutiin raawwatamu’ jedhu ilaalchisee ragaa funaanuudha. Haaluma kanaan, hirmaannaa gaaffiilee kanneeniif deebii kennuurratti isin qabdan kaayyoo qorannoo kanaa dhugoomsuuf murteessaadha.Akkasumas,ragaa qabatamaa hawaasa keessatti sirna hammuutiin walqabatee duraan raawwatamaa turaniifi yeroo ammaa raawwatamaa jiran hubannoofi muuxannoo keessaniin walqabsiisuun iftoominaan akkka naaf ibsitan isin gaafachaa tumsa naaf gootaniif guddaan isin galateeffadha.

**Gaaffiilee :**

1. Qaalluu jechuun maali? Yoomifi eessatti eegale?
2. Qaalluun Aanaa kana jiraa?Meeqatu jira?Maqaan isaanii eenyu faa’i?
3. Qaalluukana yoomii kaastanii beektu?
4. Qaalluun hawaasaaf faayidaani kennaa? Yoo kenne faayidaan isaa maal fa’a?
5. Qaalluun Giiftii Dinqituu maali? Eessatti argama?Yoomii kaastanii beektu?
6. Namoonni qaalluun kana dalagaa turaniifi har’as dalagaa jiran eenyu fa’a?
7. Qaalluun Giiftii Dinqituu faayidaa akkamii hawaasaaf kenna?
8. Maqaan daa’ima keessanii eenyu faa’i? Eenyutuu baaseef?
9. Maqaa baasuun maali? Eeenyutuu baasa? Eenyuuf baha?
10. Maqaa baasuun sirna qabaa?Yoo qabaate akkamitti gaggeeffama?Mee walduraa duubaan natti himi?
11. Sirna maqaa baasuuf wantoonni barabaachisaa ta’an maal faa’i? Eenyutuu qopheessee dhiyeessa?

12. Qaalluun Giiftii Dinqituu daa’immaniif maqaa akkamii baasa?Maal irratti hundaa’ee baasaf?
13. Haala qaalluu Giiftii Dinqituu kan duriifi ammaa walbira qabuun mee natti himi? Garaagarummaan jiraa?Yoo jiraate kan dur moo kan ammaatu caaala?Maaliif sitti fakkaata?
14. Wantoonni qaalluu kanarraan dhiibbaa geessisan maal faa’i?
15. Naannoo keessan amantii kamtu jira? Yoomii kaastanii beektu?Mee haala duriifi ammaa walbira qabuun ibsi?
16. Garagarummaan qaalluuniifi amantiin biraa daa’ima Oromoof maqaa baasuu irratti qaban maali?

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuu maqaafi mallattoon koo armaan gaditti barreeffame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura Yuunvarsiitii biraa keessatti qorannoo eebbatiif kan hindhihaatin ta'uu isaa akkaumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________Mallattoo __________ Guyyaa __________

Ani Dr ________________________________barattuun kun qorannoon ishii of ittisuuf dhihaachuu kan danda'u ta'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa_________________________ Mallattoo ________Guyyaa ___________.